

GANDA BEEYLADOOTAA

**BEEYLADOONNI
HUNDINUU
WALQIXA!**

**GARUU, BEEYLADOONNI
TOKKO TOKKO
BEEYLADOOTA BIROO CAALAA
WALQIXA!**



Barreessaan: Joorji Oorweel

Afaan Oromootti kan hiike: Amantii Damissee Bonjaa

"NAAPPOOLIYOON MAQAAN ISAA 'NAAPPOOLIYOON'
QOFA JEDHAMUUNIS HAFEERA. AMMA, 'BULCHAA KEENYA, JAAL
NAAPPOOLIYOON' JEDHANII WAA'EE ISAA
DUBBACHUUN AADEFFAMAA KAN DHUFE YOO TA'U, BOOYYEEWWAN
HAFANIS YEROODHUMA YEROODHAAN MAQAA ADDA ADDAA
KAN AKKA ABBAA BEEYLADOOTAA, SHORORKEESSAA ILMAAN NAMAA, GAACHANA
HOOLOTAA, FIRA DAAKKIYYOOTAA, FI KAN KANA FAKKAATAN
CALUMA JEDHANII ITTI BAASAA OOLU."



GANDA BEEYLADOOTAA

Barreessaan: Joorji Oorweel

Afaan Oromootti kan hiike: Amantii Damissee Bonjaa

Kitaabni kuni kitaaba ‘Animal Farm’ © 1945 irraa, heeyyama
‘Orwell Foundation’ irraa argameen gara Afaan Oromootti kan
hiikameedha.

Hiikaan Afaan Oromoo © 2022 Amantii Damissee Bonjaa
Mirgi barreessaa seeraan kan eegameedha.

Dizaayinarri golgaa: Amantii Damissee Bonjaa
Fakkii golga duubaatirra jiru: “Naappooliyoon” © Biil Meeyar
(thebillmayer.com) 2022

 gandabeeyladoo@ gmail.com

SEENSAAF

Nama dubbiseef, kitaabni **Ganda Beeyladoo**taa (*Animal Farm*) kuni seenaadhuma dararaa hawaasa keenyarra gahee fi gahaa jiruu fakkaatullee, kan barreeffame waggaa torbaatamaa oliin duratti, seenaa Warraaqsa Raashiyaa fi haala warraaqsiichi itti butame irratti hundaa’ee. “Gowwaan balleesseet barata; gamni balleessaa gowwaatirraa barata” akkuma jedhamu, muuxannoo ofiitirras darbanii kan biyyoota fi hawaasa garagaraa gooddachuun balaa guddarraa nama baraaru danda’a.

Dhaloota dubbisu horachuun hawaasa dammaqaa, isa kan darberraa baratee fuuladura isaa ammoo akka toluufitti bocatu horachuudhaaf baayyee murteessaadha. Anis, hawwiin kiyya, kitaabni tattaphachiisaa waa hedduu nama barsiisuu fi kitaabota namni kamiyyuu jiruu isaa keessatti yeroo tokko dubbisuu qabu muraasa keessaa tokko akka ta’etti dhaadeffamu kuni, uummata keenyaafis afaan isaaf toluun dhiyaatee arguudha.

Yaadannoon kitaaba kanaas, uummata keenya – uummata Oromoo – kan bara dhufaa darbaa haqa dabe qajeelchuuf, abbaa biyyummaa isaa mirkaneessuuf, kabaja namummaa ofitti horuuf, fi akkasumas aadaa, afaanii fi amantii isaa tikfachuu fi dagaagsuuf jecha impaayera kana hunda cabsitu malee impaayerummaa ofii hin mirkaneessinee fi abbootii irree impaayericha dabaree dabareen dhaalaniin hudhee wal qabuuf naaf haa ta’u. Dubbisa Gaarii!

Amantii Damissee Bonjaa

Baafata

Boqonnaa Tokko	1
Boqonnaa Lama	13
Boqonnaa Sadii	25
Boqonnaa Afur	35
Boqonnaa Shan	43
Boqonnaa Jaha	57
Boqonnaa Torba	69
Boqonnaa Saddeet	85
Boqonnaa Sagal	104
Boqonnaa Kudhan	119

1

Bulchaa *Ganda Maanoor* kan ta'e, Obbo Joonsi, galgala saniif mana handaaqqoo kan cufe ta'ullee, garmalee machaa'ee waan tureef, hula xixiqqoo cufuun ija dura hin dhufne. Ifa faanosii harkatti qabatee turerraa asiif achi calaqqisaa deemuun gargaaramuudhaan osuma gatantaruun gara manaa qajeele. Balbala gara mana duubaa bira yoo gahu, boottii isaa achi lukarraa of darbatee, gara kushinaa deemuudhaan biiraa ishee dhumaa takka eega fudhatee booda, gara kutaa ciisichaa bakka haati warraa isaa kurruufaa itti jirtutti ol qajeele.

Akkuma ibsaan kutaa ciisichaa dhaameen, mooraa beeyladoo qe'ee san keessa jiran hundattuu shokoksuu fi batattisuun eegale. Booyyeen abshaalli bifaan adii fi umriin dulloomaa ta'e, kan maqaan isaa Meejarii jedhamuun beekamu tokko, kaleessumtii isaa abjuu bitaa ta'e wayii arguu fi kanas beeyladoo hunda waliin mari'achuu akka barbaadu guyyaa sana dubbatamaa oole. Walgayiin kunis, akkuma Obbo Joonsi rafeen, mooraa beeyladoo guddicha keessatti akka gaggeeffamu walii galamee ture. Jaarsichi Meejariin (irra caalaa maqaa kanaan kan beekamu ta'ullee, maqaan ifatti baheef *Bareeda Wiiliingidan* kan jedhu ture) hedduu kabajamuu isaatirraa kan ka'e, beeyladoonni hundinuu waanuma inni dubbatu dhagahuuf jecha hirriiba sa'aatii tokkoo dhabuudhaaf baayyee qophii turan.

Mooraa sana keessa, gara cinaa tokkotti, lafa akka iddoo waltajjiif ta'utti olkaafamee tole gubbaa, teessoo citaarraa tolfame tokkotu jira. Meejariin achi gubbaa taa'ee isaan eegaa ture. Umriin isaa 12 kan ta'e, Meejariin, furdinni qaama isaa fi qarriifaa isaa eega

qarameefii ture sun, haga maqaa isaa ‘Bareeda Wiiliingidan’ jedhamuu san geessisuu baatanillee, garmalee simboo-qabeessummaa fi hayyummaan booyyee kanaa shakkii keessa kan galuu miti. Osoo hagamuu hin turin, beeyladoonni biroos gara mooraa ol seenuudhaan, akkuma filannoo teessuma isaaniitiin iddoo qabachuu eegalan. Dursee kan gahe saroota sadan Biluubeel, Jeesii fi Piinchar jedhamaniidha. Itti aansuudhaan, booyyeewwan hafan seenuudhaan citaa waltajjii fuulduratti tuulamee jiru gubbaa dhaqanii tataa’an. Achirraan, handaaqqonni seenuudhaan foddaa gubbaarra quphanan; simbirroonni dagalee gubbaa qubatan; hoolonni fi loowwan ammoo booyyeewwan duuba ciciisuudhaan alala guuruu isaanii itti fufan. Itti aansuunis, faradon lamaan gaarii harkisan, kan Booksar fi Kiloovar jedhaman, suuta jechaa ol seenuudhaan citaa gubbaa, akka beeylada xixiqqoo achi keessa lixanii turan irra hin dhaabanne of eeggachaa, gadi ciisan. Kiloovar jechuun farda qaamaan gabbattuu taatee fi umrii walakkeeffatte yoo taatu, eega ilmoo afur dhaltee as qaama bakka duriitti deebifachuu hin dandeenye turte. Booksar ammoo farda baayyee guddaa, kan dheerina haga meetira 1.80 qabu yoo ta’u, jabinni isaatis haga faradoo lamaatii gadi hin ta’u. Sararri adiin funyaan isaatirra gadi bu’u tokko fuula isaa bifa gowwaa wayii kennuufillee (dhugumaanis garuu warra abshaala jedhaman keessas hin turre), amala isaa ejjannoo qabaterraa maquu dhiisuu fi akka malee hojjechuu isaatiin baayyee kabajama. Faradoota lamaan kanas hordofuudhaan kan ol seene re’ee adii Muuriyeel jedhamtuu fi harree Beenjaamiin jedhamuudha. Beenjaamiin, mooraa san keessatti umriidhaan hangafticha yoo ta’u, amala dafee aaruutiinis ni beekama. Beenjaamiin baayyee hin dubbatu; garuu ammoo gaafa muraasa dubbatu sanis waanuma nyakkisaa ta’e

dudubbachuuf qofa ture. Fakkeenyaaf, waan inni himatu keessaa tokko, “waaqni eegee kan naaf kenne, tisiisa ofirraa akkan ittiin dhoowwuufi. Dhiyeenyatti ammoo, eegeen kiyyas, tisiisni ni badu” jedha. Beeyladoo jiran san hunda keessaa kan gonkumaa hin kolfine isa qofa; “maaliif hin kolfine?” jedhamee yeroo gaafatamus, “waan nama kolfisiisu tokkollee hin agarre” jedha. Beenjaamiin waan kana amanee himachuu baatullee, Booksar baayyee jaalata, baayyee leellifatasi. Lamaan isaaniis, Dilbata yeroo hundumaa, kaloo lafa qonni irratti gaggeeffamuun gamatti jiru tokko keessa, jechi tokko afaanii osoo isaan hin bahin wajjin dheedaa oolanii galu.

Akkuma faradoonni lamaan gadi ciisaniin, ilmaan daakkiyyee, kan haati jalaa badde, sagalee humna hin qabneen cuwwisaa, oliif gadi mimil’achaa fi iddoo teessumaa kan beeyladoonni biroo tasa itti irra ejjachuun hin dandeenye barbaaddachuun eegalan. Akkuma Kiloovar bakka ciistetti luka ishee dhedheeraa isa fuuladuraa san walitti deebisuudhaan iddoo teechumaa fi eegumsaa geengoo tokko qopheessiteeffiin booda, ilmaan daakkiyyee sunis achi keessa mimmijeeffachuudhaan gara hirriibaatti lixan. Sa’aatii gara dhumaarrattis, gaangeen adiin Moolii jedhamtu, kan bareedinaa fi gowwummaa isheetiin akkasumas Obbo Joonsiif gaarii harkisuudhaan beekamtu, bifa fokkisaa ta’een sukkaaraa fi waan afaanii qabdu alanchaa gara iddoo walgahii ol seente. Fuuladura gara waltajjiitti dhiyaachuun iddoo eega qabatee booda, gunfura diimaa ittiin faayamtee jirtu san agarsiifachuudhaaf jecha gamada ishee adii san olii gadi daddarbachuun eegalte. Beeyladoo hundarraa barfatee kan achi gahe ammoo adurree argaadhaan furdoo fi qaamni ishee geengoo fakkaattu takka. Adurreen tunis akkuma achi geesseen, iddoo ho’aa ta’e barbaaddachuudhaan Booksarii fi Kiloovar gidduu

eega of suuqxee booda, dubbii Meejariin dubbate takkallee osoo gurra itti hin laatin korrisaatuma dabarsite.

Sa'aatii kanatti beeyladoonni hunduu wal gahanii turan, Moosasiin alatti. Moosas jechuun arraagessa madaqfame yoo ta'u, battala sanatti mana simbirroodhaa isa gara mana duubaa jiru keessa rafaa ture. Akkuma beeyladoonni hundinuu teessuma isaanii mijatu qabachuu isaanii fi haasaa isaa dhagahuuf baayyee qophiidhaan isa eegaa akka jiran hubateen booda, Meejariin kokkee isaa qulqulleeffachuun haasawa eegale:

“Jaallan, waa’ee abjuu kiyya isa bitaa ta’e, kanan kaleessa galgala abjoodhee sana, isin hundinuu dhageessaniittu. Kan abjuu kiyyaa boodan itti deebi’a, saniin dura waanan jedhun qaba. Jaallan, ani kana booda ji’oota hagas mara isin waliin dabarsuu waanin danda’u natti hin fakkaatu; du’uu kiyyaan durattis, beekumsan haga har’aatti horadhe isinitti dabarsuun dirqama kiyya jedheen amana. Ani umrii dheeraa jiraadheera; bakkan kophaa kiyya kutaa ciisichaa kiyya keessatti dabarsuttis, yeroon yaada koo itti bilcheessu hedduu argadheera. Waa’ee jiruu lafa tanaatis qixa beeylada kamiituu hubadheera jedheen amana. Amma kanin dursee isinitti dubbachuu barbaadus waa’ee kanaati.

“Egaa, Jaallan, hiikaadhumti jiruu keenyaa kuni maali? Dhugaa walitti himna yoo ta’e, jiruun keenya gadadoo fi dadhabbiidhaan kan guutameedha; gabaabaadhasi. Gaafa dhalannurraa kaasee nyaatuma hafuura nu keessatti hambistu wayii nutti laatamaa, warri hojjachuu dandeenyu ammoo haga humni keenya isheen dhumaa nu keessaa duguugamtutti akka hojjannu taasifamna. Gaafa humni keenya suni laafee tajaajila kennuu dadhabnu ammoo gara-hammeenya baayyee jibbisiisaa ta’een qalamna.

Biyya Ingilaandi tana keessatti, beeyladni waggaa tokko eega guutee booda waan gammachuu fi bashannana jedhaman argee beeku hin jiru. Ingilaandi keessa beeyladni bilisa ta'e hin jiru. Jiruun beeyladoo gaadadoo fi gabrummaadha – dhugaan jiru kana.

“Kuni garuu dhuguma seera uumaatii? Lafuma nu irra jiraannu tanatu baayyee hiyyeettiidhaayi, yoo xiqqaate jiruudhuma waan bu'uuraa qofti itti nuuf guutame dhiyeessuu dadhabdee? Miti, jaallan, gonkumaa akkasii miti. Biyyeen Ingilaandi gabbattuudha, qilleensi ishees bareeda; beeyladoo fi waan lafa kanarra jiraatu hundaafuu kan ta'u, nyaata gahaadhaa ol ta'e qabdi. Qonni ganda keenyaa kuni qofti faradoo digdamii afurii ol, loowwan digdamaa fi hoolota dhibbaan lakkaawwaman qananii fi kabaja amma nuti sammuu keenya keessatti yaadneeyyuu arguu hin dandeenyeen jiraachisuu kan danda'uudha. Eegasuu maaliif jiruu gaadadoo kana jiraachuu itti fufna ree? Waan nuti dafqa keenyaan oomishne hunduu ilma namaatiin nu jalaa fudhatama. Jaallan, deebiin maalummaa rakkoo keenyaatis achi keessa jira. Hundeen gaadadoo keenyaatis jechoota lamaan ibsamuu danda'a, innis *ilma namaati*. Diinni nuti qabnu tokkichi fi inni dhugaa ilma namaati. Ilma namaa yoo ofirraa fonqolchine, hoongee fi roorroon nurra gahu hundee isaaniitirraa nurraa badu.

“Uumaa lafarra jiru keessaa kan waa osoo hin oomishin waa hundaa nyaatu ilma namaa qofa. Aannan hin baasu, hanqaaqu hin buusu, humna gindaa harkisu hin qabu, ari'ee hilleentii takka qabachuu hin danda'u. Garuu gooftaa beeyladoo hundumaati. Hundaa hojiitti galfata; akkuma beelaan hin dhumneef waanuma xiqqoo lubbuu keessatti tursiistu itti laata; waan hafe hundumaa ammoo ofiif fudhata. Dafqa keenyadha kan biyyee

gaggaragalchee lafa qotu; dikee keenya kan lafa sanis gabbisu. Garuu kuni hundi ta'ee osoo jiruu, nu keessa kan gogaa qaama isaatirra jiruun alatti qabeenya biraa qabu tokkolleen hin jiru. Amma loowwan as na fuuladura teteessan kuni, bara darbe qofa aannan liitira meeqa kennitan? Aannan silaa jabbiloota xixiqqoo isin dhaltaniif ta'uu qabu suni amma eessa jira? Waa tokko osoo hin hafin hundi isaatuu garaa diina keenyaa keessa gadi bu'eera. Isinis handaaqqonni, bara darbe kana qofa hanqaaquu meeqa buustan? San keessaa hoo meeqatu caacutii isiniif ta'e? Hanqaaquun argaa keessan jalaa dhabamsiifaman suni martuu gurguramanii Obbo Jooni fi namoota isa jala jiraniif galii argamsiisaniiru. Atis, Kiloovar, ilmooleen fardaa ati dhalte, kan silaa dulluma kee kanatti si kunuunsanii fi si deeggaran suni eessa jiru? Hundi isaaniiyyuu gaafa umriin isaanii waggaa tokko gahu gurguramaniiru – yoomiiyyuu tokkoon isaanii illee ijaan hin agartu. Ilmoolee afran dhalte sanii fi qonna kanarratti tajaajila kennite hundaaf galata kam argattee beekta – nyaata hafuura si keessatti hambisuuf ciramee sii laatamuu fi kutaa sitti cufamee bultu saniin alatti?

“Jiruudhumti gadadoo tuniiyyuu ammoo haga qaamni keenya dandamachuu danda'utti akka jiraannu nuuf hin eeyyamamu. Ani ofii kiyyaaf gara saniin waanan boowuuf hin qabu – warroota carra-qabeessa ta'anii umrii kana gahan keessaa tokko waanan ta'eef. Ani umriin kiyya 12; ijoollee 400 olis horadheera. Kuni jiruu uumaa booyyee tokkooti. Ta'us dhumarratti beeyladni albee hamtuu san jalaa bahu hin jiru. Isin booyyeewwan dargaggeeyyii fi ijoollee taatan kan na fuuldura jirtan hundi keessanuu, waggaa dhufu kana keessatti guyyaan itti lubbuu keessaniif iyyitanii gaggabdan ni dhufa. Guyyaan hammeenya daangaa hin qabnee kuni hunda keenyaa ni dhaqqaba – loowwan, booyyee, hoolota,

handaaqqoowwan fi hunduma keenyayyuu jechuudha. Carraan faradoo fi saroota muudatullee waan kanarra wayyoo qabuu miti. Atis, Booksariin, gaafa irreen kee kuni laafee humna isaa san dhabe, Obbo Joonsi osoo oolee hin bulin namoota si qalanii foon kee saroota isaaniif affeelanitti si gurgurata. Sarootas taanaan, gaafa dulloomanii ilkaan isaanii irraa dhumu, dhagaa morma isaaniitti hidhee haroo dhiyootti argatutti isaan dhidhimsa.

“Egaa, Jaallan, deegni fi badiin jiruu keenyaa martinuu hundeen isaa abbaa irrummaa ilma namaa ta’uu kana caalaa akkamitti ifa ta’ee muldhachuu danda’a ree? Nama qofa ofirraa osoo balleessineetii, bu’aan dafqa keenyaa hundinuu keenyuma ta’a. Bilisummaa fi qananiin kan nuuf dhufu galgaluma ilma namaa ofirraa fonqolchine sanitti jechuun ni danda’ama. Kanaafuu, maal gochuudha qabna ree? Maaliif haftee ilma namaa nutti darbantuuf jennee halkaniif guyyaa hojjachaa, qaamaa fi lubbuu keenya itti gabbarra? Dhaamsi kiyya kana, jaallan: *Fincila!* Fincilli kuni yoom akka dhoo’u hin beeku; torban tokko booda yookiin waggaa dhibba booda ta’uu mala; garuu, wantin akka citaa miila koo jalatti arguu kanatti sirritti natti mul’atu yoo jiraate, borus ta’ii gaaf tokko dhugaan keenya inuma moo’ata. Jaallan, haga bara jiruu isin hafteetti, qalbii keessan waan kanarraa hin buqqisinaa. Hundaa olitti ammoo, dhaamsa kiyya kana warra isin booda dhufaniif dabarsaa – akka dhaloonni dhufus qabsoo itti fufsiisee bilisummaan dhufutti.

“Jaallan, kana hubadhaa: ejjannoon isin asirratti qabdan yoomiyyuu laafuu hin qabu. Wal falmiin kamiyyuu kaayyoo fi galma keessan irraa akka isin hin maqsine. *‘Ilmaan namaa fi beeyladoonni fedhii fi kaayyoon isaanii tokkuma; badhaadhinni tokkoo badhaadhina isa kaaniiti’* yoo siin jedhan gonkumaa gurra

itti hin laatin. Hundi isaatuu soba guddaadha. Ilmi namaa ofii isaan alatti fedhii qaama biraa kamiifiyyuu dhiphatee hin beeku. Nuyii beeyladooata gidduutti ammoo tokkummaan akka sibiilaa jabaatee fi qabsoo keenya keessattis jaallummaan jabaan uumamuu qaba. *Ilmaan namaa hundinuu diina keenya. Beeyladoonni hundinuu ammoo jaallan keenya.*”

Battala kanatti waca guddaatu mooraa keessaa eegale. Yeroo Meejariin dubbataa turetti, hantuutonni qaamaan guddoo ta’an afur, boolla isaanii keessaa yaa’uudhaan luka ofiitirra quphananii dhaggeeffachaa turan. Bakka quphananii turanitti tasa ija sarootaa keessaa kan bu’an, hantuutonni, saffisuma isaanii saniin utaaluudhaan gara boollaa seenanii lubbuu ofii baraaran malee nyaatamanii oolan. Meejariinis yeroo kanatti ture luka isaatiin lafa rukutuudhaan tasgabbiin akka uumamu kan taasise.

“Jaallan,” jedhe Meejariin, “dhimmi irratti walii galuu qabnu tokko jira. Bineensonni bosonaa, kan akka hilleentii fi hantuutaa, hiriyoota moo diinota keenya? Sagalee caalmaadhaan haa murteessinu. Filannoo kana waltajjiidhaafin bana: Hantuutonni jaallan keenya moo miti?”

Sagaleen filannoo bakka tokko eega lakkaawwamee booda, harka baayyee caalmaa ta’een, *‘hantuutonni jaallan keenya!’* kan jedhurratti waliif galame. Sagaleen falmii afur qofa kan ture yoo ta’u, isaanis saroota sadanii fi adurree takkittii sana. Adurreen sunis sagalee gara lamaanifuu kennuun kan barama boodarra ture. Meejariin itti fufe:

“Waa xiqqoo dabaluu barbaadun qaba. Ani haasaa irra deddeebi’uunillee amala kiyya miti; garuu, daba ilma namaa fi

diinummaa isaa yoomiyyuu hin dagatinaa. Waa dhaabbatee luka lamaan deemu hunduu diina keenya. Waa luka afur qabu yookiin koola qabu martinuu hiriyoota keenya. Gaafa ilma namaa kuffifattellee ofii keetiif deebitee waan isarratti jibbite san hin ta'in. Beeyladni tokkollee yoomiyyuu mana keessa akka hin jiraanne; siree gubbaa akka hin rafne; uffata akka hin uffanne; alkoolii akka hin dhugne; tamboo akka hin xuuxne; qarshii akka hin tuqne; daldala keessas akka hin seenne. Aadaan ilma namaa martinuu waan abaaramaadha. Hundaa ol ammoo, beeyladni kamiyyuu beeyladoota birootirratti abbaa irrummaa gonkumaa akka hin yaalle. Laafaas ta'ee jabaa, beekaas ta'ee wallaalaa, hundi keenyayyuu obboleewwani. Beeyladni tokko beeylada biraa yoomillee ta'u akka hin ajjeesne. *Beeyladoonni hundinuu wal qixa.*

“Egaa, jaallan, amma waa'ee abjuu kiyya kan kaleessa halkanii sanin isinitti hima. Abjuu kana isinii ibsuu hin danda'u. Abjuu waa'ee lafa kanaa, kan waan lafti kuni gaafa ilmi namaa bade fakkaattuuti. Garuu, waanan qaata irraanfadhetti tokko na yaadachiise. Waggaa baayyee dura, yeroon booyyee xiqqoo turetti, haati tiyyaa fi haawwan booyyee biroo, faaruu yeedaloo isaa fi jechoota jalqabaa sadan qofa beekan tokko faarfatu turan. Yeroon xiqqaa turetti faaruu kana beekullee, eegan waa'ee isaa dagadhee baayyee tureera. Garuu, kaleessa galgala abjuu keessa natti dhagahame. Kan isin ajaa'ibu ammoo, jechoonni faaruu saniitillee naaf dhufani – jechoota akaakayyuu fi abaabayyoota keenya bara duriitiin weeddifamaa turanii fi dhalootaa gara dhalootaatti dagatamaa dhufaniidha. Egaa, Jaallan, amma isan isinii faarfadha. Umriin kiyyas deemeera, sagaleen koos ni korrisa; garuu, yeruma tokkon yeedaloo isaa isin

qayyabachiisaatii, saniin booda isinuu ana caalaa bareechitanii jettu. Faaruun kunis *Beeyladooata Ingilaandi* jedhama.

Meejariinis kokkee isaa qulqulleeffachuudhaan faarfachuu eegale. Akkuma himate san, sagaleen isaa korrisaadha. Sirritti sagalee miira beeyladooata dhaggeeffachaa turan sanii kakaasuun faarfate. Jechoonni isaas akkas turan:

Beeyladooata Ingilaandi, Beeyladooata Ayerlaandi

Beeyladooata gammoojjii fi baddaa

Labsii gammachuu koo mee na dhaggeeffadhaa

Waa'ee borii keenyaa, kan walabummaadhaa

Dhiyoos ta'ee fagoo guyyaan sun ni dhufa

Roorroon ilma namaas abshir 'numa kufa

Lafti Ingilaandis, dacheen magariituu

Beeyladooatan ala kan biraa hin baattuu

Hidhaan funyaan koo fi ba'aan dugda kan kee

Waanjoo fi gindaanis achi nurraa cabee

Ofirraayis kaasna alangee fi qaccee

Badhaadhinni guddaan, kan yaadufuu dhibuu

Qamadiif boqqoolloo, cidiidhaa fi garbuu

Baaqelaaf atarri, tokkollee hin hafu
Keenya ta'a hundi, yoo guyyaan sun dhufu
Dirree Ingilinaandiif, biiftuunis ni baatii
Argachuudhaaf jirra taliila bishaanii
Fi qilleensa qabbanaa kan gaafa bilisummaa sanii
Hunduu ifaajuu qabna, guyyaa sana gahuuf
Aarsaafis qophoofna, osoon argin darbuuf
Saawwan fi faradoo, handaaqqoof makoodii,
Hundi dafquu qaba, bilisummaa arguuf
Beeyladooata Ingilaandi, Beeyladooata Ayerlaandi
Beeyladooata gammoojjii fi baddaa
Labsii gammachuu koo mee na dhaggeeffadhaa
Waa'ee borii keenyaa, kan walabummaadhaa

Yeroo faaruun kuni faarfamutti beeyladoonni hunduu gammachuudhaan machaawuu eegalan. Yeroodhuma Meejariin faaruu sana gara dhumaatirra gahuuf jedhutti, beeyladoonni hunduu ofiifuu jalaa qabanii faarfachuu eegalan. Isaan keessaa warri wallaalaa jedhamanillee jechoota muraasa kan qayyabatan yoo ta'u, warri qaroo jedhaman kan akka booyyee fi saree ammoo daqiiquma muraasa keessatti guutuu isaa sammuuutti qabatan. Shaakallii yeroo muraasaatiin boodas, mooraan guutuun sagalee

tokkoon faaruu ‘Beeyladoo Ingilaandi’ jedhamu kanaan lafa gaggaragalchuu eegalan. Saawwan fi hoolonni ni mar’atan, saroanni ni dutan, faradoonni ni himimsan, daakkiyyoonni ni kaakkisan. Faaruu kana baayyee jaalachuu isaaniitirraa kan ka’e yeroo shan irra deddeebi’anii faarfatan. Silaa halkan san guutuu waan addaan kutaniyyuu hin fakkaatan ture, waan isaan dhaabsisetu uumame malee.

Akka tasaa ta’ee, waca uumameen hirriiba keessaa kan dammaqe, Obbo Joonsi, jeedalatu mooraa kiyya seenee ta’a jedhee shakkuudhaan siree keessaa utaalee ka’e. Qawwee yeroo hundaa cinaa siree isaa bira teessu takka qabatee bahuudhaan si’a shan gara dukkanaatti achi dhukaase. Baarudni qawwee keessaa dhukaafamee bahes dallaa mooraa walgahiin itti gaggeeffamaa turee sanitti dhaqee waraaname. San boodadha jarjaraan walgahichi kan addaan bittinnaaye. Beeyladni hundinuu gara iddoo hirriibaa isaaniitti baqatan. Simbirroonni manya isaaniitti ol utaaan; beeyladoonni kaawwanis citaa mooraa isaanii keessaarra gadi ciciisan. Battaluma sanatti mooraan suni guutuun gara hirriibaatti qajeele.

2

Galgala sadii booddee, Meejariin, hirriibuma keessa bakka ciisaa turetti du'ee argame. Reeffi isaas lafa qonnaatii gaditti awwaalame.

Kuni kan ta'e ji'a Bitootessaa gara jalqabaatirra. Ji'oota itti aanan sadan keessatti gochaawwan iccitii hedduutu ta'aa ture. Haasaan Meejariin taasise suni beeyladooaa qaroo ta'aniif ija jiruu lafa tanaa ittiin hubatan jijjiireefii jira. Fincilli Meejariin 'gaaf tokko inuma eegala' jedhee raageef suni yoom akka dhugaa ta'u waan beekan hin qabani; jiruu isaanii keessatti ni ta'a jechuufis wanti isaan amansiisu hin turre; garuu, fincilli kuni gaaf tokko dhugaa ta'ee akka milkaawuuf, ammumaan gahee isaanii taphachuu eegaluu akka qabanii fi kana gochuun dirqama isaanii akka ta'es shakkiin isaan keessa hin turre. Dirqamni beeyladooaa kaawwan barsiisuu fi gurmeessuu, beeyladooaa keessaa baayyee qaroo ta'uun kan beekaman, booyyeewwan irratti kufuun isaa hin oolle. Booyyeewwan keessaa ammoo qaroominaan baayyee kan beekaman, booyyeewwan dargaggoo ta'an lamaan, kan Obbo Joonsi gurgurtaadhaaf qopheessaa ture, kan Isnoobool fi Naappooliyoon jedhamaniidha. Gosa booyyee Barkishar jedhamuun beekaman keessaa isa tokkicha kan ta'e, Naappooliyoon, booyyee qaamaan gabbataa, argaatti sodaachisaa fi baayyee kan hin dudubbanne yoo ta'u, waan hunda akka ofii yaade qofatti gochisiisuu fi argachuudhaan baayyee beekama. Isnoobool ammoo booyyee haasawatti jabaa, qaxalee fi Naappooliyoonirra simboo kan qabu ta'ullee, eenyummaa dhokataa akka Naappooliyoon hin qabu. Booyyeewwan kormaa hafan martinuu qalmaataaf kan horsiifamaniidha. Isaan keessaas beekamaa kan ta'e, booyyee xiqqoo qaamaan gabbataa kan

Iskuwiilar jedhamu yoo ta’u, innis booyyee boqoon isaa akka kubbaa, deemsi isaa qaxalee, qallinni sagalee isaa gurra waraanuu fi kan ijji isaatis akka urjii galgalaa calaqqistuudha. Haasawatti baayyee cimaa kan ta’e, Iskuwiilar, dandeettii yoo waan ulfaataa ta’erratti falmu, qaamaan asiif achi jechaa fi eegee mirmirsaa hundumaa amansiisuu danda’u qaba. Beeyladoonni kaawwan yeroo waa’ee Iskuwiilar dubbatan, ‘*aannan gurraacha*’ jedhee si amansiisuu danda’a jedhuun ture.

Jarri sadan kuni – jechuunis Isnoobool, Naappooliyoon fi Iskuwiilar – waan jaarsichi Meejariin du’a dura isaan barsiise sana gadi-fageenyaan qorachuudhaan gara falaasamaatti jijjiirani – maqaa falaasama kanaatis ‘*Falaasama Beeyladummaa*’ jedhaniin. Torbanitti halkan hedduu, eega Obbo Joonsi rafeen booda, bifa iccitii ta’een mooraa guddicha keessatti walgahuudhaan falaasamicha kana beeyladoo hundaafuu ibsuu fi barsiisuu itti fufan. Jalqabarratti beeyladoo tarraa doofummaa fi barachuudhaaf fedhii dhabiinsi isaan mudatee ture. Inumaayyuu beeyladoonni tokko tokko aantummaa Obbo Joonsiif qaban ibsuuf yoo waa’ee isaa dubbatan ‘Gooftaa’ jedhanii kan waaman yoo ta’u, kan biroo ammoo yaada dadhabaa “Obbo Joonsi nu soora; yoo isa ofirraa dhabamsiisne beelaan dhumna,” jedhu fa’a calaqqisu turan. Kaawwan ammoo gaaffiilee akka “maaliif waan gaafa nuti duune ta’uu qabuu sana dhiphachuun nurra jiraata?”, yookiin “eega akkuma Meejariin jedhe fincilli kuni gaaf tokko ka’uun isaa hin oollee, nuti maaliif dadhabna? Fincilichi ofumaaf hin ka’uu?” kan jedhu fa’a gaafatu turan. Booyyeewwan sadan kunis yaadotni dadhabaan calaqqifamaa turan kunniin Falaasama Beeyladummaatiin faallaa akka ta’e hubachiisuuf baayyee rakkatan. Gaaffiin hundarraa baayyee dadhabaa ta’e kan dhiyaate ammoo gaangee adii Moolii jedhamtu saniin ture. Mooliinis

akkas jettee Isnnoobooliif gaaffii dhiyeessite: “Fincila boodas sukkaarri ni jiraataa?”

“Hin jiraatu,” jedhe Isnnoobool bifa gaangee sana sukkaararraa abdii kutachiisuun. “Nuti lafa qonnaa kanarratti waan sukkaara ittiin oomishnu hin qabnu; ta’us garuu, sukkaarri jalqabumaayyuu si hin barbaachisu. Garbuu fi cidiin nyaataaf si barbaachisu garuu gahaadhaa ol keetuma ta’a.”

“Gamada kiyyarratti gunfuraan faayamuun kiyya hoo ittuma fufa moo?” jettee gaaffii ishee itti dabalte ammas Mooliin.

“Jaal,” jedhe Isnnoobool, “gunfurri amma ati aadeffattee ‘godhadhu malee!’ jettu kuni faajjii gabrummaati. Bilisummaan gunfura kanarra akka caalu sitti hin muldhatuu?”

Mooliinis akka jecha Isnnooboolirratti waliif galte ibsite; garuu, sirritti akka hin liqimfamneef irraa beeksisa ture.

Booyyeewwanitti daranuu kan hojii itti ta’e ammoo soba Moosas (arraagessi madaqe suni jechuudha) facaasaa ture hundaaf ibsa laachuudha. Moosas allaattii Obbo Joonsi biratti iddoon addaa kennameefii kunuunfamu yoo ta’u, basaastuu fi oduu kan jaalatuudha; dabalataanis dubbiitti jabaa ta’uun beekama. Biyya *Gaara Mi’ooftuu* jedhamtu, kan beeyladoonni gaafa du’an dhaqan tokko jiraachuu isaa akka quba qabu fa’a odeessa ture. “Iddoon kunis, samii gara oliitti, duumessarra xiqquma ol siqee argama” jedha Moosas. “Gaara Mi’ooftuutti guyyaan torbanuu dilbata; waqtiin waggaa guutuu ilillii birraatiin kan faayame; midhaan nyaatamee hin dhumne, okaa tuulaa guddaa fi lafa qonna boqqoolloo daangaa hin qabnetu jira” fa’a jedhee dubbata. Oduu himuu malee hojii waan hin hojjenneef, beeyladoonni baayyeen

Moosas ni jibbu; garuu, beeyladoonni dubbii isaa waa'ee Gaara Mi'ooftuu sana dhuguma jedhanii fudhatanis hin dhabamne. Soba kanaaf ibsa laachuudhaan, bakki akkas jedhamu akka hin jirre beeyladoo biroo amansiisuun, ammas dirqama booyyeewwanii ture.

Barattoota Falaasama Beeyladummaa keessaa baayyee amanamoo kan ta'an, faradoo lamaan gaarii harkisan, kan Booksar fi Kiloovar jedhaman saniidha. Lamaan kuni durumas bilchina waa tokko gadi fageessanii yaaduutis hin qaban; garuu, eega takkittii Booyyeewwan sadan akka barsiisota isaaniitti fudhataniin booda, waan isaan jedhan maraa akkuma jirutti liqimsuu fi waanuma dhagahan san irra deebi'uun beeyladoo kaanittis daddabarsuu itti fufan. Walgahii iccitiidhaan mooraa keessatti godhamurraa tasuma hin hafan; faaruu Beeyladoo Ingilaandi, isa yeroo hundaa dhuma walgahiirratti faarfatamu sanas, isaanuma lamaantu dursa.

Amma, haala itti deemamaa ture sanaan, yeroon fincilichi itti dhoo'u haala hundi isaan dursanii eeganirraa waan saffisee dhufee fi inumaayyuu waan yeroon isaa gahe fakkaate. Waggoota darban keessatti, Obbo Joonsi gooftaa beeyladoo hamaa ta'ullee, qonnarratti baayyee milkaawaa ture. Garuu, eega yeroo dhiyootii, homtuu waan ta'aafii jiru hin fakkaatu. Falmii gara mana murtiitiin itti babbanamaa tureenis qarshiin harkaa dhumaa waan dhufeef, aarii kanaan, alkoolii qaama isaaf toluu ol dhuguutti garagale. Gaaf tokko tokko, guyyaa guutuu barcuma isaa kushinaa keessa jiru tokko gubbaa taa'ee gaazexaa dubbisaa, alkoolii isaa dhugaa fi darbee darbee Moosasiin daabboo biiraa keessa cuubee nyaachisaa oola ture. Namoonni isaaf hojjetan kan hojii hin jaalannee fi amanamummaa hin qabne yoo ta'an, lafti

qonnaa aramaadhaan kan guutame, manneen jireenyaa gubbaarraa dhidhimmisuu kan eegalan, dallaan deebisanii ijaaruu kan barbaadee fi beeyladoonnis hoongeedhaan kan dararamaniidha.

Baatiin Waxabajjiitis seenee, waqtiin midhaan itti haamamu gahe. Jala bultii Walakkeessa Waqtii Gannaatirratti, guyyaa Sanbata Xiqqaa, Obbo Joonsi gara Ganda Wiiliingidan dhaquudhaan Mana Dhugaatii '*Leenca Diimaa*' jedhamutti garmalee waan machaayeeff, haga Dilbata guyyaa walakkaa gahutti gara manaa hin galle ture. Namoonni isaaf hojjatanis ganamaan loowwan eega elmatanii booda, waa'ee beeyladooata sooruu homaa osoo itti hin dhiphatin, gara hilleentii adamsuutti bahan. Obbo Joonsis akkuma gara manaa deebi'een, soofaa kutaa teechumaa keessa jiru gubbaa, gaazexaa '*Oduu Addunyaa*' jedhu tokko fuularra kaawwatee hirriiba isaatti qajelee. Beeyladoonni ammas hin sooramne ture. Dhumarrattis beelli inuma gameeff. Saani tokko gaanfa isheetiin kuusaa midhaanii urte; beeyladoonni kaawwanis nyaata kana saammachuutti seenan. Battala sanatti ture kan Obbo Joonsi hirriibaa dammaqe. Yoosuma innii fi namoonni isaaf hojjetan afran alangee qabatanii gara mooraa seenuudhaan kan ija isaanii dura dhufe hundumaa haleeluu eegalan. Waan kuni ammoo beeyladooata durumaayyuu beelaan waxalamaa turaniif obsa isaan fixachiise. Yeroo haalli akkanaa uumametti waan godhamuu qabuuf dursanii kan itti waliif galan jiraachuu baatullee, beeyladoonni hundinuu bakkuma tokko namoota isaanitti roorrisan kanatti utaaan. Tasuma gamaa gamanaa dhiitamuu fi wawwaraanamuun kan itti dhufe, Obbo Joonsi fi hojjettoonni isaa afran, haalli jiru too'annaa isaaniin ala ta'e. Waan akkanaa takkumaa arganii kan hin beekne yoo ta'u, beeyladooatumi isaan duraan akka fedhan itti roorrisanii fi

tuffatan sun yeroo akkanatti sagalee tokkoon fincilan, Obbo Joonsi fa'a waanuma itti bu'e wallaalanii rifaatuu guddaa keessa seenan. Al tokkoo lama ofirraa qolachuu yaalanii abdii akka hin qabne hubachuudhaan gara dheessuutti galan. Daqiiqaadhuma tokko booda, isaan shananuu, beeyladoo miira moo'annaa keessa turaniin ari'amaa, karaa dhiphoo gara daandii guddaatti nama geessu tokkorra fiigichoodhaan gadi qajeelan.

Waan ta'aa ture hundumaa foddarraa laalaa kan turte, haati warraa Obbo Joonsi, jarjaraan waan muraasa koroojootti naqattee karaa biraatiin dhokatee badde. Moosas ammoo manya isaa keessaa utaaluudhaan, barrifachaa fi sagalee ol kaasee kaakkisaa haadha warraa Obbo Joonsi duukaa qajeele. Yeroo kuni ta'aa turetti, beeyladoonni kaawwan, Obbo Joonsi fi jara afran ari'atanii karra qeyee cufachuudhaan ol deebi'aa turan. Edaa, osoo waan ta'aa ture sirritti hubachuuf yeroonuu hin argamin, Fincilli milkiin goolabamee ture – Obbo Joonsis ari'atameera; amma qonni Ganda Maanoor suni guutuun kan isaanii ta'e.

Daqiiqaawwan duraa muraasaaf waan ta'aa ture hundaa ijji isaanii amanuu dadhabe. Jalqabarrattis, dallaa cinaa deddeemuudhaan, tarii namni achi jala dhokate yoo jiraate mirkaneeffachuu eegalan; achirraa ammoo, manneen qe'ee san jiran hundaa keessa deemuun, waan bara roorroo Obbo Joonsi isaan yaadachiisu balleessuutti seenan. Moora beeyladoo keessa seenuunis kutaa meeshaan fe'uumsaa itti olkaawamu tokko cabsanii eega banatanii booda, sibiilota gara garaa, hidhaa funyaan beeyladooatti kaawwamu, dirii saroonni ittiin hidhamanii fi albeewwan Obbo Joonsi duraan hoolotaa fi booyyeewwan qaluuf itti fayyadamu hunda isaa guuranii boollatti gadi gatan. Luugamni, fe'umaan, fuuloon fi meeshaan

beeyladoonni akka midhaan hin nyaanneef afaanitti godhamu dabalatee kan biroos bakka kosiin itti gubamaa turetti ibidda keessatti darbaman. Alangeen ittiin dhaanamaa bahanis akkasuma. Yeroo alangeen suni gubachaa turetti wayita argan, beeyladoonni hunduu gammachuudhaan of wallaalan. Isnoobooliinis gunfura eegee fi gamadni gaangee guyyaa gurgurtaa ittiin faayamu sana ibiddatti achi darbate.

“Gunfurri,” jedhe Isnoobool, “akka uffataatti laalamuu qaba. Sunimmoo aadaa ilma namaati. Beeyladoonni hundinuu qullaa deemuu qabu.”

Yeroo kana dhagahutti, Booksariinis gonfoo citaarraa tolfamteef, kan yeroo waqtii gannaa tisiisni akka hin tuqneef itti kaawwamu tokko ofirraa mulqee ibiddatti achi darbate. Yeroodhuma xiqqoo keessatti waan Obbo Joonsi isaan yaadachiisu maraa ofirraa barbadeessan. Sanitti aansuunis, Naappooliyoon, beeyladooata hundumaa gara kutaa kuusaa midhaaniitti qajeelchuudhaan, hunda isaaniifuu boqqoolloo mataa lama lama eega hiree booda, sarootaaf ammoo biskuutii lama lama kenne. Achirraan faaruu Beeyladooata Ingilaandi si’a torba walitti aansuun eega faarfatanii booda, gara hirriibaatti deemuun akka takkaayyuu rafanii hin beeknetti haala baayyee gaarii ta’een rafan.

Akkuma yeroo biraa lafti bari’ee yoo hirriibaa ka’an, tasuma injifannoon kaleessaa suni deebi’ee ijarra isaan dhufuu isaatiin, hundi isaaniyyuu buburraaqaa gara kaloo fiigan. Kaloo sanii gaditti tulluu xiqqoo, kan gandi isaanii harki guddaan irraa muldhachuu danda’utu jira. Beeyladoonni hundinuu gara tulluu sanii ol fiiguun ifa aduu ganamaa saniin ganda isaanii san gadi laaluu eegalan. Eeyyeen, kanuma isaaniiti – wanti ijaan argaa

turan suni martuu kanuma isaaniiti. Mirqaansuu yaada kanaa keessa asiif achi u'utaalaa gammachuudhaan burraaquu eegalan. Bishaan keessa gangalachaa, marga afaan isaan guutu isa mi'aawaa waqtii gannaa sana hammaarrachaa fi lafa biyyee gurraachi gabbataan irra jiru sana dhidhiituun foolii isaa suuffachuu itti fufan. Itti aansuunis lafa qonnaa sana guutuu isaa, haala ibsuuf jechi hanqatuun ajaa'ibsiifamaa, keessa deddeemuudhaan sakatta'uu fi gulaallii barbaachisu gochuu eegalan. Lafa qonnaa, oogdii midhaanii, dirree kuduraaf muduraan garagaraa itti dhaabame, haroo bishaanii, fi hurruma lafa isaanii sanirra jiru miira baayyee ajaa'ibsiifamuutiin daawwachuu itti fufan. Waan kanaan dura arganii beekaniyyuu itti fakkaachuu dide; inumaayyuu ammoo kuni hunduu amma kan isaanii ta'uu isaa amanuun itti ulfaate.

Sana booda, isaan hundinuu gara qe'eetti ol dacha'uun, bifa callisaan guutameen mana Obbo Joonsi duraan keessa jiraataa ture sanaan ala dhaabbatan. Kunilleen amma kanuma isaaniiti; garuu seenuudhaaf garaan isaan sodaate. Yeroo xiqqoo booda, Naappooliyoon fi Isnoobool balbala mana sanaa ceekuudhaan itti bu'uun eega cabsanii booda, beeyladoonni hundinuu bakkuma tokko ol seenanii, akka waan tokkollee hin balleessineef suuta jechaa keessa deddeemuu eegalan. Akka shokokiin luka isaanii hin dhagahamne of eeggachaa fi ususaan alatti sagaleellee ol qabuu sodaachaa, jiruu qananii mana san keessatti jiraatamaa ture, siree baayyee mijataa ta'e, daawwitii guddaa mana keessa godhamee ture, soofaa rifeensa fardaa fi gaangee irraa tolfame, afaa mana keessaa kan gatii guddaan bitame, fi suuraa Giiftii Ingilaandi kan turte – Giiftii Viktooriyaa – ajaa'ibsiifamaatuma keessa deddeemanii daawwachuu itti fufan. Yeroodhuma gamoo mana saniitirraa gadi bu'anitti ture Mooliin dhabamuu ishii

hundinuu kan hubatan. Duubatti deebi'anii yoo babarbaadanuu, kutaa ciisichaa baayyee bareedaa tokko keessatti argamte. Mooliinis, bakka duraan haati warraa Obbo Joonsi uffata olkaawwattu keessaa gunfura halluun cuquliisa ta'e tokko gadi baafachuudhaan ofitti dirtee, akka gowwaa tokkotti of dinqisiifachaa daawwitii keessatti of ilaalaa turte. Beeyladoonni kaawwanis waan ta'aa ture arguudhaan haalaan eega ishee hifatani booda mana sanii gadi yaa'an. Booyyeewwan qalamanii nyaata godhamuuf foon isaanii kushinaa keessa turanis achii fuudhamuun gara iddoo awwaalaa geeffaman. Meeshaan biiraan itti kuufamu tokko Booksariin dhiitamee cabuun alatti wanti tuqame biraa hin jiru ture. Sagalee beeyladoonni hundi guutummaan irratti walii galaniin, manni Obbo Joonsi keessa jiraataa ture suni ammoo *muuziyemii* ta'ee seenaaf akka hafu murteeffame. Beeyladni kamiyyuu achi keessa akka hin jiraannes hundi isaanii irratti waliif galan.

Beeyladoonni hundinuu ciree isaanii nyaatanii akkuma ka'aniin, Isnoobool fi Naappooliyooniidhaan bakka tokkotti akka wal gahaniif waamaman.

“Jaallan,” jedhe Isnoobool, “amma reefu ganama keessaa sa'aatii 6:30 waan ta'eef guyyaa dheeraatu nu eeggata. Har'a midhaan haamuu eegalla. Saniin dura garuu dhimma xumurachuu qabnutu jira.”

Yeroo kanatti ture, booyyeewwan, ji'oota sadan darban keessatti kitaabota ijoollee Obbo Joonsi kan ta'ee fi kan haati warraa isaa kosii keessatti gatte guuruudhaan, qubeessuu fi dubbisuu of barsiisuu isaanii beeyladooata kaawwaniif kan gabaasan. Naappooliyoonis, beeyladooata keessaa tokkoon isaanii okkotee

halluu adii fi gurraacha of keessaa qabu biruushii halluun ittiin dibamuu wajjiin akka fidaniif eega ergatee booda, ofii isaatiif gara seensa qe'ee isa guddichaa sanitti qajeele. Achirraan Isnoobool (barreeffama harkaa bareedaa kan qabu isa waan tureef), biruushii san quba miilaa isa fuulduraa san keessa galfachuun barreeffama seensa san gubbaa ture, kan GANDA MAANOOR jedhu, irraa haquudhaan GANDA BEEYLADOOTAA jechuun irratti barreesse. Kunis maqaa gandi suni sa'aatii sanirraa kaasee ittiin beekamu ta'e. Saniin booda gara mooraa isaaniitti deebi'an. Ammas, Naappooliyoon fi Isnoobool kortoon akka dhufuuf eega ergatanii booda, dallaa mooraa guddichaa sanitti achi hirkisan. Booyyeewwan, akka beeyladoo achi jiraniif ibsanitti, qorannoo isaan ji'oota sadan darban Falaasama Beeyladummaa irratti gaggeessaniin, ajaja ittiin bulmaataa keeyyata torbatti gadi cuunfuu danda'uu isaanii himan – kunis *Ajajoota Torban* ta'e. Ajajootni Torban kunis dallaa gubbaarratti kan barreeffaman yoo ta'u, baroottan dhufaniifis beeyladoo hundumaafuu seera hin cabnee fi hin dabne ta'ee tajaajila jedhame. Rakkoo xiqqoon booda (booyyeedhaaf kortoo gubbaatti madaallii eeggachuun waan ulfaatuuf), Isnoobool akkuma ta'u ta'ee koruudhaan hojiitti gale; Iskuwiilar ammoo, xiqquma isaa gadi bakka jirurra dhaabbatee, okkotee halluun barreeffamaa keessa jiru sana qabaafii ture. Ajajoonni Torban kunis, dallaa gubbaarratti, halluu adii fi qubee gurguddaa meetira soddoma irraa dubbifamuu danda'uun barreeffaman. Barreeffamichis akkas jedha ture:

AJAJOOTA TORBAN

1. *Waa Luka Lamaan Dhaabatee Deemu Kamiyyuu Diina Keenya*
2. *Waa Luka Afuriin Deemu Yookiin Koola Qabu Kamiyyuu Hiriya Keenya*
3. *Beeyladni Kamiyyuu Uffata Akka Hin Uffanne*
4. *Beeyladni Kamiyyuu Siree Gubbaa Akka Hin Rafne*
5. *Beeyladni Kamiyyuu Alkoolii Akka Hin Dhugne*
6. *Beeyladni Kamiyyuu Beeylada Biraa Akka Hin Ajjeesne*
7. *Beeyladoonni Hundinuu Wal Qixa*

Bakka lamaan wayiitti dogongorri qubee kan ture ta’us, barreeffamichi bifa sadarkaa isaa eeggateen, haalaan kan barraaye ture. Warra dubbisuu hin dandeenyeefis Isnoobool sagalee isaa ol qabee dubbiseef. Beeyladoonni hundinuu bifa waliif galuu isaanii ibsuun mataa oliif gadi raasan; warri qaroo ta’an ammoo hoggasuma sammuutti qabachuu eegalan.

“Jaallan, egaa amma gara midhaan haamuu!” jedhe Isnoobool ijji isaa imimmaan qobachuu dadhabaa fi biruushii sana gadi darbachaa. “Beenaa, saffisa Obbo Joonsi fi hojjettoonni isaa itti xumuranii hin beekne caalaa dafnee xumurree maqaa keenyatti kabaja horra.”

Garuu yeroo kanatti ture, saawwan sadeen tokko, kan saniin dura waan ta’een garaa qabamanii turan, sagalee isaanii ol kaasuun mar’achuu kan eegalan. Edaa, sa’aatii digdamii afran darbeef hin elmamne turaniyi, harmi isaaniis jalaa dhoka’uu malee homtuu hin hafne ture. Eega xiqqoo yaadamee booda, booyyeewwan meeshaa aannan itti elmamu akka dhufuuf gaafachuudhaan

bifuma milkii ta'een elman – lukni isaanii inni fuuladuraa sunis kanaaf kan tolu ta'ee argame. Hoggasumatti kuusaan aannanii shan kan guute yoo ta'u, beeyladoonni hunduu bifa kajeeluutiin mimil'achuu eegalan.

“Aannan kuni hundi eessa deema?” jedhe beeyladni wayii.

“Duraan Obbo Joonsi nyaata nuuf laatu keessatti itti nuuf maka ture,” jette handaaqqoon takka.

“Jaallan, kan aannanii isin hin dhiphisin,” jedhe Naappooliyoon watwaachaa fi kuusaawwan aannanii sanitti siqee dhaabbachaa. “Suni ni dhaqqaba. Amma dhimma midhaan haamuuti kan yeroo nuuf hin laatne. Jaal Isnoobool karaa isin agarsiisa. Anis daqiiqaa muraasa booda isin hordofeen dhufa. Jaallan, gara fuulduraa! Midhaan nu eegaa jira.”

Saniin booda hundi isaanii midhaan sana haamuudhaaf gara lafa qonnaatti duulan. Garuu, galgala yoo ol deebi'anitti, aannan tana buuteen isaa dhabame.

3

Yaa dafqa irra citee fi dadhabbii isaan midhaan sana haamanii galfachuuf dadhaban! Garuu dafqi isaanii lafatti hin badne; bu'aan midhaanirraa argames kan isaan eeganii olitti ta'e.

Yeroo tokko tokko hojiin garmalee ulfaata ture – meeshaan dalagaan qonnaa ittiin gaggeeffamu baayyeen isaa ilmaan namaa luka lamaan dhaabbatanii deeman qofaaf akka mijatutti ta'anii kan tolfaman waan ta'eef. Booyyeewwan garuu abshaala fi qaroo waan ta'aniif, rakkoo dhufu hunda, maluma itti malanii furmaata wayii laatuuf ture. Faradoonni lamaan ammoo gama isaaniin, lafa qonnaa sana taakkuu taakkuudhaan adda baasanii beeku jechuun ni danda'ama; inumaayyuu, hojii midhaan haamuu fi tuuluu, Obbo Joonsi fi hojjettoota isaa san caalaa bareechanii beeku. Booyyeewwan garuu yeroo baayyee hin hojjetani; hooggansa kennuurratti xiyyeeffatu. Beekumsa fi abshaalummaa beeyladooata kaawwanirra garmalee caalu qabaachuurraa kan ka'e, gahee iddoo hooggansaa qabachuun isaanii waan falmisiisu hin turesi. Booksar fi Kiloovar gaarii harkisan san ofitti hidhuun (amma garuu luugama fi funyoo kan itti godhu hin jiru) fi maasaa keessa asii fi achi harkisaa dalagaa isaanii hojjetu. Booyyeewwan ammoo, “Jaal, jabaadhu!” fi “Jaal, abshiir xumuruu geese!” fa'a jechaa akkuma barbaachisummaa isaatti duuba deemanii jajjabeessu. Beeyladoonni hundinuu, warra humnaan dadhaboo jedhamanillee dabalatee, midhaan sana haamuu fi galchanii tuuluudhaan kan hin gargaarre hin jiru. Handaaqqonni fi daakkiyyoonnillee afaan isaanii xiqqoo saniin midhaan haguma danda'an olii gadi deddeebisaa fi aduudhuma san keessa jaallan isaanii waliin gugguufaa oolu. Dhumarrattis, hojii haamichaa sana guyyaa lama qofa keessatti saffisa Obbo Joonsi fa'a

takkaayyuu hojjetanii hin beekneen, ofirraa xumuratan. Hundaa ol garuu, callaan bara kana gales kan ganda sana keessatti takkumaayyuu dhagahamee hin beekne ture. Qisaassiin tokkollee hin turre – handaaqqonni fi daakkiyyoonni ija isaanii waan xixiqqoo sirritti soqee argu saniin midhaan silaa lafatti badee hafuuf ture hundumaa walitti sassaaban. Beeyladni midhaan afaanuma takkallee guuttu hates hin jiru.

Waqtii gannaa sana guutuu dalagaan qonnaa rakkoo tokko malee gaggeeffame. Ni milkaawa jedhanii wanti hin eegnes milkaawee gaafa argan, beeyladoonni hundinuu baayyee gammadan. Amma nyaatumi afaan tokkoollee baayyee isaan gammachiisa – kan dafqa ofiitiin tolchan fi kan ofiif tolchan waan ta’eef. Akka duraanii, abbaa irree nyaata itti sassatuun cicciramee kennamuufiin hafeera. Ilmaan namaa waa tokko hin fayyadnee fi isaanirratti maxxantuu ta’anii turan sana eega ofirraa balleessanii as, beeyladni tokkollee wanti nyaatu itti hanqatee hin beeku. Beeyladoonni hojii saffisaan ofirraa xumuruuf muuxannoo quubsaa qabaachuu baatanillee, amma yeroon boqonnaa fi bashannanaatis gahaatu jira. Fakkeenyaaf, rakkoo isaan qunnamaa ture keessaa tokko, maashiniin boqqoolloo calleessu ganda isaanii san keessa waan hin turreef, afaanumaan quncisaa fi waan keessaa baduu qabu ammoo hafuuruma isaaniitiin achi baasuun dirqama ta’e. Haa ta’u malee, booyyeewwan abshaalummaa isaaniitiin, Booksar ammoo humna isaatiin, mala wayii hin dhaban ture. Booksar beeylada hundumaanuu dinqisiifatama. Yeroo Obbo Joonsi jiru sanas sirrumatti hojjeta ture, amma garuu humni isaa humnuma farda sadiit fakkaate; guyyoonni hojiin ganda sanii guutuun ceekuu isaa qofarra waan ciisu itti fakkaatullee jira ture. Ganamaa galgala inuma dhiiba, inuma harkisa, yeroo hundaa bakka hojiin ulfaataan jiruu hin

dhabamu. Ganama ganama osoo beeyladoonni biroo hirriibaa hin ka'in, bakka hojiin dabalataa barbaachisutti fedhii isaatiin dursee eegaluuf jecha, handaaqqoo tokkoon “beeylada hunda dura daqiiqaa soddoma dursiitii hirriibaa na kaasi” kan jedhurratti waliif gale Booksar. Rakkoo fi hanqina muldhatu hundaafis deebiin isaa “*Kana Caalaa Jabeeseen Hojjedha!*” jechuu ta'e – kanas dhaadannoo isaa inni ittiin beekamu godhate.

Hundinuu garuu akkuma humna isaanii ni hojjetu ture. Fakkeenyaaf, daakkiyyoonni fi handaaqqoowwan midhaan silaa baduuf ture walitti guuruudhaan waan kiiloogiraama soddoma ta'u badii irraa oolchan. Kan hatu yookiin qooda isaarratti gumgumu hin jiru; aadaan bara durii, inni wal loluu, walitti inaaftuu fi wal nyaachuu sunis ni bade. Kan hojiirratti harkifatus hin jiru – yoo xiqqaate harki caalmaan isaanii hojiirratti kan harkifatan miti. Dhugaadha, gaangeen Moolii jedhamtu suni ganama daftee hirriibaa ka'uudhaan hin beekamtu; hojiirraayis “kottee koo keessa wanti ta'e seene” jechuudhaan dursitee gara mooraatti galuu fa'a aadaa godhatteerti. Adurreenis amala addaa tokko qabdi – yeroodhuma hojiin gahu tana buuteen ishii dhabama. Sa'aatii dheeraadhaaf eessa akka deemte osoo hin beekamin, yeroon laaqanaa yoo gahu bakkuma ta'ee gadi baati; yookiin ammoo galgalarra akkuma waan homtuu hin uumamnee, galtee beeyladooatti makamti. Garuu ammoo sababni isheen yeroo maraa sagalee ishee saniin watwaachaa himattu, akka ta'etti “sababuma gahaa qabdi ta'a” jechisiisa. Beenjaamiin, harreen dulloomaan sun, eega fincila saniitii as waan jijjiirame hin fakkaatu. Hojii isaatis, suutuma jechaa, akkuma bara Obbo Joonsi jala turee sanitti hojjeta; waan itti kenname hojjechuu hin yaadda'u, kan dirqama isaa ta'een alas tola-ooltummaa wayiituu hin deemu. Waan Fincila gaggeeffamee sanaa fi bu'aa irraa

argameetis yaada wayiituu hin kennu. “Eega Obbo Joonsi deemee as gaddatu sitti dhagahame moo?” jedhamee yeroo gaafatamus, “Harroonni umrii dheeraa jiraatu. Tokkoon keessaniyyuu harree du’e agartanii hin beektan,” jedha. Waan inni jedhu kana soorgoo fi sookoo isaa kan galeef jiraachuu baatullee tole jedhaniituma itti dhiisu.

Dilbatni guyyaa boqonnaa ta’e. Cireen kan duraaniitirra sa’aatii tokko barfatamee kan nyaatame yoo ta’u, akkuma xumuraniin hundi isaanii gara sirna torban torbaniin guyyaa kanarratti irraa-haftee tokko malee gaggeeffamuutitti qajeelan. Dura sirna alaabaa fannisuutu gaggeeffame. Isnoobool ture, uffata halluun magariisaa kan duraan haati warraa Obbo Joonsi teessootti uffistu tokko kutaa meeshaa keessaa argatee, fakkii kottee fi gaanfa beeyladaa halluu adiidhaan kan itti dibe. Alaabaan kunis Dilbata yeroo hundumaa, ganama sa’aatii lama irratti, mana muuziyemiitti jijjiirame sana fuuladuratti fannifamuu eegale. Akka Isnoobool ibsetti, alaabaan suni magariisa kan ta’e dachee magariituu Ingilaandi ibsuufi; kottee fi gaafni beeyladaa suni ammoo Biyya Beeyladooataa ishee yeroo ilmi namaa ganda hundarrattuu fonqolchameen booda ijaaramtu sana bakka bu’a. Alaabaan eega fannifamee boodas, hundi isaanii, walgayii walii galaa irratti hirmaachuuf gara mooraa guddichaa nam’an – walgahiin kunis *Yaa’ii* jedhamuun beekama. Asirrattiidha, dalagaan torban itti aanuu kan karoorfamuu fi murteen gara garaa bahee mariin kan irratti gaggeeffamu. Yeroo hundaa booyyeewwan turan qabxiwwan mariin irratti gaggeeffamuu fi murteeffamu beeyladooataaf kan dhiyeessan. Beeyladoonni kaawwan, filannoorratti hirmaachuu danda’anillee, qabxiwwan kana baasuun itti ulfaata. Falmiiwwan gaggeeffamanirrattis hirmaannaa daran guddaa ta’e kan qaban Isnoobool fi

Naappooliyooniidha. Garuu, wanti hubatame tokko yoo jiraate, booyyeewwan lamaan kuni waanuma irratti walii galan tokkollee akka hin qabneedha: qabxii tokko kaasuu, inni kaan akka falmu beekamaa ture. Falmiin tokko furame yoo jedhamellee, waanuma wal falmisiisuu hin mallerratti wal danqu; fakkeenyaaf, barbaachisummaa ‘warra soorama baheef kutaa xiqqoo ijaaruu’ irratti eega walii galamee booda, ‘umurii beeyladoonni gosa gosa isaaniitiin sooramni itti bahamuu qabu’ irratti wal falmiin baayyee ho’aa ta’e gaggeeffama. Yaa’iin Dilbataa kuni yeroo hundumaa faaruu Beeyladooata Ingilaandi sanaan kan goolabamu yoo ta’u, sa’aatiin boodni ammoo yeroo boqonnaati.

Booyyeewwan, mana duraan akka kutaa meeshaatti tajaajilaa ture tokko, akka biiruu hooggansaatti itti fayyadamuu eegalan. Galgala galgala ture achi keessatti sibiila tumuu, ijaarsa, fi ogummaawwan biroo, kitaabota kutaa Obbo Joonsi keessatti argatanirraa kan baratan. Isnoobool dalagaa isaa kan biroorratti dabaluun, hojii beeyladooata kaawwan Koree Beeyladooataatti gurmeessuutis dirqama isaa godhatee ofitti fudhate. Kanarratti dadhabe osoo hin jedhin hojjetaa ture. Handaaqqotaaf, *Koree Oomishtoota Hanqaaquu* jedhamu ijaareef; loowwaniif ammoo *Waldaa Eegee Qulqulluu* jedhamu hundeesse; hantuuta fi hilleentiidhaafis *Koree Baruumsa Jaallan Daggalaa* jedhamu hundeesseef – beeyladooattatti madaquudhaaf akka isaan gargaaruuf. Dubbisuu fi barreessuu akka danda’aniif beeyladooata hundaafuu sirna barnootaa diriirsuun alattis, hoolotaaf *Warraaqsa Gogaa Adii* fi koreewwan biroo gara garaas hundaa’anii turan. Walumaa galatti yoo ilaalamu, koreewwan kunniin bu’aa qabeessummaa hin agarsiisne. Fakkeenyaaf, yaaliin bineensota daggalaa san madaqsuuf taasifame hoggasuma fashalaa’e. Amalli isaanii akkuma duraanii ta’uun itti fufe; yoo

amalaan qabamanis, waanuma ofii yaaduu malee didani. Adurreenillee yeroo muraasaaf Koree Baruumsa Jaallan Daggalaa sana keessatti dammaqinaan hirmaachuu eegaltee turte. Inumaa gaaf tokko, baaxii kutaa walgahii keessa jiru sana gubbaa, simbirroowwan xixiqqoo ishiidhumatti dhiyoo jiran bira nagumaan teessee hirmaachaa turte. Amma simbirroonni daggalaatis jaallan beeyladooata akka ta'anii fi hiriyoottan isaaniitis yoo barbaadan ishii bira dhufanii kutaa adurree sana keessatti dabarsuu akka danda'an kan itti himte ta'ullee, simbirroonni waan akkasii keessa seenuurraa of qusatan.

Duulli barreessuu fi dubbisuu barsiisuurratti godhame garuu milkii guddaa ta'e. Yeroo waqtiin birraa seenutti, beeyladooati ganda sanii hundumtuu, akkuma cimina isaaniitiin sadarkaa baruumsaa wayiitirra gahuu danda'an.

Booyyeewwan gama isaaniitiin dubbisuu fi barreessuu guutummaatti danda'u. Saroonni dubbisuu baratanii jiru jechuun ni danda'ama, garuu Ajajoota Torban saniin alatti homaa waan biraa dubbisuuf fedhii wayiituu hin qaban. Re'een Muuriyeel jedhamtu suni ammoo dubbisuutti sarootarra wayyoo qabdi; darbee darbeetis gara galgalaatirra, gaazexaa ciccitaa kosii keessaa argatte tokkorraa, beeyladooata kaawwaniif dubbisti turte. Harreen Beenjaamiin jedhamu suni ammoo dandeettiin dubbisuu isaa akkuma booyyeewwanii cimaa ta'ullee, dandeettii kana takkaayyuu itti fayyadamee hin beeku. "Dubbisuun homaa hin fayyadu" jedha yeroo hundumaa. Kiloovar qubee hundaa barattee jirti, garuu jecha barreessuu yookiin dubbisuu hin dandeenye. Booksar gama isaatiin qubee D irra darbuu dadhabe. Daaraa keessa gangalachaa A, B, C, D jedhee eega of yaadachiisee booda, lafaa ol ka'ee gurra isaa duubatti qeensaa fi of hurgufaa,

qubee itti aansee dhufu yaadachuu yaalullee osoo hin milkaa'in hafa. Darbee darbee yeroon inni qubeewwan E, F, G, H itti barate inuma jira ture; garuu gaafa isaan qayyabatutti ammoo qubeewwan kaawwan afrantu harkaa bada. Dhumarrattis, waan hin taaneef of dhiphisuu irraa bahuudhaan qubeedhuma afran jalqabaa san akka jalaa hin dagatamneef yeroo hundumaa irra deddeebi'ee barreessuudhaan of yaadachiisuu eegale. Gaangeen Moolii jedhamtu suni ammoo qubeewwan jahan maqaan ishii ittiin barraahuun alatti barachuu didde. Maqaa kanas damee mukaa wayiitirratti bocuudhaan bareechitee eega tolfattee booda, habaaboo gara garaatiin faayyuudhaan ofumaaf dinqisiifachaa olii gadi deemti.

Beeyladoonni hafan kaawwan garuu qubee A darbaa qayyabachuu hin dandeenye. Beeyladoonni doofaa jedhaman kanniin akka hoolaa, handaaqqoo fi daakkiyyee ammoo, inumaa Ajajoota Torban saniyyuu sammuu qabachuun akka itti ulfaate hubatame. Eega baayyee itti yaadamee boodas, Ajajootni Torban sunis warra sammuu qabachuun itti ulfaateef akka salphatuuf, hima tokkotti gadi cuunfamuun isaa Isnoobooliin labsame – innis, *“Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama Badaa”* kan jedhu ture. “Kunis, Falaasama Beeyladummaa keessaa qabiyyee isa bu’uuraati. Kan kana haalaan qayyabate abaarsa ilma namaatiin faalamuurraa ni baraarama,” jedhe Isnoobool maalummaa ajaja hima tokkotti gadi cuunfamee sana yoo ibsu. Ofii isaaniifis luka lama qofa waan qabaniif, simbirroonni jalqabarratti mormii dhageessisanii turan. Kuni dhugaa akka hin taanes Isnoobool akkas jechuun ibse:

“Jaallan,” jedhe Isnoobool, “koolli simbiraa kan barrifannaaf, bakkaa bakkatti ittiin deemuuf oolu malee, akka harka ilma namaa sana kan shirri ittiin xaxamaa oolu miti. Kanaafuu akka

lukaatti lakkaawama. Wanti ilma namaa nurraa adda baasu harka isaati, isa hammeenya hunda ittiin dalagu sana.”

Simbirroonnis ibsi bal’aan Isnoobool taasise kuni homaa galuufii baatullee fudhatanii kan turan yoo ta’u, warri qaroo hin jedhamnes ajaja haaraa kana sammuutti qabachuuf yaaluu eegalan. LUKNI AFUR GAARII, LUKNI LAMA BADAA kan jedhus Ajajoota Torbanii olitti qubeewwan gurguddaa ta’aniin dallaa mooraa irratti barraaye. Eega hundumtuu sammuutti qabatee booda, ajaja gabaabbatee dhiyaate kana garmalee jaalachaa kan dhufan, hoolotni, yeroo baayyee ala ciciisani “Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama Badaa! Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama Badaa! Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama Badaa!” jechuun mar’achaa fi sa’aatii dheeraadhaaf dadhabbi tokko malee irruma deddeebi’aa oolu turan.

Naappooliyoon koreewwan Isnoobool hundeesse sanniinirratti homaa deeggarsa hin agarsiisne. Yeroo hundaa, “warra guddatan kanarratti osoo hin taane ijoolleerratti xiyyeeffachuu qabna” jedha. Akka carraa ta’ee ammoo saroonni Jeesii fi Biluubeel jedhaman sun, akkuma waqtiin haamaa darbeen, ilmoolee jajjaboo sagal dhalan. Akkuma ilmooleen kunniin harma hodhuu dhaabaniin, “baruumsa isaaniif dirqama nan fudhadha” jechuun, Naappooliyoon ilmoolee saglanuu saroota jalaa fudhate. Ilmoolee saglan sanas, godoo suuqa wayii irratti tolfamte, kutaa dhokataa kan kortoo malee hin dhaqqabamne tokko keessatti eega isaan galchee booda, haala beeyladoonni martinuu waa’eedhuma isaanituu dagatan jedhamuu danda’uun kophaatti guddisuu itti fufe.

Gaaffiin ‘aannanumti elmamu kuni eessumatti badaa jira laata?’ jedhus amma ifa ta’aa dhufe. Edaa, guyyaa hundumaa nyaata booyyeewwanii keessatti makamaa bahe. Habaabiinis bilchaachaa kan dhufe yoo ta’u, lafti irratti dhaabame sun firee kanaan uwwifameera. Beeyladoonni martinuu fireen kuni hundumaafuu qixa hiraama jedhanii eeganillee, gaaf tokko, fireewwan muraasni guuramanii kutaa meeshaa sanatti booyyeewwan qofaaf akka geeffaman ajajni labsame. Battala sanatti beeyladoonni tokko tokko gumgumanillee homaa gochuu hin dandeenye. Yaada kanarratti booyyeewwan hunduu yaada wal fakkaataa fi deeggarsaat calaqqisan, Isnoobool fi Naappooliyoonis dabalatee jechuudha. Ibsa barbaachisaa akka kennuufis kan ergame Iskuwiilar ture.

“Jaallan!” jedhe Iskuwiilar watwaachaa. “Nuti booyyeewwan waan kana ofittummaa yookiin olaantummaa agarsiisuuf godhaa jirra jettanii akka hin shakkine abdiin qaba. Inumaa harki caalmaan keenya aannanii fi habaabii hin jaalannuuyyudha. Ani mataa kiyyaan lamaanuu nin jibba. Sababni waan kana godhaa jirruuf tokkichichi yoo jiraate fayyaa keenya eeggachuu qofaafi. Aannanii fi habaabiin wantoota fayyaa booyyeetiif dirqama barbaachisaa ta’an of keessaa qabu. Jaallan, kuni ammoo waan saayinsiidhaan mirkanaayeedha. Nuti booyyeewwan, hojii waa hedduu xiinxaluut hojjenna; dalagaa fi hooggansi ganda kanaa martuu jiraachuu keenyarratti kan hundaa’eedha. Halkanii guyyaa nageenyaa fi badhaadhinuma keessaniif dhamaana. Egaa, isinumaaf jecha aannan dhuguu fi habaabii nyaachuun keenya. Yoo nuti hojii keenyatti laafne maaltu akka uumamu beektuu? Obbo Joonsi deebi’eet dhufa! Eeyyeen, Obbo Joonsi nutti deebi’a! Maal ree Jaallan,” jedhe Iskuwiilar sagalee kadhaatiin, asii achi deemaa fi eegee isaa mirmirsaa, “as nu walakkaa ammoo

Obbo Joonsi akka deebi’u kan barbaadu waan jiru natti hin fakkaatu.”

Ammoo, wanti beeyladoonni hundinuu guutummaan irratti walii galan tokko jira yoo ta’e, Obbo Joonsi yoomiyyuu akka hin deebine barbaaduu isaaniiti. Dubbiin ammaa sunis bifa kanaan waan itti dhufteef, waan deebisan dhaban. Barbaachisummaan fayyaa booyyewwanii eeguu amma ifa ta’aafii dhufe. Dhumarrattis, falmiin sana darbaa osoo hin jiraatin, fuuladuraaf aannanii fi habaabiin harca’e, akkasumas harki caalmaan habaabii gaafa bilchaatee sunis, booyyeewwan qofaaf addatti akka kaawwaman waliif galame.

4

Gara dhuma waqtii gannaatirra, oduun Fincila Ganda Beeyladooataa keessatti ta'ee suni, biyya Ingilaandi san harka walakkaa ta'u wal gahe. Guyyaa guyyaadhaan, Naappooliyoon fi Isnoobool gurmuu simbirrootaa gara gandoota biroo erguudhaan, akka isaan beeyladooata gandoota ollaa keessa jiraatanitti dhiyaachuudhaan seenaa Fincila Beeyladooataa fi faaruu Beeyladooata Ingilaandi barsiisan taasisu ture.

Obbo Joonsi eega Fincila Beeyladooataatiin fonqolchamee as, oolmaan isaa mana dhugaatii Ganda Wiilingidan keessatti argamu isa 'Mana Dhugaatii Leenca Diimaa' jedhamu sana yoo ta'u, nama gurra isaaf laate hundattuu, beeyladooata waa tokkoofuu hin tolleen yakki akkamii akka isarratti hojjetamee fi qabeenyi isaa saamame itti boowa ture. Qotee bultoonni biroo, ofiifis nama waan ta'aniif xiqqoo kan gaddaniif ta'ullee, homaa deeggarsa hin kennineef. Garaatti, hundi isaanii, rakkoo Obbo Joonsi qunname kana akkamitti faayidaa ofiitiif oolfachuu akka danda'an yaadu. Beeyladooataaf oduu gaarii kan ta'e, abbootiin qabeenyaa gandoota lamaan Ganda Beeyladooataatti aanan keessa jiran, waliigaltee qabaachuu dhabuu isaaniiti. Gandoota lamaan keessaa tokko, *Ganda Fooksiwuud* kan jedhamu, qonni achitti dalagamu baayyee kan hin ammayyooftnee fi haala gaariin kan hin qabamne yoo ta'u, bal'ina lafaa, aramaadhaan uwwifamuu fi dallaan ijaaramanii turanis haala badaa keessa jiraachuun kan beekamuudha. Bulchaa ganda kanaa kan ta'e, Obbo Piilkiingitan, qotee bulaa tattaphataa yoo ta'u, yeroo baayyee isaa qurxummii qabuu fi akka waqtiitiin bineensota adamsuudhaan nama dabarsuudha. Gandi kuun ammoo, kan *Ganda Piinchifildi* jedhamu, xiqqaa fi haalaan kan qabame ture. Bulchaa ganda

kanaa kan ta'e, Obbo Fireedariik, nama kutataa fi dubbiin mana murtii yeroo hundaa isa marsitu yoo ta'u, waan qabaterrattis akka malee falmachuudhaan beekama. Bulchitoonni ganda lamaanii kuni garuu baayyee wal jibbuu isaaniitirraa kan ka'e dhimmuma waliinii irrattillee wajjin hojjechuu hin danda'an.

Haa ta'u malee, namoonni kuni lamaanuu Fincila Ganda Beeyladooataa keessatti uumameen sodaan guddaan waan itti seeneef, beeyladooatni ganda isaanii keessa jiran waa'ee fincila kanaa akka hin baranne gochuuf baayyee dhiphachuu eegalan. Jalqabarratti, oduu "beeyladooatni ganda tokko keessatti ofiin of bulchuu eegalan" jedhamee himamuu san, akka waan gonkuma ta'uu hin dandeenyee fakkeessuuf itti qoosu turan. "Wanti hundumtuu torbanuma lamaan takka keessatti harkaa bittinnoofti" jedhu ture. Oduu isaan facaasaa turan keessaa tokko, Ganda Maanoor keessatti (Ganda Beeyladooataa sana maqaa durii kan ta'e '*Ganda Maanoor*' kan jedhuun malee hin yaamani) beeyladoonni guyyuma guyyaadhaan wal lolaa fi beelaanis dhumaa akka jiraniidha. Yeroonis deemee, beeyladoonni Ganda Beeyladooataa keessa jiranis beelaan akka hin dhumne dhugaan muldhachaa gaafa dhufutti, Obbo Fireedariik fi Piilkiingitan, dubbii isaanii jijjiiruudhaan, "Ganda Beeyladooataa keessatti wantootni gurraaf hin tolle gaggeeffamaa jiru" jechaa odeessuu eegalan. Beeyladoonni ofiin wal ajjeesanii wal soorachuu, beeyladni tokko kan biraa hiraarsuun fi niitii takka walitti qabaachuun fa'a Ganda Beeyladooataa keessatti aadaa ta'eera jedhu ture. Akka Obbo Piilkiingitan fi Fireedariik himaa turanitti, "kunis ta'uu kan danda'e, beeyladoonni seera uumaa irratti waan fincilaniifi" jedhan.

Garuu, dubbiin isaanii kuni guutummaatti hin amanamne. Daddarbeetis ta’u, oduun waa’ee qonna sirritti milkaa’ee fi beeyladooata ilma namaa ofirraa ari’uudhaan jiruu isaanii gaarii godhatanii, dhagahamuun isaa hin oolle; bara san keessa miirri fincilaatis biyya keessa faffaca’e. Sangootni duraan qabiinsaaf salphaa turan amma tuqamuu didan; hoolotni dallaa cabsanii midhaanitti nam’an; saawwan meeshaa itti elmaman dhiituu eegalan; faradoonnis adamsitoota isaan yaabbatan dugda isaaniirraa achi darbachuutti seenan. Hundarraa ammoo, weedduu fi walaloon faaruu Beeyladooata Ingilaandi iddoo hundattuu baratamaa dhufe. Saffisa ajaa’ibaatiin ture kan walgahe. Ilmaan namaatis faaruu kana gaafa dhagahan aarii dhokfachuun itti ulfaata ture – hagam waanuma homaa hin buusne fakkeessuu yaalanillee. “Beeyladoonni kuni faaruu gadhee akkanaa akkamiin akka jaalataniyyuu nuuf hin galu” jedhan. Beeyladni ganda isaanii keessatti osoo faaruu kana jedhuu argame battalumatti akka adabamuufis seera baafatan. Ta’us garuu, faaruun kuni ukkaamfamuu hin dandeenye. Simbirroonni xixiqqoon manya isaanii keessatti ittiin cuwwisan; makoodiinis kuukkuu ittiin jette; warra sibiila tumuu fi manneen amantaa keessattillee jedhamuu eegale. Ilmaan namaatis yeroo kana dhagahan, faaruu sana keessatti dukkana isaanitti dhufaa jirutu itti mul’ata waan ta’eef, muldhisuus baatan iccitiidhaan inuma hoollatu.

Gara jalqaba ji’a Onkoloolessaatirratti, akkuma boqqoolloon cabsamee galee fi hammi ta’e irraa calleeffameen, gurmiin makoodii, miira addaatiin akkuma guutamaniin dhufanii Ganda Beeyladooataa keessa qubatan. Obbo Joonisi, namoota isaa fi kanneen biroo gara jahaa siqan Gandoota Fooksiwuud fi Piinchifiildi irraa dabalachuudhaan, karaa guddicha irraan gara

qe'ee eega goranii booda, karra guddicha cabsuudhaan dhufaa akka jiran makoodonni suni lallaban. Namoonni sunis shimala harkatti qabatanii turan, Obbo Joonsiin alatti – inni qawwee qabatee duule. Adeemsi isaaniis ganda sana deebisanii fudhachuuf ta'uun isaa ifa ture.

Duraanumas, haalli kuni eegamaa ture waan ta'eef, qophiin haalaan godhamee ture. Kitaaba waa'ee '*Duula Juuliyas Siizaar*' seenessu mana duraanii Obbo Joonsi keessaa argatee qo'ataa kan bahe, Snoobool, duula waraana itti banamee kana ofirraa ittisuuf gaggeeffamurratti hoogganaa ta'e. Innis ajaja dafee eega dabarsee booda, hoggasuma daqiiqaa muraasa keessatti beeyladoo tni martinuu iddoo isaaniif ramadame qabatan. Akkuma namoonni gara qeyee beeyladoo taatti dhiyaataniin, Snoobool haleellaa marsaa jalqabaa eegalsiise. Gurmiin makoodii, kan lakkoofsaan gara soddonii shanii ta'an, barrifachaatuma qilleensarraa namoota sanirratti gadi haguun jaanjessan; daakkiyyoonni dursanii dallaa duuba dhokatanii turan ammoo, utaalanii gadi yaa'uun, afaan isaanii qara saniin luka jaraa irra akka malee wawwaraanuu eegalan. Waan kuni durumas xiqqoo diinatti hojii baayyisuu fi raatessuu qofaaf kan karoorfame yoo ta'u, namoonni sunis daakkiyyoota salphumatti shimala saniin ofirraa ari'atan. Itti aansuunis, Snoobool, haleellaa diinarratti godhamu isa marsaa lammaffaatiif ajaja kenne. Snoobool dursa galuudhaan, Muuriyeel, Beenjaamiin fi hoolota hundumaa of duukaa buusee, namootatti marsanii kallattii hundaan haleellaa itti banan. Beenjaamiinis dugda itti garagalfachuudhaan kottee isaatiin dhiitaa ture. Ammas garuu namoonni sun shimalaa fi boottii isaanii jalli sibiila ta'e sana fayyadamuudhaan itti jabaatan. Tasumaan ammoo mallattoo '*duubatti deebi'aa*' jechuu kan ta'e, sagaleen siiqsuu Snoobooliin akkuma dhageessifameen,

beeyladoonni hundinuu fiiganii bakka dawoo tolfatanii turanitti ol dacha'an.

Namoonnis, 'beeyladoonni kan fiiganii fi bittinnaa'an rifaatuudhaani' jedhanii waan amananiif, miira gammachuutiin wacuu eegalan. Isaan hin hubanne malee, Isnoobool waan kanas itti yaadeetuma gochaa ture. Akkuma namoonni sun achi gara mooraa ol siqaniin, faradoonni sadan, saawwan sadanii fi booyyeewwan hafan martinuu dawoo jala dhokatanii turan keessaa daguudhaan itti bahuun afaan jala muran. Isnooboolis battala kanatti ture haleellaa marsaa biraatiif mallattoo kan agarsiise. Inni mataa isaatiin kallattumaan gara Obbo Joonsi qajeele. Isnoobool gara isaa fiigaa jiraachuu kan arge, Obbo Joonsi, qawwee isaa itti dhukaase. Dhukaasa saniinis hoolaan takka ajjeefamtee, Isnoobool ammoo dugda gubbaa xiqqoo rukutame. Isnooboolis dhukaasa sana dandamachuun, osoo sekondiiifillee duubatti hin jedhin, qaama isaa gara kiiloogiraama sagaltamii shanii ulfaatu sanaan luka Obbo Joonsi gubbaatti of darbate. Obbo Joonsis kufuudhaan dikee keessa gangalate; qawween qabatee ture sunis harkaa kufe. Hundarraa garuu baayyee sodaachisaa kan ture haala Booksar, kottee isaa isa duubaa kan sibiilli itti godhame saniin, namoota dhiitichoodhaan daaraa gochaa tureedha. Dhiitichoo isaa jalqabaa kan argate gurbaa Ganda Fooksiwuud irraa dhufe tokko yoo ta'u, takkittuma adda gubbaarra rukutameen ture dhoqqee keessatti kan kufe. Yeroo waan ta'e kana arganitti namoonni kaawwan shimala isaanii gatani fiiguuf yaalan. Osuma rifaatuu guddaan liqimfamanii jiranuu, beeyladoonni gamaa gamanaa qe'ee keessa isaan ari'uu eegalan. Gaanfaan waraanamuu, dhiitamuu, ciniinamuu fi bakka kufanitti irra deemamuu dabalatee waan hedduutu namoota san qunname. Karaa humna isaatiin beeyladni

haajaa hin bahanne hin jiru jechuun ni danda'ama. Adurreenillee bakka dhokattee turterraa namticha tokkoratti gadi utaalun qeensa ishee ceekuu isaarratti galfatte – battala kanatti ture innis dhukkubbii guddaadhaan iyya kan itti kute. Akkuma gara alaa fiiguudhaaf qaawwa wayii argataniin, 'yaa luka too na baasi!' jechuun gara alaatti dheessan hundi isaanii. Weerara daqiiqaadhuma shan keessatti fashalaa'e kanarraa, akkuma yeroo jalqaba dhufanii sanatti, daakkiyyootaan luka luka keessaa wawwaraanamaa fi salphina isaanii uwwifatanii gara daandii guddichaatti dheessan.

Ammatti namoonni hundinuu dheessanii tokko qofatu hafe. Booksaris gurbaa dhoqqee keessatti kufe sana garagalchuuf kottee isaatiin tuttuquu eegale. Gurbaan garuu homaa warraaquu dide.

“Du'eera,” jedhe Booksar miira gaddaatiin guutamee. “Ajjeesuuf gonkumaa yaadee hin turre ani. Kottee kiyyarra sibiilli jiraachuu nan dagadhe. Amma waan kana beekaa akkan hin goone eenyutu na amana?”

“Jaal, homaa mararamuufiin hin barbaachisu!” jedhe Isnoobool akkuma dhiigni madaa isaa suni gadi cobaatuma jirutti. “Waraanni waraana. Ilmi namaa fayyaaleessa jedhamus ammoo kanuma du'e qofadha.”

“Ani lubbuu tokkollee baasuun fedhii koo hin turre, kan ilma namaatillee ta'u,” jedhe Booksar irra deebi'uudhaan, imimmaaniin hudhamaa.

“Mooliin eessa jirti?” jedhe beeyladoo ta keessaa tokko.

Dhuguma, Mooliin tana buuteen ishii ni dhabame. Namoonni miidhaniit ta'a yookiin inumaayyuu fudhatanii deeminnuuyis kan jedhu hundumaa rifaatuu keessa galche. Garuu boodarra, mooraa bulmaataa ishee keessatti, cidii jala dhokattee argamte. Edaa akkuma qawween jalqabaa dhuka'een garanatti dheessitee turte isheen durumaayyuu. Mooliin eega argamtee booda, bakka lolli itti gaggeeffamaa ture sanatti yoo deebi'anuu, gurbaan du'ee se'anii turan sun miidhaa isaarraa wayyachuun badee ture. Edaa inni durumaayyuu du'ee osoo hin taane, rifaatuudhuma rukutaa Booksarii santu isa gaggabse. Akkuma miira moo'annaa fi gammachuu guddaatiin guutamaniin eega walgahanii booda, hundumti isaaniituu waa'ee gootummaa lola sanarratti agarsiisanii himachuu eegalan. Gootummaa lola sanarratti agarsiifameefis sirni badhaasaa battaluma sanatti akka gaggeeffamu murteeffame. Alaabaan fannifamuudhaan faaruun isaaniitis si'a hedduu irra deddeebiin kan faarfame yoo ta'u, hoolaa ajjeefamte sanaafis sirni awwaalchaa gootaaf madaalu raawwatameef. Awwaala ishee gubbaattis biqiltuu dhaabaniif. Sirna awwaalchaa sanarratti haasaa gabaabaa kan taasise, Isnoobool, barbaachisaa ta'ee yoo argame, beeyladni kamiyyuu Ganda Beeyladooataa lubbuu isaaniitillee ta'u aarsaa kanfaluuf akka of qopheessan yaadachiise. Beeyladoonni hundinuu sagalee tokkoon Badhaasni Beekamtii Gootummaa akka godhamu kan murteessan yoo ta'u, '*Goota Beeyladooataa, Sadarkaa Tokkoffaa*' isa jedhamuun kan beekamtiin kennameef Booksarii fi Isnoobool turan. Badhaasni isaan argatan kunis nahaasa irraa kan tolfamee fi guyyaa ayyaanaa fi Sanbata Guddaa qofa kan godhatamu ta'a (garuu dhugaan jiru, badhaasni kuni kutaa meeshaa keessaa kan argamee fi kan duraan faradootti diramu wayii ta'uu isaati). Dabalataanis, '*Goota Beeyladooataa, Sadarkaa Lammaffaa*'

jedhamuun kan beekamtiin kennameef, hoolaa lolarratti ajjeefamte sana.

‘Lolli gaggeeffame kunis maal jedhamee haa waamamu?’ kan jedhurratti marii bal’aatu gaggeeffame. Dhumarrattis, *Lola Mooraa Loonii* jedhamee akka mogga’u murtaa’e – kunis kan ta’e, lolli inni dhumaa fi bakki dawoo keessaa bahanii namoota itti moo’atan suni mooraa loowwanii biratti waan tureefi. Qawween Obbo Joonsi sunis dhoqqee keessatti kufee kan argame yoo ta’u, baarudni hedduun ammoo kutaa duraanii Obbo Joonsi sana keessa akka jiru yaadatame. Qawwee kanas, bakka alaabaan itti fannifamu sana jala olkaawuudhaan, waggaa waggaadhaan guyyaa Onkoloolessa 12ffaa, *Lola Mooraa Loonii* yaadachuudhaaf akka dhukaafamu irratti walii galame. Dabalataanis, waggaa waggaatti yeroo hundumaa, guyyaa walakkaa-gannaa irratti, Fincila Beeyladooaa sana yaadachuufis akka dhukaafamuuf murteen darbe.

5

Akkuma bonni dhiyaataa dhufeen, Mooliinis baayyee rakkistuu ta'aa dhufte. 'Hirriibatu fudhatee naan lixe' maqaa jedhuun ganama yeroo maraa hojiirraa barfachuu fi hafuu malee didde; dhukkuba hin himannes hin qabdu, nyaatatti kan ishii danda'u jiraachuu baatullee. Sababuma argame hundaan hojii dhiistee gara haroo bishaan itti dhugamuu san kaatti; achi geessu ammoo akkuma gowwaa bishaan keessatti of laalaatuma oolti. Garuu, dubbiin jabduu akka taates oduun deddeemaa ture. Gaaf tokko, yeroo Mooliin bibbixiriqaa, eegee ishee dheeraa sana mirmirsaa fi cidii afaanitti hammaarrattee gara qe'ee deebitu, waan deemaa jiru baruu kan barbaadde, Kiloovar, itti haasawuudhaaf Moolii kophaatti waammatte.

"Moolii," jette Kiloovar, "dhimma jabaa si dubbisuu barbaadun qaba. Ganama kana ijaarsa daangaa ganda keenyaa fi Ganda Fooksiwuud adda qoodu sanirraan yoo mimil'attu si argeen ture. Dallaa gama kaaniin ammoo namoota Fooksiwuud keessaa tokko dhaabbatee ture. Kanin ilaalaa ture fagoorraa ta'ullee, waan kana argeera: namni suni sitti haasawaa fi atis akka inni harkaan funyaan keetirra sii deddeemu eeyyamaafii turte. Kuni maal jechuudha?"

"Akkas hin goone! Anis homaa hin eeyyamneef! Kuni soba!" jette Mooliin boowaa fi akkuma asiif achi jettuun kotteedhaan lafa caaraa.

"Moolii, ija keessa na laali. Namni suni funyaan kiyya tuttuqaa hin turre jettee ni kakattaa?"

“Gonkumaa dhugaa miti!” jette Mooliin ammas irra deebitee; garuu, ol jettee ija Kiloovar keessa laaluu hin dandeenye. Osuma kanaan jiran, Mooliin utaaltee gara dirreetti garmaamte.

Kiloovar is yaadni wayii sammuu keessaa itti qillise. Osoo kaawwanitti homaa hin himin, gara kutaa Moolii dhaquun cidii lukaan caccaaruu eegalte. Achi jalattis, sukkaara hihhidhamee jiruu fi gunfura baayyee kan halluu garaa garaa irraa tolfame dhokfamee jiraachuu isaa argite.

Kuni ta’ee guyyaa sadiin booda Mooliin badde. Torban muraasaaf tana buutee ishii kan beeku kan hin turre yoo ta’u, gaaf tokko, makoodonni Moolii gara Ganda Wiiliingidan sanitti arguu isaanii gabaasan. Mana dhugaatii tokko fuuladuratti gaariin wahii itti fe’amee akka argan himan. Abbaa mana sanii kan ta’e, namticha furdaa fuulli diimaa tokkoon, funyaan ishii hooqamaa fi sukkaara sooramaa turtes jedhan. Uffatni haaraan kan itti uwwifamee fi gunfurri gamada isheerratti kan hidhameef yoo ta’u, jiruunis baayyee waan itti tole fakkaatti ture jechuun himan gurmiin makoodii suni. Sana booda beeyladni maqaa Moolii kaase hin jiru.

Ji’a Amajjii keessa qilleensi bonaa inni hammaataan suni dhufe. Laftis akka sibiilaa waan jabaatteef, hojiin qonnaa tokkollee hojjetamuu hin dandeenye. Walgahiin hedduun mooraa guddicha keessatti gaggeeffamaa ture; booyyeewwanis waqtii itti aanuuf karoora hojii baasuutti seenan. Amma amma, wanti irratti walii galamaa dhufe tokko yoo jiraate, hojiin imaammata qonnaa baasuu warra qaroo ta’an kan akka booyyeewwaniif dhiisuudha – murteen isaanii filannoo harka caalmaatiin mirkanaa’ee hojiirra kan oolu ta’ullee. Haalli kuni sirrumatti hojjetee itti fufuu ni

danda'a tureeyyu, wal dhabbii Isnoobool fi Naappooliyoon gidduu jirutu ulfaataatuma deeme malee. Bakka waa itti wal falmuun danda'amu hundattuu wal hin dhiisan ture lamaan kuni. Tokkoon isaanii "lafa kanarra garbuudha baay'isnee facaasuu qabna" yoo jedhe, kan hafe ammoo "lakkii, qamadii wayya" akka jedhu beekamaa ture; tokkoon isaanii "lafa kana raafuu dhaabna" yoo jedhe, inni kaan ammoo "lakkii, lafti kuni waan akka dinnichaa malee homaafuu hin tolu" jechuun isaa shakkii hin turre. Lamaanuu deeggartoota waan qabaniif, darbee darbee falmiin waluma lolchiisuu gahus ni godhama. Isnoobool yeroo baayyee iddoo Yaa'iin gaggeeffamurratti dubbii isaa hawwataa ta'e saniin sagalee caalmaa kan argatu yoo ta'u, yeroodhaa gara yerootti deeggarsa horachaa kan dhufe garuu Naappooliyooniidha. Keessattuu, hoolotaa wajjin baayyee milkaawafii dhufe. Hoolonni, eega yeroo dhiyootii as, "Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama Badaa! Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama Badaa!" jechaa mar'achuudhaan Yaa'ii jeequu aadaa godhatanii turan – keessattuu yeroo Isnoobool haasaa taasisu. Kitaaba mata-dureen isaa "*Qotee Bulaa fi Horsiisee Bulaa*" jedhu mana duraanii Obbo Joonsi keessatti argachuudhaan qo'achaa kan bahe, Isnoobool, yaada kalaqa gara garaa fi karoora haaromsaatiin guutamee ture. Akka nama waa dubbiseettis, waa'ee jallisii, kuusa midhaanii fi waa'ee lafa qonnaa gabbisuu ibsa garagaraa godha ture. Hojii dikee lafa qonnaatti guuruu sana hir'isuufis, karoora ajaa'ibaa, kan beeylagoonni hundinuu guyyaatti sa'aatii fi iddoo adda addaatti lafa qonnaa sanirra dhaquun bobbaa isaanii itti bahan qopheesse. Naappooliyoon ofii isaatiif karoora qopheesse qabaachuu baatullee, "Isnoobool akkasumaan dhibaa'a malee karoorri isaa kuni waa tokko hin buusu" jedha yeroo hundumaa. Garuu, waldhabbii isaan lamaan

jidduutti uumame keessaa, kan akka waldhabbi dhimma ijaarsa *Madda Humna Bubbee* irratti uumamee gahu gonkumaa hin jiru.

Kaloo lafa qonnaatirraa hagas mara hin fagaanne tokko keessa, tabba gandi suni guutuun irraa muldhatu tokkotu jira. Isnooboolis iddoo sanirratti qorannoo eega gaggeessee booda, “jenereetara Maddi Humna Bubbee ittiin sochoofamu dhaabuudhaan ganda kanaaf humna elektirikii maddisiisuuf, tabbi kuni filannoo isa jalqabaati” jechuun gabaasa isaa beeyladoo ta’ dhiyeesse. “Kunis mooraa keenya dukkana keessaa baasuu fi yeroo qorraatis ho’isuuf; magaazii fi maashina aannan elmu, kan elektirikiidhaan hojjetan, fayyadamuuf; akkasumas, maashina midhaan quncisuu fi calleessu fayyadamuuf nu gargaara” jedhe itti dabaluu. Beeyladootni takkumaayyuu waan akkanaa dhagahanii hin beeknes (qonni duraanii haala boodatti hafa ta’een dalagamaa waan tureef), yeroo Isnoobool waa’ee maashinoota kanaa suuraa adda addaatiin deeggarsiisee itti agarsiisu, akkuma afaan bananii hafanitti haalli jiruun isaanii jijjiiramuuf deemu itti muldhachuu eegale – yeroo maashinoonni gara garaa hojii dalaganiif, beeyladoonni ammoo yeroo barbaadanitti dheedaa dirree keessa ooluu, fi yeroo qo’annaa fi mari’annaa dabalataa kan sammuu isaanii itti cimsatan argachuu fa’a jechuudha.

Torban muraasa boodas, Isnoobool wixinee ijaarsa Madda Humna Bubbee sana qophii isaa xumure. Qophii ijaarsa kanaatiifis, beekumsi hojii suphaa baayyinaan kan argame, kitaabota sadeen duraan kan Obbo Joonsi turanirraayi – maqaan kitaabota kanaatis, “*Waan Barbaachisoo Kuma Tokko Kan Manaaf Godhamuu Danda’an*”, “*Ogummaa Ijaarsaa*”, fi “*Elektirikii: Warra Reefu Eegaluuf*” kan jedhamaniidha. Isnoobool kitaabota kanniin qo’achaa fi karoora qopheessaa kan

ture kutaa dur hanqaaquun itti kuufamaa ture keessatti yoo ta’u, kutaan kunis lafti isaa muka diriiraa ta’een sirritti wal qixxaatee waan tolfameef, fakkii garagaraa irratti kaasuuf mijataadha. Yeroo tokko tokko, sa’aatii dheeraadhaaf akkuma kutaa san keessatti dabarsetti tura. Kitaaba isaa dhagaa xiqqoo jidduu kaa’uun eega saaqqatee booda, boronqii quba miila isaa fuuladuraa san jidduutti qabatee asiif achi jechaa, olumaa gadi sararaa fi darbee darbees gammachuudhaan kophumatti sesseeqaa dabarsa. Suutuma suutaan ijaarsi isaa wal xaxaa fi fakkiin isaas lafa kutaa sanii walakkaa ta’u fudhachaa kan dhufe, karoorichi, beeyladooata kaawwanitti yoo agarsiifamu, gonkumaa galuufii baatullee baayyee dinqisiifatan. Hundi isaanii yoo xiqqaate guyyaatti al tokko dhaqanii karoora Isnoobool qopheessu sana daawwatu. Handaaqqonnii fi daakkiyyoonnillee hin hafne; fakkiiwwan inni kaaserra ejjetanii akka hin balleessine cinqamaatis ta’u, daawwatanii galu. Naappooliyoon qofa ture garagaleetuu laaluuf fedhii kan hin agarsiisne. Jalqabumarraayyuu kaasee ture yaada Madda Humna Bubbee ijaaruu kana akka mormu kan ibsate. Gaaf tokko garuu, osoo hin eegamin, akkuma tasaa waan hojjetamaa ture sana gulaaluu dhage. Kutaa sana keessattis, karooricha sirritti gadi qabee tokko tokkoon sakatta’aa fi yeroo tokkoo lama akka fuunfachuu eega godhee booda, ija dalgaatiin beeyladooata kaawwan ilaalaa dhaabbate. Takka turees, luka isaa ol qabuudhaan karoora qophaaye san irratti eega fincaa’ee booda, waa tokko osoo hin dubbatin achii bahe.

Dhimma ijaarsa Madda Humna Bubbee irratti wal qoodiinsa guddaatu uumame. Karoora kana hojiitti jijjiiruunis waan salphaa akka hin taane Isnooboolis ta’u haalee hin beeku. Dhagaa ijaarsaaf oolu tabbatti ol guuranii ittiin ijaaruu, mismaara

oomishuu, fi akkasumas shiboo gara garaa fi jenereetara dhiyeessuu fa’a ture kan isaan eeggatu. ‘Kuni hundi akkamiin argama?’ kan jedhuuf, Isnoobool ammatti waan ibse hin qabu, garuu guutuun isaa waggaa tokko keessatti akka dhumatu dubbate. Naappooliyoon ammoo gama isaatiin, “wanti hatattamaan nu barbaachisu oomisha midhaanii guddisuu irratti fuulleffachuudha malee kanaa miti; san ta’uu baannaan hundi keenya beelaan dhumna” jedha. Beeyladoonnis, gartuu lamatti wal qooduudhaan, dhaadannoowwan “*Isnoobool fi Hojii Torbanitti Guyyaa Sadii Qofaatiif Filadhaa*” fi “*Naappooliyoon fi Nyaata Mooraa Nu Guutuuf Filadhaa*” jedhan qabatanii duuluu eegalan. Beenjaamiin qofa gartuu tokkottillee kan hin makamne. “Nyaannis nuuf hin baayyatu, Maddi Humna Bubbee jettan kunis hin milkaawu” jechuun of amansiisee ture inni. “Maddi Humna Bubbee jiraatee jiraachuu baatee jiruun akkuma duriitti itti fufa” jedha – akkuma jiruu gadadoo ta’etti jechuu isaati.

Waldhabbii ijaarsa Madda Humna Bubbee irratti ka’een alattis, waa’een barbaachisummaa ijaarsa raayyaa ittisa ganda saniitis gaaffii biraa ture. Ilmaan namaa Lola Mooraa Loonii irratti kan moo’aman ta’ullee, yeroo biraas yaalii cimaa ta’e gochuudhaan Obbo Jooni deebisanii moosisuu ni yaalu amantaa jedhutu jira. Oduun haalli ilmaan namaa Ganda Beeyladooaa keessatti itti moo’aman kunis biyya keessa faffaca’uu isaatiirraa kan ka’e beeyladoonni ganda biraatis diddaa agarsiisaa waan dhufaniif, ilmaan namaatis salphina moo’amuu kana ofirraa kaasuuf jecha Ganda Beeyladooaa sanatti waraanaaf deebi’uu danda’uun isaanii waan baayyee shakkisiisus hin turre. Akkuma beekamu, Naappooliyoon fi Isnoobool ammas waliif galuu hin dandeenye. Akka Naappooliyoon jedhutti, beeyladoonni kan fuulleffachuu

qaban meeshaalee waraanaa argachuu fi itti fayyadama isaa baruudha. Akka Isnooboolitti ammoo, wanti murteessaan, makoodota basaasummaadhaaf erguu itti fufuudhaan gandoota biroo keessattis fincilli wal fakkaataan akka ka’u taasisuudha. Tokko “waraana nutti dhufuuf hin qophoofnu yoo ta’e ni weeraramna” kan jedhu yoo ta’u, kaan ammoo “gandoota birootti fincila wal fakkaataa yoo kaasne, namni irraa of ittisuu qabaannu hin jiraatu” jedha. Beeyladoonnis al tokko Naappooliyoon, al tokko ammoo Isnoobool dhaggeeffachaa gara itti goran wallaalan; inumaayyuu yaadni isaanii faallaa ta’ullee, booyyeewwan lamaanuu battala dubbatan sanitti hundumaa amansiifachaatumaa turan jechuun ni danda’ama.

Dhumarrattis, guyyaan itti karoorri Isnoobool qophiin isaa xumurame ni gahe. Yaa’ii isa itti aanu kan gaafa Dilbataa irrattis, gaaffiin ‘hojii Madda Humna Bubbee kana haa eegallu moo haa dhiisnu?’ jedhu, filannoof akka dhiyaatu murtaa’e. Guyyaan sunis gahee, mooraa guddicha keessatti eega walgahanii booda, Isnoobool ol ka’uudhaan barbaachisummaa Madda Humna Bubbee ibsuu eegale – darbee darbee mar’annaa hoolotaatiin jeeqamaa kan ture ta’ullee. Itti aansuun, Naappooliyoonis yaada achirratti qabu dhiyeessuuf ka’e. Akkuma sagalee isaa gadi qabeen, ijaarsi kuni hagam hiika dhabeessa akka ta’ee fi beeyladni tokkollee “haa ijaaramu” jedhee akka hin filanne gorsuudhaan gadi taa’e. Naappooliyoon sekondii soddoma caalaa hin dubbanne; beeyladuma tokkollee amansiifachuudhaaf waan dhimmames hin fakkaatu. Yeroo kanatti ture Isnoobool utaalee kan ka’ee fi hoolota akkuma inni ka’een mar’achuu eegalanitti kan iyye. Miiraan guutamee, waa’ee barbaachisummaa ijaarsa sanaa ibsuu itti fufe. Kanaan dura yaadni isaanii gargar qoodamee kan turan, beeyladoonni, amma garuu bilchinni Isnoobool waan

isaan hawwachaa dhufe fakkaatan. Innis, jechoota isaa amansiisoo ta'an saniin, gaafa hojiin humnaa dugda isaaniirraa bu'e jireenyi hagam salphachuu akka danda'u sammuu keessatti kaaseefi. Amma karoorri isaas maashina midhaan quncisuu fi calleessu qofaaf osoo hin taane, sanirra fageessee yaaduu ta'eera. "Humni elektirikii maddisiifamu kuni, lafa qotuu, midhaan haamuu fi calleessuun dabalatee mooraawwan beeyladoo hundaatifuu ibsaa, bishaan ho'aa fi qorraa, akkasumas maashina kutaawwan sana hoo'isu galchuuf nu tajaajila" jechuun ibse. Yeroo Snoobool haasaa isaa xumurutti, sagaleen caalmaan garam akka deemu shakkiin hin turre. Naappooliyoonis ol ka'uudhaan, Snoobool ija dalgaatiin eega laalee booda, sagalee kanaan dura dhagahamee hin beekneen siiqsuu eegale.

Battaluma sanatti sagaleen duttaa sodaachisaa ta'e dhagahame. Edaa, saroota diriin mormatti hidhamee fi baayyee gurguddoo ta'an sagaltu garmalee fiigaa gara mooraa guddichaa dhufaa ture. Snooboolis xiqqumaaf utaaalee qarriffaa isaanii jalaa of baase malee, saroonni suni kallattumaan isa qabachuuf dhufan ture. Snooboolis yoosuma balbalaan bahee kan kute; saroonni saglan sunis isa duukaa bu'an. Waan dhalate gara kan wallaalan fi sodaadhaan kan liqimfaman, beeyladoonni kaawwan, girrisanii gadi yaa'uun wal ariisaa san ilaaluu eegalan. Snooboolis kaloo qaxxaamuruudhaan gara daandii guddichaa fiiguutti qajeele. Inni haga humna booyyee tokkoo fiigaatuma turullee, saroonnis isa qabachuuf itti dhiyaataa dhufan. Osoo kanaan jiranuu tasa kan kufe, Snoobool, waanuma dhumateef fakkaate. Ta'us inuma ka'e; akka tanaan dura fiigee hin beeknetti, humna qabu hundaan fiigaa fi saroonnis deebisaniituma itti dhiyaachaa wal ariisaan itti fufe. Keessaayyuu, sareen tokko eegee isaa qabachuuf bira gahee ture, Snoobool jabaateetuma jalaa butatee qajeele malee.

Dhumarrattis, yeroodhuma saroonni meetira tokkoo gadi itti dhiyaatanii turanitti, hulaa dallaa jala jirtu takkaan hulluuqee miliquu danda'e. Saniin booda hin mul'anne.

Beeyladoonnis, sodaa fi callisaan akkuma guutamanitti, gara mooraa ol dacha'an; saroonni sunis hoggasuma fiigaa deebi'an. Jalqabarratti, hundi isaaniyyuu, saroonni gurguddoon kuni eessaa akka dhufan gara kan wallaalan ta'ullee, wanti hiibboo itti ta'e kuni xiqquma turee deebii argate: edaa isaan buchilloota saglan Naappooliyoon duraan haawwan isaanii jalaa fuudhee kophaatti guddisuuf waadaa galee ture sanniini. Guddina kan fixan ta'uu baatullee, qaamaan baayyee gurguddoo fi argaan akka bineensa daggalaa baayyee sodaachisoodha. Saroonni saglan sunis Naappooliyoonitti siqanii dhaabbatan. Akki saroonni kuni Naappooliyooniif eegee itti mirmirsaa turanis, akkaataadhuma saroonni duraan Obbo Joonsiif godhan san ta'uutu hubatame.

Naappooliyoonis, sarootaan hordofamuudhaan, gara lafa olka'aa akka waltajjiitti tajaajilu sanatti ol bahe. Waltajjiin kuni isuma Meejariin du'a isaa dura beeyladooataaf ergaa itti dabarseef sanadha. Naappooliyoonis, Yaa'iin torban torbaniin gaafa Dilbataa ganamarratti gaggeeffamu suni, akkasumaan yeroo qisaasessuu yoo ta'e malee barbaachisummaa waan hin qabneef, guyyaa sanarraa kaasee akka hin jiraanne labse. Fuuladuraaf, dhimmoonni ganda sanaa, koree addaa booyyewwaniitiin (kan Naappooliyooniin hoogganamu) kan murteeffaman yoo ta'u, koreen kunis walgahii cufaa gaggeessuudhaan waan murtaa'e beeyladooataaf kan gabaasu ta'a jedhame. Beeyladoonni hundinuu gaafa Dilbataa sirna alaabaa fannisuu fi faarfachuu, akkasumas ramaddii dalagaa torban itti aanuu fudhachuu kan itti fufan yoo

ta’u, dhimmoota gara garaa irratti marii waliigalaa gaggeessuu fi wal falmuu wanti jedhamu garuu akka hafu taasifame.

Amalli Naappooliyoon agarsiise sodaa fi rifaatuu guddaa keessa isaan galchullee, beeyladoonni labsii haaraa kanatti hedduu mufatan. Osoo bilchina qabaatanii fi maal jedhanii falmii isaanii akka dhiyeessan kan beekan ta’etii, hedduun isaanii mormii inuma dhageessisu tureeyyu. Kan biraa hafee, Booksar mataan isaa, homtuu hin liqimfamneef. Gurra duubatti qeensaa fi lukaana lafa dhidhiitaa yaada isaa sassaabbachuu yaalullee, waan silaa dubbachuu danda’u tokkollee dhufuufii dide. Booyyeewwan muraasni garuu beeyladoo kaawwanirra haalaan yaada ibsachuu danda’anii turan. Booyyeewwan umuriin ijoollee ta’an, kan gara fuula duraatirra jiran afran tokko, sagalee mormii dhageessisaa, utaalanii lafaa ka’uun bakkuma tokko haasawuu eegalan. Garuu, battaluma sanatti, saronni Naappooliyoon marsuun dhaabatanii jiran sun sagalee furdaa ta’een gorori’uu eegallaan, booyyeewwan sunis callisuudhaan deebi’anii gadi taa’an. Itti aansuunis, hoolonni, mar’annaa isaanii “Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama Badaa! Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama Badaa!” jedhu sana gara daqiiqaa kudha shaniitiif osoo addaan hin kutin itti fufuudhaan mariin tokkollee godhamuu akka hin dandeenye taasisan – walgayichis addaan cite.

Walgayicha boodas adeemsa fi ittiin bulmaata haaraa sana beeyladoo akka ibsu itti gaafatamummaan kan laatame Iskuwiilariifi.

“Jaallan,” jedhe Iskuwiilar, “itti gaafatamummaa haaraa ofitti fudhachuudhaan aarsaa Jaal Naappooliyoon kanfalaa jiru kanaaf hundi keessan kabaja qabduuf jedheen amana. Jaallan, teessoon

hooggansaa kuni waan qananii isinitti hin fakkaatin. Inumaayyuu itti gaafatamummaa fi ba'aa guddaadha. Naappooliyoon caalaa walqixxummaa beeyladooataatti kan amanu hin jiru. Waan fedhii keessanii osoo murteeffattanii baayyee itti tola ture. Garuu, Jaallan, yeroo tokko tokko murtee isiniif hin tole murteessuu dandeessu; gaafa san ammoo maaltu dhalata ree? Mee abjuu sobaa isa Isnoobool Madda Humna Bubbee maal maal jechaa daldalu sana osoo hordoftanii deemtanii maaltu akka uumamu yaadaa – kunoo amma Isnoobool yakkamaa ta'uu isaa hundi keenya barree jirra.”

“Isnoobool Lola Mooraa Loonii irratti gootummaa jabaa agarsiise,” jedhe beeyladooata keessaa tokko.

“Gootummaan qofti gahaa miti,” jedhe Iskuwiilar. “Hundarraa kan barbaachisan *amanamummaa* fi *ajajamummaadha*. Lola Mooraa Loonii sanas yoo ta'e, gaafa dhugaan baatee, gaheen Isnooboolis ol guddifamee himamaa jiraachuu isaa itti barru ni dhufa jedheen amana. *Naamusa*, Jaallan, ammallee *naamusa akka sibiilaa jabaate!* Jechi har'aaf sirritti yaadachuu qabdan kana. Diinni keenya tarkaanfiidhuma dogongoraa takka nurratti eegaa jira. Egaa, Jaallan, isin keessa Obbo Joonsi akka deebi'u kan barbaadu hin jiru mitii ree?”

Ammas, gaaffii kanaaf deebii deebisuu kan danda'u hin argamne. Dhugumaanis, beeyladni Obbo Joonsi akka deebi'u barbaadu hin jiru; kanaafuu, “gaafa Dilbataa walgahuudhaan falmii fi marii gaggeessuun Obbo Joonsi nutti deebisuu danda'a taanaan, maal abbaa ishii walgahiinis haa haftu” jedhamuunis dhufe. Booksaris eega yeroo isaa fudhatee itti yaadee booda akkas jechuun waan itti dhagahame ibsate: “Eega Jaal Naappooliyoon jedhee,

sirriidha!”. Sa’aatii sanirraa eegalees “*Naappooliyoon Yeroo Hundaa Sirriidha!*” kan jedhu dhaadannoo Booksar ittiin beekamu ta’e; dhaadannoo isa duraanii “Kana Caalaa Jabeesseen Hojjedha!” jedhu saniin dabalatee jechuudha.

Amma waqtiin arfaasaatis seenee, yeroon lafti itti qotamu gahe. Kutaan Isnoobool karoora ijaarsa Madda Humna Bubbee itti qopheessaa ture suni kan cufame yoo ta’u, fakkiiwwan lafa kutaa sanii irratti kaafamanii turan sunis yoonatti haqamaniiru jedhamee shakkamaa ture. Guyyaa Dilbataa, yeroo hundumaa ganama sa’aatii afuritti, beeyladoonni martuu walgahuudhaan ramaddii hojii isaanii kan torban itti aanuu fudhatu. Lafeen Meejariitis (kan amma foon irraa dhume), bakka dur itti awwaalamee ture lafa qonnaa cinaadhaa buqqifamuun iddoo alaabaan itti fannifamu sanitti, qawwee achi olkaawwamu cinaa akka taa’u taasifame. Sirni alaabaa fannisuu eega xumuramee boodas, beeyladoonni martuu akkuma hiriiranitti, lafee Meejarii sana cinaa darbuudhaan mooraatti akka ol dacha’an godhamuun eegalame. Amma amma, walgahiirratti akka durii sana walitti makamanii taa’uunis hafeera. Naappooliyoon fi Iskuwiilar booyyee biraa isa Miiniimas jedhamu dabalatee (Miiniimas dandeettii walaloo barreessuu fi faaruu qopheessuutiin baayyee beekama) waltajjii isa olka’aa sanirra, saroota saglan marsanii isaan eegan san fuuladura kan taa’an yoo ta’u, booyyeewwan hafan immoo isaan duuba taa’u. Beeyladoonni hafan ammoo isaan fuula dura lafarra tataa’u. Naappooliyoonis ramaddii hojii torban itti aanuu sagalee ulfaataa bifa sodaachisaa qabuun eega dubbiseefii booda, faaruu Beeyladoo Ingilaandi al tokko qofa faarfachuudhaan walgahichi bittinnaa’e.

Dilbata sadaffaa eega Isnoobool ari'ameetiin boodatti, Naappooliyoon Maddi Humna Bubbee akka ijaaramu beeksisuu isaatti beeyladoonni hundinuu baayyee raajaman. Maaliif akka yaada isaa jijjiire homaa sababa kan hin dhiyeessine yoo ta'u, hojiin kuni baayyee ulfaataa ta'uun isaa akka hin oollee fi gahee nyaata isaanii irraa illee hir'isiisuu akka malu akeekkachiise. Karoorri ijaarsaa garuu, haga dalagaa ishee xixiqqoo gahutti, gadi fageenyaan kan qophaa'ee fi koreen booyyeewwaniitis torban sadan darbaniif waan sanarratti hojjetaa kan turan ta'uun himame. Ijaarsi Madda Humna Bubbeetis, fooyya'iinsa garagaraa dabalatee, waggaa lama ni fudhata jedhame.

Galgala sanas, Iskuwiilar beeyladoota hundumaa kopha kophaatti haasofsiisuun, duraanumaayyuu taanaan, Naappooliyoon yaada Madda Humna Bubbee ijaarurratti mormii qabaatee akka hin beekne ibsuu eegale. “Inumaa yaadni kuni jalqaba kan deeggarama Naappooliyooniin ture. Isnoobool ammoo wixinee karoora sanii Naappooliyoon jalaa hatuudhaan karoora sana akka kan ofiitti dhiyeessuu eegale. Yaadni kuni jalqabumaayyuu kan maddisiifame Naappooliyooniin ture” jedhe Iskuwiilar. Achumaan beeyladni wayiitis, “eega dubbiin akkas ta'ee, maaliif Naappooliyoon akkasitti mataa jabaatee yaada kana mormaa ture ree?” jechuun gaafate. Asirratti Iskuwiilar akka sesseequu ta'e. “Suni abshaalummaa Naappooliyoon fayyadameedha; waan yaada kana falmu of fakkeessuudhaan, suuta jedhee, Isnoobool nurraa balleessuu fi hammeenya isaatis agarsiisuuf itti fayyadame. Amma garuu, Isnoobool karaarraa waan nuu ka'eef, karoorichi gufuu tokko malee hojiirra ooluu danda'a. Kuni *tarsiimoo* jedhama,” jechuun ibse Iskuwiilar. Jecha dhumaa tanas irra deddeebi'e! “Tarsiimoo, Jaallan. Ammallee tarsiimoo!” jedhe asiif achi akkuma jechaa jirutti, eegee mirmirsaa fi

gammachuudhaan sesseeqaa. Beeyladooos, jechi inni fayyadame kuni homaa hin galleefi; garuu, Iskuwiilar bilchina dubbii isaatiin amansiifataa waan turee fi saroonni sadan isa waliin turan tokko haala sodaachisaa ta'een gorori'aa waan turaniif, gaaffii tokko malee ibsa Iskuwiilar sana fudhatan.

6

Beeyladoonni bara sana guutuu akkuma waan gabrummaa jala jiraniitti hojjetan. Garuu ammoo dadhabbiin isaanii, ilmaan namaa waa tokko osoo hin hojjetin waa hunda jalaa fudhatan saniif osoo hin taane, mataadhuma isaanii fi dhaloota itti aanuuf oola jedhanii waan amananiif, gammadaatuma duubatti harkifannaa tokko malee aarsaa barbaachisu kanfalaa turan.

Waqtii arfaasaa fi gannaa sanas, guutummaatti torbanitti sa'aatii jaatama fa'a hojjechaa kan turan yoo ta'u, ji'a Hagayyaa keessa ammoo, "ammarraa kaasee, gaafa Dilbataa, sa'aatii boodas hojiin kan jiraatu ta'a" jedhamuun Naappooliyooniin labsame. Hojiin Dilbata sa'aa boodaa kunis fedhiidhaan ta'a jedhamee kan ture ta'ullee, beeyladni irraa hafu ammoo gaheen nyaata isaa walakkaadhaan akka irraa hir'ifamu murtaa'e. Dabalataanis, hojiin tokko tokko akka dhaabbatu gochuun dirqama ta'ee argame. Callaan argame kan bara duraatiin gadi; ooyiruun lama, kan waqtii gannaa keessa waan akka dinnichaa silaa irratti dhaabamuun males, lafti yeroon waan hin qotamneef osoo hojiirra hin oolin hafe. Waqtiin bonaa itti deemamaa jiru suni ulfaataa akka ta'us ifa ta'aa dhufe.

Ijaarsi Madda Humna Bubbee rakkoowwan hin eegamne garagaraa dhaluu eegale. Lafa qonnaatirra dhagaa ijaarsaaf oolu gahaatu jira; kutaalee qe'ee san jiran keessaa tokko keessattis simintoo fi ashaawaa gahaatu argame; waan ijaarsaaf barbaachisu hundaa inuma qabu. Garuu, gaaffii guddaan furmaata dhabe, 'akkamitti dhagaa san caccabsinee tabba sanatti ol guurra?' kan jedhuudha. Doomaa fi burruusaan alatti akki itti kana hojjetan hin jiru; san gochuuf ammoo, akka ilmaan namaa, luka lamaan

dhaabataniis meeshota kana fayyadamuu hin dandeenye. Torbanoota muraasa akkasumaan dhibaa'aa eega bahanii booda ture tokkoo isaanii wayii kan ifeef – kunis humna harkisa lafaa fayyadamuudha. Iddoo akka golbaa ta'e tokko keessa ture dhagaawwan gurguddaan kan jiran. Beeyladoonnis, dhagaawwan kanarratti wadaroo itti maruudhaan, hundi isaanii – jechuunis saawwan, faradoo, hoolota fi darbee darbees booyyeewwan dabalatee – bakkuma tokko, suuta jechaa golba sana keessaa ol baasuudhaan, akka caccabuuf deebisanii gadi lakkisu. Gaafa akkasitti caccabes, gara iddoo ijaarsaa sanatti geessuuf baayyee salphata. Faradoonni gaariidhaan fi hoolonni cabaadhuma tokko tokko harkisaa kan turan yoo ta'u, Muuriyeel fi Beenjaamiin illee gaarii dullooma tokko ofitti fe'uudhaan gahee isaanii bahachuu eegalan. Dhuma waqtii gannaatirrattis, eega dhagaan ijaarsaaf ta'u gahaan kuufamee booda, hooggansa booyyeewwanii jalatti ijaarsi eegale.

Garuu hojii harkifataa fi garmalee dadhabsiisaa ta'e. Yeroo baayyee, dhagaa tokkicha golba sana keessaa ol baasuuf guyyaa tokko guutuu fudhata; yeroo tokko tokko ammoo dhagaadhumti suniiyyuu yoo gadi gangalchamu cabuu dida. Hagumti godhame suniiyyuu garuu Booksariin alatti waan yaadamu hin turre – humni isaa, qofaadhumatti, humna beeyladoota kaanii hundumaa walitti ida'ameeyyuu waanuma caalu fakkaate. Yeroo dhagaan didee duubatti jalaa deebi'uun, beeyladoonni kuunis gamteefii duubatti waliin deebi'uuf gahan, Booksar ture ciniinnateetuma duubatti deebi'uurraa kan hambisu. Yeroo inni suutuma suutaan foqoqaa, dafqi irra citaa, kotteedhaan lafa gadi waraannachaa fi hafuurri isaa ciccitaatuma dhagaa sana harkisu, beeyladoonni kuun ajaa'ibsiifachaatuma oolu. Humnaa ol akka of hin hojjechiisne Kiloovar darbee darbee isa akeekkachiistullee,

Booksar gonkumaa ishee dhagahuu dide. Dadhabbi fi rakkoo jiru hundaafuu, dhaadannoowwan “Kana Caalaa Jabeeseen Hojjedha!” fi “Naappooliyoon Yeroo Hundaa Sirriidha!” jedhan suni isaaf jajjabina gahaa ta’an. Booksar, inumaayyuu handaaqqoo tokkoon, “ganama ganama sa’aatii hojiitiin dura daqiiqaa afurtamii shan dursuun hirriibaa na kaasi” jechuun gaafatee, sanarrattis waliif galan – kunis, isa duraan daqiiqaa soddoma dursee ka’u sanirratti, ammas sa’aatii hojii ofitti dabaluu ta’uu isaati. Yeroo boqonnaa isaattis (amma amma boqonnaaniyyuu hagas mara hin turre), kophaadhuma isaa bakka dhagaan jiru sana deemuun, gargaarsa tokko malee gara iddoo ijaarsaaf barbaadamuu sanatti dhagaa guura.

Waqtii gannaa sana keessa hojiin baayyee ulfaatus, jiruun isaanii hagas mara badaadha jedhanii kan ilaalan hin turre. Nyaata bara Obbo Joonsi keessatti argatan sana caalaa argachuu baatanillee, sanii gadi hin argatan. Ofuma qofaa isaanii sooruu fi ilmaan namaa maxxantoota ta’an suni dhabamuun, hanqinoota amma jiran kan isaan dagachiisu ta’e. Karaa hedduudhaanis, tooftaan beeyladoonni hojiif itti fayyadaman kan saffisuu fi ba’aa hir’isu ta’ee argame. Fakkeenyaaf, dalagaawwan akka aramaa buqqisuu, qulqullina ilmaan namaa itti raawwachuu danda’an caalaatti godhama. Amma, beeyladni midhaan hata jedhamus waan hin jirreef, kaloo fi maasaa qonnaa jidduutti dallaa ijaaruu fi yeroodhaa gara yerootti suphuudhaaf dirqamuun hafeera. Ta’us garuu, akkuma ganni hammaachaa dhufeen, hanqinootni hin eegamne yaaddoo uumuu eegalan. Wantootni Ganda Beeyladoo keessatti oomishamuu hin dandeenye kan akka gaazii boba’aaf ooluu, mismaaraa, shiboo, biskuutii sarootni nyaatanii fi sibiila kotte fardaarratti rukutamuu fa’a irratti dhabamiinsi uumame. Gara boodaatiifis sanyiin facaasaaf oolu,

xaa'oon, meeshaawwan garagaraa fi keessattuu ammoo maashiniin Madda Humna Bubbeetiif oolu jiraachuu dhabuun isaanii ammumaan yaaddoo uumuu eegale. 'Wantootni kuni hundi akkamumatti argamu?' kan jedhuufis kan mala dhahuu danda'u hin argamne.

Ganama gaaf Dilbataa tokko, iddoo beeyladoonni ramaddii hojii torban itti aanuu fudhachuuf walgahanitti, Naappooliyoon, imaammata haaraa baasuuf murteessuu isaa beeksise. "Ammarraa kaasee Gandhi Beeyladooataa gandoota ollaa waliin hariiroo diinagdee kan eegalu ta'a; kunis daldala biraatiif osoo hin taane, meeshaaleedhuma hatattamaan barbaachisan argachuun akka danda'amuufi. Barbaachisummaan ijaarsa kanaa waa hundarra dursi laatamuufii qaba!" jedhe Naappooliyoon. Ammaaf cidii tuulaa tokkoo fi callaa qamadii barana argame gurguruuf haalli kan mijate yoo ta'u, akka barbaachisummaa isaatti laalamee, gara fuuladuraatiif ammoo hanqaaquun gurguramuu akka malu hime – bittaa hanqaaquutiif ammoo Gandhi Wiiliingidan beekamaadha. Handaaqqonnis, aarsaa kana, akka ijaarsa Madda Humna Bubbeetiif gahee isaanii taphachuutti ilaaluu qabu jedhame.

Beeyladoonnis, wanti hunduu gara hin taane deemaa akka jiru hubachuun isaanii hin oolle. Yoomiyyuu ilma namaa waliin qunnamtiin bifa kamiituu akka hin uumamnee fi daldalli akka hin gaggeeffamne; beeyladoonnis qarshii akka hin fayyadamne jedhamee kan murtaa'e, Yaa'ii isa jalqabaa, kan akkuma Obbo Joonsi fonqolchameen booda gaggeeffame sanarratti hin turree? Beeyladoonni hundinuu ejjannoo kana labsuu isaanii ni yaadatu – yoo xiqqaate waan yaadatan itti fakkaate. Booyyeewwan ijoollee ta'an, kan yeroo Naappooliyoon Yaa'iin akka hafuuf

labsii baasu morman suni, ammas sodaachaatumaa yaada mormii dhageessisuu yaalanillee, saroota sagalee sodaachisaa ta'een gorori'an saniin deebi'anii akka taa'an taasifaman. Itti aansuunis, akkuma barametti, hoolonni mar'annaa isaanii isa addaan hin cinne sanaan "Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama Badaa! Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama Badaa!" jechaa callisa sodaan dhale cabsan. Dhumarrattis, Naappooliyoon luka isaatiin lafa rukutuun waca eega dhaamsee booda, hariiroo diinagdee eegalamuuf jiru sanaaf haalli hunduu mijeeffamuu isaa beeksise. Beeyladoonni tokkollee ilmaan namaa waliin waan walitti isaan fidus akka hin jiraanne ibse. Dirqama hariiroo kana milkeessuutis Naappooliyoon guutummaatti ofii isaatti fudhate. Namtichi Obbo Wiimpar jedhamu, kan Ganda Wiiliingidan keessa jiraatu, hariiroo diinagdee Ganda Beeyladooataa fi gandoota ollaa jidduutti gaggeeffamurratti akka faddaalaatti tajaajiluuf kan waliif gale yoo ta'u, torban torbaniin gaafa Wiixataatis gara Ganda Beeyladooataa dhufuun ajaja fudhata jedhame. Naappooliyoonis haasaa isaa dhaadannoo ittiin beekamuun "*Gandi Beeyladooataa Bara Baraan Haa Jiraatu!*" jechuun yoo xumuru, faaruu Beeyladooata Ingilaandi booda walgahichis goolabame.

Walgahicha boodas, beeyladooata shakkii fi sodaan keessatti uumamee ture tasgabbeessuuf, Iskuwiilar hundarra naanna'ee haasofsiisuu eegale. "Ejjannoon 'daldala keessa hin seeninaa' fi 'qarshii hin fayyadaminaa' jedhamu takkumaayyuu labsamuu dhiisii yaadameetuu hin beeku. Jalqabni soba kanaatis oduudhuma Isnoobool facaasaa ture ta'uu mala," jechuun kakateef Iskuwiilar. Beeyladoonni muraasni, ammallee waan kuni liqimfamuufii dide. Iskuwiilaris, bifa qoosaa fi taajjabbiitiin, "Jaallan, labsiin 'ni yaadanna' jettan kuni, waan abjuu keessa argitan ta'innaa?" jechuun gaafate. "Wanti akkasii labsamuu

isaatiif ragaa qabduu? Wanti barreeffamaan lafa kaayame jiraa?” Dhugumaanis ammoo ragaan akka Iskuwiilar gaafatuu suni tokkollee waan hin jirreef, beeyladoonni hundinuu “numatu dogongore ta’a kaa” yaada jedhutti galan.

Bifuma ittiin walii galameen, Obbo Wiimpar Ganda Beeyladooata sana Wiixata yeroo hundumaa dhaquu eegale. Obbo Wiimpar, gabaabaa fuulli areedaa fi argaan isaa hattuu fakkaatu wayii yoo ta’u, nama abshaala, kan Gandi Beeyladooata faddaalaa akka barbaadan dursee hubatee fi hojii kanaanis gahee isaa saammachuuf qophii tureedha. Yeroo inni achi deddeebi’us, beeyladoonni ija shakkii fi jibbaatiin ilaalaa, haga danda’ameen halaalumatti irraa dheessu. Haa ta’u malee, yeroo Naappooliyoon (booyyeen akkuma beeyladooata biroo luka afuriin deemu sun) ilma namaa luka lamaan deemu sanaaf ajaja kennu arguun, beeyladooata keessatti miira boonsaa waan uumeef, hariiroo dura falmaa turan sana xiqqoo akka fudhachuu ta’aa dhufan. Ijji beeyladooatni ilmaan namaa ittiin ilaalan gonkuma bakka durii san hin jiru. Ilmaan namaatis jibbi isaan Ganda Beeyladooataaf qaban kan duriitii gadi miti; inumaayyuu jibba san caalu horataniif. Kadhaan ilmaan namaa, kan ganamaa fi galgalaa, akkuma Gandi Beeyladooata kufaatii diinagdee keessa seenuu fi hundarraa ammoo, akkuma ijaarsi Madda Humna Bubbee suni hin milkooftedha. Mana dhugaatiitti walgahanii, Maddi Humna Bubbee beeyladoonni ijaaraa jiran suni maaliif akka dhaabbachuu hin dandeenyee fi yoo dhaabbates maaliif akka tajaajila kennuu gonkuma hin dandeenye wal hubachiisu. Garuu, jaalachuus baatan, gahuumsa beeyladoonni dhimma isaanii ofumaan ittiin gaggeeffataa turaniif kabaja horachaaftii dhufuun isaanii hin oolle. Waan kabajni kuni dhale keessaas tokko, ganda sana ‘*Ganda Beeyladooata*’ jechuudhaan waamuu eegalaniiru; “maqaa isa

durii ‘*Ganda Maanoor*’ jedhamuun malee hin waamnu!” jechuunis ni hafe. Obbo Joonsis, hawwii ganda sana deebisee dhuunfachuu dhiisuudhaan abdii kutee ganda biraa keessa jiraachuu eega eegalee booda, maqaan isaa ilmaan namaa jidduutti dhaadeffamuun ni hafe. Karaa Obbo Wiimpariin yoo ta’e malee Ganda Beeyladooataa fi gandoota biroo jidduu wal-qunnamtiin kallattiidhaa kan hin jirre yoo ta’u, Naappooliyoon, Ganda Fooksiwuud irraa Obbo Piilkiingitan waliin, yookiin Ganda Piinchifiildi irraa Obbo Fireedariik waliin hariiroo diinagdee wayii eegaluuf akka jiru oduun eega naannawuu eegalee bubbuleera – jara lamaan wal jibban sanaa waliin bakka tokko ta’uu gonkuma hin danda’u amantaan jedhu waan jiruuf.

Jidduu kana keessa ture booyyeewwan mana Obbo Joonsi dur keessa jiraataa ture sanatti galuudhaan jireenya isaanii achi godhachuu kan eegalan. Beeyladoonnis, ejjannoon dur fincila booda baasan, kan ‘beeyladni tokkollee yoomiyyuu mana keessa akka hin jiraanne’ jedhu sana yaadatan illee, kuni dogongora ta’uu fi ejjannoon akkana jedhu baheeyyuu akka hin beekne Iskuwiilariin itti himame. “Iddoon callisa qabu, booyyeewwan sammuu ganda kanaa ta’aniif, dalagaa isaanii sirritti akka bahataniif hedduu barbaachisaadha. Dabalataanis, mana sana yoo ta’e malee, mooraa keessa jiraachuun kabaja Bulchaa Keenyaa Jaal Naappooliyooniif hin malu” jechuun dubbate Iskuwiilar (eega jidduu kanaatii, maqaa Naappooliyoon dura jecha “*Bulchaa Keenya*” jedhu kaa’u malee hin darbu). Ta’us garuu, booyyeewwan nyaata kushinaatti galfachuu fi kutaa mana sanii keessaa tokko bashannanaaf fayyadamaa jiraachuu qofa osoo hin taane, siree Obbo Joonsi keessallee ciisuu eegaluu isaanii gaafa hubatan, beeyladooati tokko tokko miira jeeqamuu keessa seenuun isaanii hin oolle. Booksar, akkuma barate san,

“Naappooliyoon Yeroo Hundaa Sirriidha!” jechuudhaan kan irra darbe yoo ta’u, dhimma sireerra ciisuu kanarratti ejjannoon wayii bahee waan ture kan itti fakkaate, Kiloovar, mooraa keessa gara iddoo Ajajootni Torban itti barraa’anii fannifaman sana dhaquun dubbisuu yaalte. Ta’us garuu, qubee muraasa lakkaawuun alatti jechoota dubbisuun waan itti ulfaateef, Muuriyeel akka dubbistuufiif kadhatte.

“Muuriyeel,” jette Kiloovar, “mee ajaja afraffaa sana naa dubbisi. Ajajni ‘beeyladni kamiyyuu siree gubbaa akka hin rafne’ jedhu wayii hin jiruu?”

Muuriyeelis rakkachaatuma dubbisuu yaalte.

“Ajajni afraffaan, ‘*Beeyladni Kamiyyuu Bullukkoo Uffatee Siree Gubbaa Akka Hin Rafne*’ jedha,” jette Muuriyeel.

Waan gara wallaalchisaa kan ta’e ammoo, duraan ajaja afraffaa keessa jechi ‘*bullukkoo uffatee*’ jedhu akka hin turre Kiloovar yaadachuu isheeti; ta’us garuu, “eega kan barreeffame akkas jedhee, anumatu sirritti hin yaadanne ta’a” amantaa jedhuun ittuma dhiiste. Battala kanatti, saroota sadiin marfamee darbaa kan ture, Iskuwiilar afaan dammaa, dhimma Muuriyeel fi Kiloovar irratti haasawaa turan sana akkas jechuun kallattii barbaadamu qabsiise.

“Jaallan, egaa nuti booyyeewwan siree mana duraanii Obbo Joonsi keessa jirurra rafaa akka jirru quba ni qabdu fakkaata. Ee, rafaatuma jirra, maali badiin isaa? Seerri ‘sireerra hin rafinaa’ jedhu ni jira seetaniiti moo maali? Siree jechuun bakkuma ciisichaati, waan addaa hin qabu. Maqaa haa kenninuuf yoo jedhame, cidiin mooraa keenya keessa tuullannu sunis

sireedhuma. Ajajni keenya kan dhoowwe uumaa ilma namaa kan ta'e bullukkoo uffachuu qofadha. Nutis siree mana keessa jiran, bullukkoo irraa kaasneet, siree duwwaarra ciisaa jirra. Dhuguma, sireen keenyas baayyee mijataadha. Garuu, Jaallan, dhugaan isiniin jedha, haga hojii sammuu fi ifaajjii keenyaatiin mijatina nuuf hin mallee miti kuni. Boqonnaa kana nun dhoowwattaniitii ree, Jaallan? Waa itti gaafatamummaa ulfaataa kana boqonnaa malee nu bahachiistuu? Dhugaa dubbachuuf, Obbo Joonsi akka nutti deebi'u kan barbaadu waan jiru natti hin fakkaatu; jiraa ree?"

Waan dhumarratti inni jedhe kanaafis, beeyladooanni hundumtuu, deebi'uu Obbo Joonsi kan barbaadu akka hin jirre eega mirkaneessaniifii booda, falmiin dhimma siree gubbaa ciisuu booyyeewwanii suni bishaan lixxe. Guyyoota muraasa boodas, booyyeewwan beeyladooata kaawwanirra sa'aatii tokko barfatanii hirriibaa ka'uu kan eegalan ta'uun isaa yoo labsamu, waa'ee sanaatis mormiin kana jedhamu hin dhagahamne.

Waqtiin birraa yoo seenutti, beeyladoonni hundinuu baayyee gamteefii ture; garuu gammadoodha. Bara ulfaataadha dabarsan; walakkaa boqqoolloo fi cidii eega gurgurtaaf oolchanii boodas kuusaan midhaanii waqtii bonaatiif olkaawame kan hagas mara jedhamuu miti. Ta'us garuu, ijaarsi isaa walakkaadhaa ol kan xumurame, Maddi Humna Bubbee, hanqinoota turan cinaatti haamilee guddaa kan horu ta'e. Eega midhaan sassaabamee boodas, waqtii qilleensa gogaatu hordofee dhufe; beeyladoonnis yeroo kamiyyuu caalaa ifaajjiin itti dabale – guyyaa guutuu dhagaa asiif achi guuruun, ijaarsa san meetiruma tokkollee yoo ol kaasne jedhaniituma dafqaa oolu. Keessattuu Booksar, halkanillee ka'uudhaan ifa addeessaatiin kophuma isaa sa'aatii

tokkoo ol fa'a hojjeta. Yeroo boqonnaa isaaniittis, beeyladoonni hunduu ijaarsa Madda Humna Bubbee kanarra naannawaatuma, jabina ijaarsa sanii fi dhaabbii isaatti ajaa'ibamaa, waan akkas naatoo qabu sana ijaaruu danda'uu isaaniitti ofitti raajamaatuma oolu. Kan waa'een ijaarsa Madda Humna Bubbee kuni gonkuma miira isaa hin kakaasne Beenjaamiin qofa. Akkuma barame, "harroonni umrii dheeraa jiraatu" jechuun, waan soorgoo fi sookoo isaa eenyufuu hin galle sana darbachuun ala homtuu afaan isaatii hin bahu.

Amma, jiini Sadaasaa bubbee hamaa waliin seene. Jiidhina turerraayis kan ka'e, simintoo bukeessuun waan hin mijanneef, ijaarsi yeroodhaaf akka dhaabatu gochuun dirqama ta'e. Kan sodaatames hin oolle, galgala gaaf tokko, hobomboleettii hamaan dhufuudhaan manneen ganda sanii baayyee eega miidhee booda, qorqoorroo baayyees irraa bubuqqise. Abjuu baayyee sodaachisaa wayii keessatti sagalee dhukaasaa fageenyarraa waan dhagahan kan itti fakkaate, handaaqqonni, hundi isaaniiyyuu bakkuma tokko hirriibaa utaalanii ka'uun sodaadhaan kaakkisuu eegalan. Laftis bari'ee, beeyladootni hundinuu yeroo hirriibaa ka'anitti, fannoon alaabaa jigee fi mukni lafa qonnaa jiru tokko hundeerraa buqqifamee argan. Battala kanatti ture sagalee mar'imaan gubachuutiin beeyladni hunduu iyyuu kan eegalan. Waan hamaan galgala sana dhalatee ture ija isaanii keessa gale. Maddi Humna Bubbee daaraa godhameera.

Hundi isaanii gara iddoo ijaarsaa sanatti fiigan. Kan yeroo biraa deemsa malee fiigichaaf luka hin kaasne, Naappooliyoon illee, isaanuma dura dura fiigichaan garas qajeele. Eeyyeen, kan halaalaa argan sun dhuguma, bu'aan dafqa isaanii suni dhaabbiirraa kufee lafarra ciiseera; dhagaan caccabsaa fi harkisaa

achiin gahuun ittiin ijaaran sunis amma diigamee bittinnaa'eera. Waan jedhanii dubbatan akkuma gara wallaalanii fi onneen isaanii cabdetti, marsanii ija gaddaatiin ilaalu eegalan. Naappooliyoonis osoo sagalee tokko hin baasin, takka as takka achi deddeebi'e; darbee darbees lafa sussuufuu eegale. Egeee isaa qeensee mirmirsaa osuma jiruu, tasuma gogee hafe. Yaadni wayii waan dhufee fakkaata.

“Jaallan,” jedhe Naappooliyoon sagalee gadi qabeetuma, “kanaaf eenyu akka itti gaafatamu beektuu? Diinni halkaniin dhufee Madda Humna Bubbee keenya nu jalaa diige eenyu akka ta'e beektuu? ISNOOBOOL!!” jedhe sagalee akka bakakkaa lafa sossoosuun. “Isnoobool kana nurratti dalageera. Inaaffaa gara hammeenyaan guutameen fi gantummaa guddaadhaan, galma keenyarraa nu hanqisuu fi ari'amiinsa isaaf male saniif haajaa nu bahachuuf jecha, dukkana keessa dhufee waan gara waggaa tokkoo itti dafqine kana nu jalaa balleesse. Jaallan, kunoo anis sa'aatii ammaa fi iddoo kanatti, Isnoolirratti murtii du'aa murteesseera. Beeylada qabee seeratti isa dhiyeessuu danda'eef beekamtiin 'Goota Beeyladoo, Sadarkaa Lammaffaa' fi habaabiin walakkaa koroojoo ta'u ni laatamaaf. Kan lubbuudhaan isa qabuu danda'eef ammoo koroojoo guutuu.”

Isnoolumti duraan beekan suni yakka suukaneessaa akkanaa isaanirratti dalaguu danda'uu isaa amanuuf baayyee kan rakkatan, beeyladoo, rifaatuu guddaa keessa galan. Aariin guddaan keessa isaanii seenuudhaan, beeyladoo hundiin Isnool akkamitti akka qabatan yaaduu eegalan. Osuma hagas mara hin turinis, tabba Madda Humna Bubbee irratti ijaarame sanirraa xiqquma siqee, marga keessatti hafteen faana booyyee argameera jedhame. Faanni kunis meetiruma muraasa qofaaf hordofamuu

kan danda'ame yoo ta'u, gara boolla dallaa jala jiruu tokkotti waan qajeelu fakkaate. "Kunis, Isnoobool kallattii gara Ganda Fooksiwuud irraa dhufuu akka hin oolle agarsiisa" jedhe Naappooliyoon.

"Jaallan, homaa yeroo gubuu hin barbaachisu!" jedhee dhaadate Naappooliyoon eega faana muldhate sanirratti qorannoon gaggeeffamee booda. "Hojiin nu eeggatu baayyeedha. Ganama kanarraa kaasee dalagaa Madda Humna Bubbee deebisanii-ijaaruutti seenna; rooba yookiin aduu osoo hin jedhin waqtii bonaa kana guutuus jabeessineetuma itti fufna. Gantuu gara hammeessa kana, yoomiyyuu galma keenyarraa nu gufachiisuu akka hin dandeenye itti agarsiisna. Jaallan, yaadadhaa, kaayyoo fi karoorri keenya ammas hin jijjiiramu: haga guyyaa dhumaatti itti cichinee xumurra. Jaallan, Gara Fuulduraa!! *Maddi Humna Bubbee Bara Baraan Haa Jiraatu! Gandi Beeyladooaa Bara Baraan Haa Jiraatu!*"

7

Waqtiin bonaa garmalee hammaataa ta'e. Rooba jabaa fi bubbee ulfaataadhaan eegale; itti aansuunis cabbii hordofsiifatee dhufuudhaan haga ji'a Guraandhalaa osoo addaan hin citin itti fufe. Beeyladoonnis addunyaan guutuun, keessattuu ilmaan namaa, kufaatii isaanii arguuf foolachaa akka turan waan beekaniif, suphaa fi ijaarsa Madda Humna Bubbee irratti humna isaanii homaa osoo itti hin sassatin hojjechaa turan.

Ilmaan namaatis, beeyladoouma aarsuudhaaf jecha, oduu 'ijaarsa Madda Humna Bubbee Isnoobooltu diige' jedhu sana akka waan hin amanneetti of dhiyeessuu eegalan: "ijaarsi isaa waan faara hin qabneef ofumaaf jige" jedhu. Kuni dhara guddaa akka ta'e beeyladoonni bareechanii beeku. Ta'us garuu ijaarsa haaraa kana kan duriitirra harka lama jabeessanii ijaaruuf murteeffatan – kunis dhagaa kanaan dura guuran san caalaa guuruuf dirqamuu jechuudha. Yeroo dheeraadhaaf, lafti dhagaan keessaa guuramu cabbiidhaan waan guutameef osoo homaa hin hojjetamin hafe. Cabbiin qabbanaa'ee, qilleensi gogaa fi garmalee qorraan gaafa hordofee dhufutti, haga ta'e hojiin eegalamus, garmalee ulfaatina haalaa fi hojiitirraa kan ka'e, beeyladoonni akka duraanii sana haamilee horachuu hin dandeenye. Yeroo hundaa qorrumatu isaan fixa, beellis itti hammaate. Booksar fi Kiloovar qofa ture kan qalbiin hin cabne. Iskuwiilaris waa'ee 'tajaajilaaf of kennuu fi kabaja hojii hojjechuun isaaniif horu' ilaalchisee haasaawwan ajaa'ibaa taasisuu ittuma fufe. Garuu, hundarraa beeyladooatti haga ta'e haamilee kan hore, jabina Booksar fi dhaadannoo isaa "Kana Caalaa Jabeeseen Hojjedha!" jedhu sana.

Ji'a Amajjii keessa hanqinni nyaataa uumame. Gaheen boqqoolloo beeyladni tokko argatu baayyee kan gadi hir'ifame yoo ta'u, isa bakka buusuuf mataa mataatti hundumaafuu dinnichaan tokko kan hiramuu ta'uu labsame. Labsiin kunis bahee osoo hin turin, dinnichaan kuusamee ture tokko sirritti waan hin uwwifamneef, harki caalmaan isaa jiidhinaan tortoruun isaa barame – baduu isaatirraa kan ka'e bifas jijjiirrachuu eegaleera. Yeroo itti guyyootaaf cidii fi waan akka hiddaan alatti nyaanni tokkollee hin argamnetu dhufe. Hoongeenis ija itti babaasaa waan dhufe fakkaate.

Dhugaa kana addunyaa ganda saniin ala jirurraa awwaalanii dhoksuun baayyee barbaachisaa ta'e. Eega diigamiinsa Madda Humna Bubbee sanii kaasee, ilmaan namaa soba oomishuudhaan Ganda Beeyladooataa maqaa balleessuurratti bobba'anii turan. Oduuwwan hafarfamaa turan keessaa muraasni, beeyladoonni beelaa fi dhibeedhaan dhumaa akka jiranii, fi gara ilmaanuma ofii fi waliinis wal nyaachuutti seenuu isaanii fa'a. Waa'een hanqina nyaataa amma dhugumaan uumame kuni yoo ganda saniin alatti dhagahame rakkoo uumamuuf jiru kan hubate, Naappooliyoon, Obbo Wiimpar fayyadamuudhaan oduu isaaf tolu hafarsiisuuf murteesse. Deddeebii Obbo Wiimpar torban torbaniin taasisu keessatti beeyladoonni isaa waliin kallattiin wal qunnamanii hin beekan ture; amma garuu, beeyladoonni akka hoolaa, gaafa Obbo Wiimpar dhufu, osoo ofirratti hin beeksisin, waa'ee dabalammuu gahee nyaataa bifa inni dhagahuu danda'uun akka dudubbatan ajajni kenname. Dabalataanis, kuusaan midhaanii amma duwwaa ta'ee jiru suni biyyeedhaan guutamee, gubbaarri ammoo callaa midhaanii xiqqoo jirtu sanii fi nyaatota biraatiin akka uwwifamu Naappooliyoon ajaja dabarse. Obbo Wiimparis gowwomsaa isaanii kanaan amansiifameetuma, "Ganda Beeyladooataa keessa

hanqinni nyaataa wayiituu hin jiru” jechuun addunyaatti gabaasuu eegale.

Garuu, gara dhuma ji’a Amajjiitirratti, bakka fe’eeyis ta’u nyaata dabalataa argachuun dirqama akka ta’e ifa ta’aa dhufe. Jidduu sana keessa ammoo Naappooliyoonis bakka beeyladoonni isa arguu danda’anitti hin muldhatu ture; oolmaa fi bulmaatni isaa mana duraanii Obbo Joonsi sana keessa yoo ta’u, balballi hunduu saroota sodaachisoo ta’aniin eegama. Muldhate yoo jedhamellee, bifa sirneeffameen, saroota yoo beeyladni tokko isatti dhiyaate gorori’aniin marfameeti. Dilbatumallee sirna ganamaa saniif hirmaachuu hir’iseera; yeroo baayyee ajaja isaatis karaa booyyeewwan kaaniitiin dabarfata, keessattuu karaa Iskuwiilariin.

Ganama gaaf tokko, guyyaa Dilbataa, handaaqqonni reefu hanqaaquu buusuutti deebi’an sun, hanqaaquu isaanii dabarsanii kennuu akka qaban Iskuwiilar ajaja labse. Edaa Naappooliyoon torbanitti hanqaaquu dhibba afur gurguruuf Obbo Wiimpar waliin waliigaltee mallatteessee jira. Galiin gurgurtaa kanarraa argamus nyaataa fi sanyii midhaanii ganda saniif haga waqtii gannaa gahutti isaan baasisu bitachuuf akka dandeessisu himame.

Yeroo kana dhagahanitti, handaaqqonni iyya isaanii itti kutan. Kanaan dura yeroon aarsaa akkanaa kanfaluun dirqama itti ta’u akka dhufu kan itti himame ta’ullee, dhugaa ta’ee nu qunnama jedhanii hin yaadne. Amma reefu hanqaaquu isaanii hammachuuf qophaa’aa kan turan yoo ta’u, “yeroo kanatti hanqaaquun nu jalaa guuramuun murtii du’aati” jechuun mormii kaasan. Eega Isnoobool fonqolchamee ari’amee booda, yeroo jalqabaatiif ture wanti fincila fakkaatu kan muldhate. Handaaqqonnis,

handaaqqoo gugurraalee sadeen tokkoon durfamuun, hawwii Naappooliyoon fashalsuuf yaalii gochuu eegalan. Malli isaan dhahatanis, barrifatanii baaxii gubbaa eega koranii booda, hanqaaquu achitti buusuudhaan irraa gadi darbatanii cabsuudha. Naappooliyoonis saffisaan tarkaanfii gara jabeessummaan guutame fudhate. Handaaqqonni gonkumaa nyaata akka hin argannee fi beeyladni isaaniif sanyii takkallee taatu itti darbate du'aan kan adabamu ta'uu isaa labsii baase. Saroonni Naappooliyoon sunis adabbii kana hojiirra oolchuuf foolatan. Handaaqqonnis, guyyaa shaniif beela kana kan dandamatan ta'ullee, dhumarratti harka kennachuudhaan, saanduqa isaaniif qophaa'e keessatti hanqaaquu buusuu eegalan. Diddaa sana keessas lubbuu handaaqqoo sagaliitu darbe. Reeffi isaaniis lafa qonnaa cinaatti kan awwaalame yoo ta'u, duuti isaaniis waan biraa osoo hin taane dhibeedhaan wal qabata jedhame. Dhimma kanas Obbo Wiimpar akka hin dhageenye taasifame. Torban torbaniin nama gaariidhaan dhufee sassaabutti kennamaa, dhiyeessiin hanqaaquutis bifuma waliigalame sanaan itti fufe.

Haga ammaa, tana-buutee Isnoobool wanti dhagahame hin jiru. 'Gandoota ollaa kan akka Fooksiwuud fi Piinchifiildi keessaa tokkotti dhokatee jira' oduun jedhu garuu naannawuu eegale. Amma, Naappooliyoonis, hariiroon inni ilmaan namaa gandoota biroo keessa jiran waliin qabu kan duraaniirra baayyee fooyya'eera. Akka carraa ta'ee, kuusaan muka gogaa kan qe'ee san keessa gara waggaa kudhaniitiif olkaawamee ture wayii ni jira; Naappooliyoonis, waan kana gurguruu akka qabu Obbo Wiimpariin gorfame. Obbo Fireedariik fi Obbo Piilkiingitanis bituudhaaf baayyee muddaman. Naappooliyoon garuu 'jara lamaan keessaa kamitti gurguru?' kan jedhurratti garaan walamuun hin oolle. Obbo Piilkiingitanittin gurgura yoo inni

jedhu, oduu ‘Isnoobool Ganda Piinchifiildi keessa dhokatee jira’ jedhutu dhagahama; Obbo Fireedariikittin gurgura yoo jedhu ammoo, oduu ‘Isnoobool Ganda Fooksiwuud keessa dhokatee jira’ jedhutu hafarfamuu eegala.

Gaaf tokko, waqtii Arfaasaa keessa, tasuma waan rifaasisaan tokko dhagahame. “Isnoobool halkan hedduu dhoksaadhaan Ganda Beeyladooaa seenaa jira!” jedhame. Oduu kana kan dhagahan, beeyladoonnis, homaa hirriibniyyuu isaan fudhachuu dide. Galgala galgala dukkana dawoo godhatee seenuudhaan shira hedduu xaxee deema jedhame. Boqqoolloo hatuu, aannan gadi naquu, hanqaaquu caccabsuu, lafa qotame balleessuu, fi midhaan biqile caccabsuun yakkoota Isnoobool ittiin himatamu ta’e. Yoo waan tokko bades, ‘*Isnoobooltu kana godhe*’ jechuun aadaa ta’aa dhufe. Yoo foddaan cabe yookiin ujummoon bishaanii duude, tokko ka’ee ‘Isnoobooltu halkaniin dhufee kana godhe’ jedha; furtuun kuusaa midhaaniitis yoo dhabame, ‘Isnoobooliin ala waan kana eenyuyyuu gochuu hin danda’u’ kan jedhurratti beeylada hundatu walii gala. Waan ajaa’ibaa kan ta’e ammoo, furtuun bade jedhame sun midhaanuma isaanii jalatti dhokatee akka ture eega beekamee boodallee waa’ee himannaa dura Isnooboolirratti godhamee ture sana gaaffii keessa kan galchu hin jiru. Saawwanis, Isnoobool galgala galgala dhokatee seenuudhaan bakka rafanitti aannan isaanii jalaa elmachaa akka jiru sagalee tokkoon himatan. Waqtii bonaa keessa rakkisoo ta’uun kan dabarsan, hantuutonni, Isnoobool waliin beeyladooarratti shira xaxaa jiru jedhame.

Naappooliyoonis dhimma Isnoobool kanarratti qorannoon guutuun akka banamu murteesse. Saroota isa eeganiin akkuma marfametti, manneen ganda san keessa jiran hundumaa irra

deemee sakatta'uu eegale; beeyladoonni kaawwanis fageenya isaaniif eeyyamamurratti ta'anii duukaa deemuun daawwatu. Naappooliyoonis “faana Snoobool fooliidhaanin beeka” jechuun bakka deemu hundumattuu fuunfachuu eegale. Bakka itti goru hundaa, mana handaaqqoo, mooraa loonii, mana kuusaa midhaanii fi kan biroos eega fuunfatee booda, fooliin Snoobool bakka hundumaa jiraachuu isaa hime. Funyaan isaa lafatti gadi qabuun yeroo baayyee eega suufee booda, sagalee aariitiin “Snoobool! Iddoo kana dhufee ture! Kunoo fooliin isaa sirrumatti dhufa!” jedha Naappooliyoon. Yeroo maqaan Snoobool dhahamus saroonni gorori'aa qarriffaa isaanii agarsiisu.

Beeyladoonnis garmalee sodaa keessa seenan. Snoobool hafuuruma hamaa, kan battaluma sanittillee waa isaanirratti dalagaa jiruu fi balaadhaan isaan marsu wayii ta'ee itti mul'ate. Galgala sanas, Iskuwiilar, beeyladoo hunda walitti qabuudhaan ergaa dabarseef. Fuula isaa kan argeef dhimma jabaadhaaf akka ta'e ni beeksisa.

“Jaallan,” jedhee lallabe Iskuwiilar miira tasgabbii dhabuutiin asii fi achi jechaa, “waan gadheen tokko dhalachuu isaa baruu dandeenyeera. Snoobool abbaa Ganda Piinchifiildi kan ta'e, Obbo Firedariikitti of gurgureera. Obbo Firedariikis, Snoobooliin qajeelfamaa, nu waraanuu fi ganda keenya weeraruuf qophaa'aa jira. Afachaa, kan kana caalaa isin rifaasisus jira. Snoobool fincila kan kaase dheebuudhuma aangoo qofaaf nutti fakkaatee kan ture dogongora. Maaliif akka fincila sana kaase beektuu? Snoobool jalqabumarraayyuu kaasee Obbo Joonsi waliin shira nurratti xaxaa ture. Nuti hin beekne malee inni inumaayyuu basaastuu Obbo Joonsi ture. Kana ammoo, dookumantoota Obbo Joonsi asitti gatee bade sanniin, reefu

amma arguudhaan ragaan mirkaneessineerra. Jaallan, kuni anaaf dhugaa hedduu natti mul'ise. Milkaawullee baatu, Lola Mooraa Loonii irratti nu ficcisiisuuf yaalii inni gochaa ture ijuma keenyaan agarre mitii?"

Beeyladoonnis waan kana yoo dhagahan qaamuma isaaniitu gogee hafe. Gantummaa fi hammeenya Isnoobool inni kuni kan Madda Humna Bubbee diiguu sanarrallee caalee itti mul'ate. Garuu, himanni kuni lafee osoo isaan hin seenin dura ture waa tokko kan yaadatan, yookiin waan yaadatan kan itti fakkaate. Kunis haala Isnoobool Lola Mooraa Loonii irratti dura dura deemaa fi bakka hundatti isaan jajjabeessaa ture; haala inni lola sanirratti sekondii tokkoofillee hin dhaabanne fi inumaayyuu qawwee Obbo Joonsi dhukaaseen rukutamee kan ture ta'uu isaa fa'a. Jalqabarratti, kuni hundi ta'ee osoo jiruu waan amma 'Isnoobool Obbo Joonsi waliin hojjechaa ture' jedhamaa jiru kuni liqimfamuufii dide. Kan yeroo biraa waa tokko gaaffii kaasuu hin beekne, Booksar illee, amma waan kuni gaaffii itti ta'e. Luka of jalatti dachaasee eega ciisee booda ija cufachuudhaan yaada isaa sassaabbachuu yaale.

"Ani waan jedhamaa jiru kana hin amanu," jedhe Booksar. "Isnoobool Lola Mooraa Loonii irratti gootummaadhaan lole. Ani ija kootiin argeera. Maali, hundi keenyayyuu battaluma sanatti badhaasa beekamtii 'Goota Beeyladootaa, Sadarkaa Tokkoffaa' hin kennineefii?"

"Jaal, suni dogongora yeroo san uumneedha. Dhugaan jirtu kunoo amma ifa baateetti. Dookumentoonni iccitiin olkaawaman, kan amma argine kuni akka muldhisaniitti, Isnoobool dhumaatii keenyatti nu dhoofaa ture" jedhe Iskuwiilar.

“Garuu madaayee ture. Qaamni isaa dhiigaan uwwifamee yeroo fiigu hundi keenyaayyuu ijuma keenyaan agarreerra” jedhe Booksar ammas waan jedhamaa jiru suni homaa liqimfamuufii didnaan.

“Sunimmaa waliigaltee isaanii keessaa tokko ture!” jedhe Iskuwiilaris. “Dhukaasni Obbo Joonsi xiqquma isa tuge. Dubbisuu ni dandeessa yoo ta’e, walii galtee iccitiidhaan harkuma isaatiin barraayee ture sana si dubbisiisuu nan danda’a. Waliigaltee isaanii keessaa tokko, lolli jabaatee yoo gamteefitti, Isnoobool mallattoo wayii agarsiisuudhaan ilmaan namaa fiiguudhaan lubbuu isaanii oolfachuu akka danda’an gochuudha ture. Jaallan, dhugaa dubbachuuf, xiqqumaaf malee nu fixuudhaaf milkaa’anii oolan. Osoo akka gootummaa Bulchaa Keenya Jaal Naappooliyoonitiif ta’uu baatee moo’atamnee ture. Lola sanarratti yeroo Obbo Joonsi fi namoonni isa waliin turan gara qe’ee seenan, akkaataa Isnoobool tasuma ofirra garagaluun dheessee beeyladoo biroos of duukaa hordofsiise sana hin yaadattanii? Battaluma sanatti ammoo akkaataa Jaal Naappooliyoon fuulduratti bahuun dhaadannoo “*Du’a Ilmaan Namaatiif!*” jedhu dhaggeessisaa luka Obbo Joonsi itti ciniine sana hoo hin yaadattanii? Kana kan hin yaadanne jiraa ree, jaallan?” jedhe Iskuwiilar miira kaka’uumsaatiin asiif achi jechaa.

Wanti ta’e jedhame hunduu, bifa sammuu keessatti fakkii uumuun eega itti himamee booda, beeyladoonni amma waan sirritti yaadatan itti fakkaate. Keessattuu, yeroo lolaa sana al tokko Isnoobool ofirra garagalee dheessuu isaa sirritti yaadatan. Booksar garuu ammas homaa liqimfamuufii dide.

“Isnoobool jalqabarratti gantuu ture jedhee hin amanu. Kan inni saniin booda godhe waan biraati. Garuu Lola Mooraa Loonii irratti Isnobool jaala cimaa ture jedheen amana,” jedhe Booksar.

“Bulchaan Keenya, Jaal Naappooliyoon, karaa wal falmisiisuu hin dandeenyeen – irrann deebi’a, jaallan, karaa wal falmisiisuu hin dandeenyeen – Isnobool jalqabumarraayyuu kaasee basaastuu Obbo Joonsi akka ture mirkaneesseera. Eeyyeen, fincilli karoorfamuun durayyuu jechuudha,” jedhe Iskuwiilar bifa tasgabii qabuun dubbii jabeessee dubbachaa.

“Akkasimmaa taanaan, dubbii kan biraati! Eega Jaal Naappooliyoon jedhee, sirriidha!” jedhe Booksar.

“Akkasi kunoo, Jaal, amma agarteetta!” jedhe Iskuwiilaris; garuu ija isaa gaggaragalchaa aariidhaan Booksar akkamitti laalaa akka ture hunduu hubateera. Deemuuf eega ka’ee booda jidduudhaan dhaabbachuun akkas jedhe: “Beeyladoonni hundi keessanuu ija tokko banadhaatii rafa. Sa’aatiidhuma ammaa kanattillee basaastonni Isnobool nu gidduu jiru!”

Guyyaa afur booda, gara galgalaatirra, beeyladoonni hunduu qe’eetti akka walitti qabamaniif Naappooliyoon ajaja dabarse. Eega isaan walitti qabamanii boodas, Naappooliyoon badhaasa dhiyeenya sana “Goota Beeyladooataa, Sadarkaa Tokkoffaa fi Goota Beeyladooataa, Sadarkaa Lammaffaa” jechuun of badhaasee ture tokko akkuma mormatti kaawwatetti, saroota saglan argaa fi sagaleen isaanii sodaa guddaa uumu sanniiniin marfamee manaa gadi bahe. Waan suukanneessaan wayii dhalachuuf akka jiru qalbiin kan itti hime, beeyladoonni, akkuma sagalee dhaamsatanitti bakka bakka isaanii qabatan.

Beeyladooaa hundaa ijaan sakatta'aa fuuldura isaanii kan dhaabbate, Naappooliyoon, sagalee gurra duuchu dhageessise. Battaluma sanatti saroonni utaaluudhaan booyyeewwan afran tokko eega qabatanii booda, gurra harkisaa fi iyyisiisaa gara miila Naappooliyoon jalatti geessan. Dhiiga gurra booyyeewwan saniitirraa cobu kan argatan, saroonni, kan yeroo san isaan laaleef, waanuma maraatan fakkaatan. Hundaa gara kan wallaalchise ammoo, saroonni sadan tokko Booksar qabachuuf utaalu isaanii. Dhufaatii sarootaa kan arge, Booksar, luka isaa saniin qilleensumarratti dhahuudhaan of jalatti kuffifatee irra ejjate. Sareen sunis 'na baraarii'dhaaf akkuma iyyaa fi aadaa jirutti, saroonni lamaan hafanis eegee isaanii luka jalatti galfachuun ofirra deebi'anii gara Naappooliyoon dheessan. Booksar ammallee akkuma saree sanirra ejjatetti jira; 'dhiisu moo ajjeesu' gaaffii jedhu akka gaafachuutittis ija Naappooliyoon keessa ilaalu eegale. Naappooliyoonis, fuulli isaa aariidhaan jijjijjiiramaa, saree sana akka gadi lakkisuuf Booksariin ajaje. Sarichis akkuma madaayetti iyyaa luka Booksar jalaa bahee deeme.

Yeroodhaaf, wacni dhagahamaa tures ni caame. Booyyeewwan afran ammas akkuma hoollataa jiranitti hiree isaanii eeggataa kan jiran yoo ta'u, fuulli isaanii waanuma balleessaa wayii dalaganii qabaman fakkaata. Yakka isaanii akka himataniifis Naappooliyooniin gaafataman. Booyyeewwan kunniin, isaanuma afran yeroo Naappooliyoon Yaa'iin Dilbataa akka hafuuf ajaja dabarsetti mormii dhageessisanii turan saniidha. Itti aansuunis, Snoobool eega ari'amee booda, isaa waliin iccitiidhaan hariiroo uumuu isaanii fi Madda Humna Bubbee diiguu keessaayis harka akka qaban dubbatan booyyeewwan afran sun. Sana qofa osoo hin taane, Ganda Beeyladooaa sana Obbo Firedariikitti

gurguruuf shira xaxaa akka turanii fi Isnoobool afaan isaatiin, “waggoota darbaniif basaastuu ta’ee hojjetaan ture” jechuun isaanitti kan hime ta’uu ofirratti ragaa bahan. Battaluma isaan badii ofii himatanii raawwatanitti, saroonni utaalanii qabachuudhaan kokkee isaanii kutan. Naappooliyoonis sagalee baayyee sodaachisaadhaan, beeyladni balleessaa himatu qabu yoo jiraate, gara fuulduraa akka bahaniif gaafate.

Yeroo ‘hanqaaquun haa gurguramu’ jedhamee ture sanitti yaalii fincilaa godhame sana dura-bu’ummaan kan hoogganan, handaaqqonni sadan, amma gara fuuladuraatti bahuudhaan, “Isnoobool abjuu keessa nutti dhufuudhaan, ajaja Naappooliyoon akka hin fudhanneef nu gorseera” jedhan. Isaanis akkuma kana jedhaniin ni qalaman. Itti aansuunis daakkiyyeen takka gara fuuladuraa bahuudhaan, bara darbe asheeta boqqoolloo jaha hatuudhaan galgala galgala dhoksaadhaan nyaattee fixuu ishee ragaa ofirratti baate. Hoolaan takkas ka’uudhaan, haroo bishaan dhugaatii itti kuufamu keessatti fincaa’uu ishee fi kanas kan goote Isnoobooliin gorfamtee ta’uu himatte. Itti aansuunis hoolonni lamaan tokko ka’uudhaan, hoolaa dullooma fi deeggaraa Naappooliyoon ta’e tokko, akkuma inni dheefichi gamteefii qufa’aa turetti, oliif gadi ari’anii ajjeesuu isaanii dubbatan. Hundi isaaniyyuu battaluma sanatti qalaman. Ragaa ofirratti bahiinsi fi murtiin ajjeechaa kuni haga reefi tuulamuu fi qe’een foolii dhiigaatiin ulamtutti ittuma fufe. Eega Obbo Joonsi fonqolchamee as waan akkanaa ta’ee hin beeku ture.

Wanti ta’aa ture hunduu yeroo xumorametti, booyyeewwanii fi sarootaan alatti, beeyladoonni hunduu bakkasii badan. Qaamni isaanii hoollachuu eegale; sammuun isaaniis hedduu jeeqame. Akkaataa beeyladoonni ajjeefaman suni itti Isnoobool waliin

ta'uun isaan gananii turan ta'ii adabbii suukaneessaa isaan argatan, kamtu caalaa akka jibbisiisaa ta'e gara wallaalan. Kanaan dura yeroo dhiigni akkanatti dhangala'u arganii kan beekan ta'ullee, inni ammaa beeyladoo tumti ofiin wal fixaa kan jiran ta'uun baayyee isaan surure. Eega Obbo Joonsi ari'amee as, ganda san keessatti beeyladni tokko isa biraa ajjeessee hin beeku. Kan biraa haa hafuutii hantuutniyyuu hin ajjeefamne. Hundi isaanii, tulluu xiqqoo qe'ee cinaa jirtu takkarra eega ol bahanii booda, bakka ijaarsi Madda Humna Bubbee walakkaan isaa qofti ijaaramee jiru sanatti, akkuma waan qorraaf wal hoo'ifachuuf jiraniitti walitti nam'anii ciciisan. Muuriyeel, Kiloovar, Beenjaamiin, saawwan, hoolota, gurmuu daakkiyyee fi handaaqqota dabalatee hundumtuu walumatti nam'ee tataa'aa jira. Kan achi hin jirre adurree qofa – isheen durumaayyuu yeroo Naappooliyoon beeyladoonni hunduu akka walitti qabamaniif ajaja dabarse sanarraa kaasee baddee turte. Yeroo muraasaaf, tokkoon isaanii osoo hin dubbatin, callisaan guutaman. Booksariin alatti hundumtuu taa'aniiru. Booksar eegee isaa dheeraa gurraacha sana olii gadi hafarsaa fi asiif achi jechaa, jidduu jidduudhaanis sagalee raajamuutiin gumgumaa ture. Dhumarrattis akkas jedhe:

“Ani homaa naaf galuu hin dandeenye. Ganda keenya keessatti waan akkanaa ni muudata jedhee gonkumaa yaadee hin beeku. Waanuma nuti dalagne wayiitu abaarsa kana nutti fide natti fakkaata. Akka natti fakkaatutti furmaanni jiru tokko qofa – innis jabeessanii hojjechuudha. Ammarraa kaasee ganama ganama yeroo hirriibaa itti kaanurra sa'aatii tokko dursee ka'uuf waadaan ofiif gala.”

Booksaris kana dubbatee akkuma xumureen, gulufaa gara iddoo dhagaan keessaa guuramuu sana qajeele. Haga sa'aatiin hirriibaa gahuttis dhagaa sassaabuudhaan yeroo muraasa bakka ijaarsaa sanatti deddeebise.

Beeyladoonni kaawwanis akkuma afaan cuqqaallatanitti luka Kiloovar jalatti wal guuran. Tulluun isaan irra ciciisanii turan sunis ganda sana hedduu isaa kan agarsiisuudha. Gandi Beeyladoo suni hedduun isaa argaa isaanii keessa jira – kaloo haga daandii gahu, cidii tuulaa jiru, lafa qonnaa qamadiin irraa magariisawu, daggala ganda sanii, haroo bishaan dhugaatii, qorqoorroo manneen gubbaa jiranii fi aara achi keessaa bahu fa'a dabalatee wanti hin mul'anne hin jiru. Galgalli waqtii arfaasaa sunis baayyee ifaadha. Margii fi mukkeen jiran hunduu ifa biiftuutiin calaqqisaniiru. "Akkuma tasaatitti kuni hunduu keenyuma ta'eetii!" jedhanii raajamu jidduu jidduudhaan – isa duraan waa tokko hin qabneraa ka'anii, amma dacheen ganda sanirraa kaabaa haga kibbaa, bahaa haga lixaa kanuma isaanii ta'uun kuni iddoo kana isaan jaalachiise. Yeroo tabba sanirraa gadi laaltu, Kiloovar, ijji ishee imimmaaniin guutame. Osoo waan kan garaa qabdu hundaa dubbattu ta'eetii silaa, kaayyoon beeyladoo inni ganamaa, kan yeroo ilmaan namaa fonqolchuuf karoorsanii suni, waan amma itti jiran kanaaf akka hin taane dubbatti ture. Yeroo jalqaba jaarsicha Meejariidhaan bilisummaa beeyladoo fi fincila gaaf tokko ka'uuf bu'uurri kaa'amu sana, ajjeechaa suukaneessaa akka amma dhalatee sana hin turre abjuun isaanii. Kiloovar yoo taate, abjuu fi hawwiin ishii hawaasa beeyladoo kan beelaa fi dhaanicharraa bilisoomu arguu, wal-qixxummaa, biyya hunduu akka humna isaatti itti hojjetee jiraatu ijaaruu, kan humna qabu isa dadhabaa gargaaruu (akkuma isheen gaafa Meejariin haasaa taasisu sana caacutoota daakkiyyee haati

jalaa badde sanniin of jalatti galchuun ciciibsite sanatti jechuudha) fa'a ture. Yeroon beeyladni tokko waanuma yaadullee dubbachuu itti hin dandeenye, kan saronni sodaachisoon itti beeyladoota biroo shororkeessan, fi yeroon itti jaallan kee waan meeqa waliin dabarsite yakka guddaa ofirratti ragaa bahanii battaluma sanatti qalamuudhaan ajjeefaman ni dhufa jettee gonkuma yaaddee hin beektu. Ta'us garuu, kana yaaduun ishee miira diddaa yookiin fincila kaasuu keessa galteetii miti. Akkuma fedhes ta'u, haalli har'a itti jiran kan gaafa Obbo Joonsi sanirra sirritti wayyoo qaba jettee waan amantuuf, hunda dura ilmaan namaa akka hin deebine gochuurratti xiyyeeffachuu qabna amantaa jedhu qabdi. Waan fedhe dhalatus ganda saniif amanamoo ta'uu fi sirritti hojjechuudhaan, ajaja gubbaarraa nutti kenname hojiirra oolchuu fi hooggansa Jaal Naappooliyoon fudhachuu qabna jetti. Kana hundaan of amansiistus, kaayyoon ganamaa waan amma ta'aa jiru sanaaf akka hin turree fi qabsoon isaaniis daandiirraa akka maqe keessi ishee inuma itti hima. Madda Humna Bubbee ijaaruuf dafqa isaanii gadi naquu fi yeroo fincilaa sanas qawwee Obbo Joonsi dura dhaabbachuun isaanii kanaaf hin turre. Kan garaa ishii keessaa kana ture, waanuma jettee ibsattu wallaalte malee.

Dhumarrattis, yaada sammuu ishii keessa osoo naanna'uu jecha dhabdeef sana ittiin ibsachuuf yaaduudhaan, faaruu Beeyladoota Ingilaandi faarfachuu eegalte. Beeyladoonni ishee marsanii tataa'aa turanis jalaa qabuudhaan yeroo sadii faarfatan. Faaruun har'aa akka duraanii hin turre, sagalee isaanii sirritti yeedaleessuudhaan, suuta jechaa fi miira gaddaatiin guutamaniiti kan faarfatan.

Akkuma marsaa sadaffaa faarfatanii xumuraniin, Iskuwiilar saroota lamaan marfamee, fuula waan dhaamsa jabaa dabarsuuf jiru fakkaatuun itti dhufe. Labsii addaa Jaal Naappooliyoon baaseen, faaruun Beeyladooata Ingilaandi akka badu taasifamuu isaa beeksise Iskuwiilar. Battala sanarraa kaasee faaruu san faarfachuun dhoorkaa ta'eera jedhame.

Beeyladoonnis waan kanaan garmalee rifatan.

“Maaliif?” jettee booche Muuriyeel.

“Jaal, inni kana booda hin barbaachisu,” jedhe Iskuwiilar sagalee murannoo qabuun. “Faaruun Beeyladooata Ingilaandi, faaruu fincilaa fi diddaat ture. Amma fincilichi milkii barbaadame gahuudhaan xumurameera. Murtiin du'aa gantoota nu keessatti hafanii turanirratti har'a godhames imala kana nuuf goolabeera. Diinni keessaa fi alaatis amma moo'amee jira. Faaruu Beeyladooata Ingilaandi keessatti hawwii hawaasa bilisoomme arguuf qabnu itti ibsanne. Amma suni galma gaheera. *Kanaafuu, faaruun kuni amma ergaan isaa yeroo waliin kan deemu miti; hiikaas hin qabaatu.*”

Sodaan akka malee kan itti seene ta'us, kan waan kana morman hin dhabaman ture. Garuu, battaluma sanatti, hoolonni akkuma barame ‘Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama Badaa! Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama Badaa!’ jechaa mar'achuu eegalan. Kanas daqiiqaa hedduuf osoo addaan hin kutin itti fufuudhaan mormii yookiin mariin tokko dhagahamuu akka hin dandeenye taasisan. Mariin sunis akkasumaan addaan citee hafe.

Gaafa sanii kaasee faaruun Beeyladooata Ingilaandi hin dhagahamne. Faaruu san bakka buusuufis, booyyeen Miiniimas

jedhamu, inni walaloo barreessuun beekamu sun, faaruu haaraa akkas jechuun eegalu qopheesse:

Ganda Beeyladooataa, Ganda Beeyladooataa

Osoon Ani Jiruu'n Tuqamtuu, Inuma Mootaa!

Kunis Dilbata ganama yeroo hundumaa sirna alaabaa fannisuu irratti faarfamuu eegale. Ta'us garuu faaruun haaraan kuni, akka isa duraanii sanatti, walaloos ta'ii yeedaloon isaa afaan beeyladooataatti mi'aawuu gonkuma hin dandeenye.

8

Eega guyyaan ajjeechaawwan suukaneessaa itti raawwataman suni darbee miirri shororkaawuutis xiqqoo gadi caamee booda, beeyladoonni muraasni, seera gaafa jalqabaa tumatan keessaa Ajajni Jahaffaan, “Beeyladni Kamiyyuu Beeylada Biraa Akka Hin Ajjeesne” jedhamuun tumamee akka ture yaadatan, yookiin waan yaadatan itti fakkaate. Beeyladni itti dhimmamee yaada kana booyyeewwanii fi sarootaaf qoode jiraachuu baatus, ajjeechaan raawwatame suni Ajaja Jahaffaa kanaan akka walitti bu’u shakkuun isaanii hin oolle. Ofiif dubbisuu kan rakkattu, Kiloovar, Beenjaamiin akka isheef dubbisuuf gaafattullee, Beenjaamiin akkuma barama san “ani dhimma akkanaa keessa seenuu hin barbaadu” waan jedheef, Muuriyeeliin naaf dubbisi jettee kadhachuu eegalte. Muuriyeelis tole jechuudhaan Ajaja Jahaffaa akkasiin dubbiste: “*Beeyladni Kamiyyuu Beeylada Biraa Sababa Quubsaa Tokko Malee Akka Hin Ajjeesne.*” Akkamitti akka dagatan, yookiin maaltu akka uumame galuufii baatullee, ajaja kana keessaa jechootni muraasni haaraa itti ta’an. Amma garuu, eega Ajaja kana dubbisani booda, ajjeechaan beeyladooata Isnoobool waliin ta’uun Ganda sana ganani irratti raawwatame suni, sababa quubsaadhaan kan deeggarama fi seerri wayiituus kan itti hin cabneedha jedhan.

Beeyladoonni, bara sana, isa sanaan duraa caalaa jabeessanii hojjechaa bahan. Dalagaa yeroo hundumaa guyyaa guyyaan jiru dabalatee, Madda Humna Bubbee deebisani ijaaruu fi isa duraaniitirra harka lama jabeessanii tolchuun dadhabbii guddaa ta’e. Yeroo hojiin isaanii isa bara Obbo Jooni san caalaayyuu ulfaatee itti muldhatuu fi nyaatas homaa isa bara saniitirra wayyoo qabu itti hin argamne fa’atu dhufe. Guyyaa Dilbataa

ganama ganamas, Iskuwiilar waraqaa dheeraa wayii gadi baafachuudhaan, lakkoofsota oomishni ganda sanii fi gaheen beeyladooataa fa'a isa duraaniitirra dhibbeentaa 200'n yookiin 300'n yookiin 500'n guddachuu isaanii mirkaneessan dubbisaafi. Beeyladoonnis 'waan kana amannee hin fudhannu' jechuuf sababa gahaa argachuu hin dandeenye. Jiruu ammaa fi kan durii wal bira qabanii akka hin madaalle ammoo, jiruun bara Obbo Joonsi suni akkam akka ture amma sirritti hin yaadatan. Amma haala kanaan kan jiran ta'ullee, "lakkoofsi dubbifamuu qofa osoo hin taane, qananiin dhugaatis dhiyootti inuma nuuf dhufa" jedhanii abdiin guutamuunis hin hafne.

Amma ajajni bahu hunduu karaa Iskuwiilar yookiin booyyeewwan kaawwaniitiin labsamuun aadaa ta'aa dhufe. Naappooliyoon torban lamatti al tokko fa'a yoo ta'e malee hin muldhatu. Muldhates yoo jedhame, saroota isaan marfamee qofa osoo hin taane, kormaa handaaqqoo isa *"kuukkuluuwwuuuuuuuuwuu"* jechaa akka xurumbaa afuufaafii isa dura deemuun durfamee fa'a ture. Mana jireenyaa amma booyyeewwan itti galan san keessattillee, Naappooliyoon kutaa addaat qaba oduun jedhus naannawuu eegaleera. Nyaatas kophaadhuma isaa saroota lamaan eegamaa kan nyaatu yoo ta'u, nyaannis kan dhiyaatuuf gabatee adda ta'e tokkotti jedhame. Kabaja yaadannoo Lola Mooraa Loonii fi Fincila Beeyladooataati dabalatee, waggaa waggaadhaan guyyaa dhaloota Naappooliyoon irrattis qawween ni dhukaafama jedhamuunis labsame.

Naappooliyoon maqaan isaa "Naappooliyoon" qofa jedhamuunis hafeera. Amma, "Bulchaa Keenya, Jaal Naappooliyoon" jedhanii waa'ee isaa dubbachuun aadeffamaa kan dhufe yoo ta'u, booyyeewwan hafanis yeroodhuma yeroodhaan maqaa adda

addaa kan akka *Abbaa Beeyladoo*, *Shororkeessaa ilmaan Namaa*, *Gaachana Hoolotaa*, *Fira Daakkiyyootaa*, fi kan kana fakkaatan caluma jedhanii itti baasaa oolu. Iskuwiilar, yeroo waa'ee Naappooliyoon dubbatu, imimmaan harcaasaatuma waa'ee fayyaalummaa fi bilchina isaa, fi jaalala inni beeyladoo bakka hundaa jiranitti hore hima (keessattuu ammoo beeyladoo ganda biraa keessa gabrummaa fi wallaalummaa jala jiraniif). Carraawwan gaarii uumamanii fi dalagaa galma gahe hundaafuu 'Naappooliyoon haa ulfaatu' jechuunis aadaa ta'aa dhufe. Handaaqqonnillee, "hooggansa Bulchaa Keenyaa Jaal Naappooliyooniitiin, guyyaa jaha keessatti hanqaaquu shan buusuu danda'eera," jechaa yoo waliin haasa'an dhagahamu. Saawwanis, bakka bishaan haroo keessaa dhuganitti, "Bishaan kuni akkam mi'aawa maaloo! Galanni hooggansa Jaal Naappooliyooniif haa ta'u!" waliin jedhu. Miirri yeroo sanatti ganda san keessa tures walaloo mata dureen isaa 'Jaal Naappooliyoon' jedhu tokko keessatti sirritti ibsame. Walaloon kunis Miinimasiin kan qophaa'e yoo ta'u, akkas jedha:

Hiriyaa hiyyeessaa,

Mootii okkotee nyaataa,

Yaa burqaa gammachuu!

Boqonnaa onneedhaa, yoo isa ilaaltuu

Ajab! Yaa naatoo ija sanii!

Tasgabbii fi hunda-argeenya isaa,

Akka biiftuu samii

Jaal Naappooliyoon!

Waa jaalannu hundaa isumat nuuf kennaa

Bulmaatnis nuuf toleet, garaas guunnee deemnaa

Beeyladni hundumtuu, xiqqaas ta'ee guddaan,

Moora keessa bula, ciiseetoo nageenyaan

Dhiphinni hin jiru, isa eegaan keenyaa

Jaal Naappooliyoon!

Booyyee umriin xiqqoo, osoon qaba ta'ee

Innimmoo jabaatee gaafa bakka ga'e

Xiqqoodhumas ta'u jabaatee ol ka'e

Nin guddisa ture isaaf amanamaa godhee

Afaanis hiiksisa “JAAL NAAPPOOLIYOON!” jedhee!

Walaloo kanas kan jaalate, Naappooliyoon, dallaa mooraa loonii gubbaarratti bocamee akka barreeffamu taasise. Dallaa kanarratti, gara kaaniin Ajajootni Torban duraanuu barreeffamanii kan turan yoo ta’u, gara hafetti ammoo walaloon ‘*Jaal Naappooliyoon!*’ jedhu suni barreeffame. Iskuwiilaris, fakkii Naappooliyoon halluu adiidhaan eega kaasee booda, walaloo ‘*Jaal Naappooliyoon*’ jedhu sana cinaatti akka fannifamu taasise.

Jidduudhuma kana keessa ammoo, Naappooliyoon, gargaarsa Obbo Wiimpariin hariiroo xaxamaa ta’e Obbo Piilkiingitan fi

Obbo Fireedariik waliin uummatee ture. Mukkeen muramanii turan sun ammallee hin gurguramne. Jara lamaan keessaa, Obbo Fireedariik mukkeen kana bituuf baayyee kan jarjare ta’ullee, kaffaltii gahaa ta’e osoo hin dhiyeessin hafe. San qofas osoo hin taane, “Obbo Fireedariik inaffaa keessa galuudhaan Ganda Beeyladoo weeraru fi ijaarsa Madda Humna Bubbee diiguuf karoorsaa jira,” oduun jedhus dhagahamuu eegale. Isnooboolis Ganda Piinchifiildi keessa akkuma dhokatetti jiraachuunis himamaa ture. Bara sana waqtii gannaa keessattis, handaaqqonni sadeen tokko, Isnoobooliin gorfamuudhaan Naappooliyoon irratti yaalii ajjeechaa qindeessaa akka turan ragaa ofirratti bahuun isaanii beeyladoo rifaasise. Handaaqqonni sunis battalumatti kan ajjeefaman yoo ta’u, eegumsi Naappooliyooniif godhamus daran akka jabaatu taasifame. Amma sireen inni irra ciisu halkan halkan saroota afuriin eegama (luka siree afranirrattuu sareen tokko tokko ramadamee jechuudha); nyaanni isaatis osoo isaaf hin laatamin dura booyyee umriin xiqqaa kan maqaan isaa Piinkaayi jedhamu tokkoon dhandhamama (tarii yoo summii qabaate isa jedhuuf).

Osoo kanaan jiranuu, Naappooliyoon mukkeen muramanii jiran sana Obbo Piilkiingitanitti gurguruudhaaf waliigaltee xumuruun isaa himame; sana qofas osoo hin taane Ganda Fooksiwuud waliinis wal jijjiirsi oomisha barbaachisoo ta’aniitii fi hariiroon diinagdee bifa itti fufiinsa qabuun itti fufuuf waliigalteerra gahamuun isaa labsame. Hariiroon Naappooliyoon fi Obbo Piilkiingitan jidduu ture kallattiidhaan osoo hin taane karaa Obbo Wiimpariin qofa ta’us, amma bifa hiriyyummaa qabaataa dhufeera. Beeyladootni, Obbo Piilkingitan ilma namaa ta’uu isaatiif gonkuma amantaa irraa kan hin qabaanne ta’ullee, Obbo Fireedariikirra garuu isuma wayyeeffatu – Obbo Fireedariik ni

sodaatus, baayyee jibbusi. Akkuma waqtiin gannaa gara dhumaatti dhiyaateen, ijaarsi Madda Humna Bubbee gara dhumaatti siqe; oduun “aggaammiin ijaarsa kana diiguuf godhamaa jiru ittuu jabaachaa jira” jedhus dabalaa dhufe. Keessattuu, Obbo Fireedariik, Ganda Beeyladooataa weeraruuf namoota digdama meeshaa waraanaa guuttatan qopheeffatee akka jiruu fi abbootii seeraa fi poolisootas dursee qarshiidhaan bitatee kan jiru ta’uun isaa dubbatame – kanas kan godhu, weerara sana keessatti waraqaa abbaa biyyummaa ganda sanii agarsiisu hatee of harkatti eega galfatee booda, abbootiin murtii fi poolisoonni suni gaaffii akka itti hin kaasneefi jedhame. Oduun rifaasisaan “Obbo Fireedariik beeyladooata Ganda Piinchifiildi irratti waan suukanneessaa gochaa jira” jedhus dhagahamuu eegale. Obbo Fireedariik, faradoo isaa haleelee ajjeesa; saawwan beelaan fixa; saree ibiddatti darbata; fi galgala galgala ammoo handaaqqota afaan isaaniitti haadduu hidhuudhaan walitti naqee lola isaanii daawwata jedhame. Waan jaallan isaanii ganda biraa keessa jiranirratti ta’aa jira jedhame kana kan dhagahan, beeyladoonni, aariidhaan dhiigni isaanii danfuu eegale; inumaayyuu Ganda Piinchifiilditti waraana banuu fi ilmaan namaa fonqolchuudhaan beeyladooata kana bilisa baasuun akka eeyyamamuuf kan gaafatanis ni jiru. Garuu, akkanatti jarjaruun gaarii akka hin taanee fi tarsiimoo Jaal Naappooliyoonitti amanuudhaan ajaja isaa eeggachuu akka qaban Iskuwiilariin itti himame.

Ta’us garuu, jibbi beeyladoonni Obbo Fireedariikiif qaban dabalaatuma deeme. Naappooliyoonis, gaaf tokko Dilbata ganama mooraa guddicha keessatti argamuudhaan, mukkeen kuufamanii turan sana Obbo Fireedariikitti gurguruuf yaada wayiituu qabaatee akka hin beekne dubbate. “Nama amala gadhee

akkasii qabu waliin hojjechuuf sammuun kiyyaawuu naaf hin eeyyamu” jedhe itti dabaluuhaanis. Hafuura fincilaa gandoota birootti babal’isuuf ergamanii kan turan, makoodonni, luka isaanii Ganda Fooksiwuud keessa akka hin seensifne dhoowwaman; dhaadannoo isaanii isa ‘Du’a Ilmaan Namaatiif!’ jedhu sanis dhiisuudhaan ‘*Du’a Obbo Firedariikiif!*’ jechuu akka eegalan ajajaman. Gara dhuma waqtii gannaa irratti ammoo, ammas shirri Isnoobool xaxaa ture wayii ifa bahe jedhame. “Ooyiruun qamadii aramaadhaan guutameera; Isnooboolis galgala tokko dhokatee dhufuudhaan sanyii aramaa ooyiruu boqqoollootti naqeera” jedhamuun dubbatamuu eegale. Daakkiyyeen tokkos, shira kana keessaa harka qabaachuu isaa ragaa ofirratti eega bahee booda, summii nyaachuun of ajjeese. Beeyladooatas, inni duraan “Isnoobool badhaasa ‘Goota Beeyladooataa, Sadarkaa Tokkoffaa’ fudhatee ture” jedhanii amanan suni, yaadannoodhumti isaanii jalaa wal rukutee yoo ta’e malee, Isnoobool badhaasuma akkanaatuu argatee kan hin beekne ta’uun itti himame. “Kuni jette-jetteedhuma Isnoobool mataan isaa Lola Mooraa Loonii booda facaaseedha; inumaayyuu Isnoobool gadhummaa waraana sanirratti agarsiiseef baayyee hifatamee ture” jedhame. Beeyladoonni tokko tokko waan jedhamaa ture suni liqimfamuufii baatullee, battaluma sanatti yaadannoodhumti isaanii rakkoo qabaachuu akka malu Iskuwiilariin itti himame.

Waqtii birraa yoo gahutti, tattaaffii jabaa fi baayyee dadhabsiisaa ta’een (dalagaan midhaan sassaabuutis cinaadhumatti gaggeeffamaa waan tureef) ijaarsi Madda Humna Bubbee dhumate. Maashinicha achitti galuun alatti ijaarsi biraa guutummaatti dhumateera; bittaaan maashinichaatis gargaarsa Obbo Wiimpariin xumuramaa jira. Rakkoowwan uumamaa

turaniif osoo harka hin kennatin; muuxannoo dhabeenya ofitiin, ammayyummaa dhabuu haala ijaarsi itti gaggeeffameetiin, hiree gadhee darbee darbee isaan muudateen fi shira Isnoobool xaxaa tureen osoo duubatti hin harkifamin, ijaarsi Madda Humna Bubbee guyyuma karoorfame mataa gubbaarratti xumurame. Dadhabanii kan jiran ta'ullee, miira gammachuu fi ofitti boonuutiin akkuma guutamanitti, waan ajaa'ibaa harkuma ofiitiin hojjetan kana irra naanna'anii ilaalu eegalan. Amma isa duraanii san caalaayyuu bareedee itti muldhate. Ijaarsi isaatis kan duraaniirra harka lama jabeeffameeti kan ijaarame. Boombiin itti dhukaafameetuma yoo ta'e malee waan biraatiin kan diigamu miti. Ifaajjii isaanii, bu'aa bayii darbanii as gahan, fi jijjiirama guddaa gaafa jenereetarri Madda Humna Bubbee hojii eegalutti uumamuuf jiru yoo yaadanitti ammoo, miirri dadhabbii isaan lakkisee miira moo'annaatti jijjiiramuudhaan oliif gadi isaan burraaqse. Naappooliyoon mataan isaas, saroota fi kormaa handaaqqoo isaa saniin akkuma marfametti, ijaarsa xumurame sana gulaaluuf dhufe. Dalagaa milkiin gahan saniif beeyladoo hundaanuu "Baga Gammaddan!" eega jedhee booda, Maddi Humna Bubbee sunis *Madda Humna Bubbee Naappooliyoon* jedhamuun akka moggaafamu murteesse.

Guyyaa lama booda, beeyladoonni hundinuu yaa'ii addaatiif mooraa guddichatti akka walgahan taasifame. Naappooliyoon mukkeen kuusamanii turan sana Obbo Fireedariikitti kan gurgure ta'uu isaa gaafa beeksisu, beeyladoonni waanuma dubbatan dhabuun goganii hafan. Gaariin Obbo Fireedariik boru dhufuudhaan mukkeen san guurrachuu kan eegalu ta'uunis himame. Edaa, yeroo hiriyyummaan isaa Obbo Piilkiingitan waliin akka ta'e fakkeessaa ture sana hundattuu, Naappooliyoon iccitiidhaan Obbo Fireedariik wajjin walii galtee uumaa ture.

Amma hariiroon Ganda Fooksiwuud waliin ture hunduu citeera; ergaan arrabsootis Obbo Piilkiingitaniif ergameera. Makoodonni ergaa qabsoo labsan sunis, kana booda lukni isaanii Ganda Piinchifiildi akka hin seennee fi dhaadannoo “Du’a Obbo Fireedariikiif!” jedhu sanas dhaabuudhaan gara isa ‘*Du’a Obbo Piilkiingitaniif!*’ jedhuutti akka jijjiiraniif ajajaman. Waa’een weerara Ganda Piinchifiildi irraa dhufuuf jira jedhamuu suni soba akka ta’ee fi hammeenya Obbo Fireedariik jedhamee himamaa kan tures waan dhugaarraa fagaate ta’uu isaa Naappooliyoon beeyladootatti hime. Jette-jettee sobaa kana hundaa kan facaasus Isnoobool fi basaastota isaatiin alatti eenyuyyuu ta’uu hin danda’u jedhame. Oduun Isnoobool Ganda Piinchifiildi keessa dhokatee jira jedhu sun soba ta’uun isaa kan baramee fi inumaayyuu achi jiraatetuu akka hin beekne irra gahamuun isaatis himame – “dhugaan jirus, Isnoobool waggoottan darbaniif Ganda Fooksiwuud keessatti Obbo Piilkiingitaniin sooramaa fi jiruu qananii jiraachaa kan jiru ta’uu isaati” jedhame.

Booyyeewwan kaawwanis abshaalummaan Naappooliyoon suni waanuma gammachuudhaan isaan macheesse fakkaatan. “Obbo Piilkiingitan waliin hariiroo uumaa waan jiru itti fakkeessuudhaan, Obbo Fireedariik gatii bittaa muka saniitiif himatee turerratti qarshii kudha lama akka dabalu taasisuu danda’eera” jedhan. “Garuu, dandeettii Jaal Naappooliyoon keessaa inni baayyee murteessaan, nama tokkollee amanuu dhiisuu isaati, Obbo Fireedariikillee maaliif hin taane. Obbo Fireedariik jalqabarratti waan cheekii jedhamu wayiitiin kanfaluu yaale (waraqaa booda kanfaluudhaaf waadaan irratti galamu ta’uu isaati); ta’us garuu Naappooliyoon abshaala waan ta’eef gowwomuufii dide. Naappooliyoon kanfaltii godhamu sanaafis qarshii abbaa shanii shaniitiin, mukkeen suni fudhatamuun

duratti, harkatti akka laatamuuf taasisse. Obbo Fireedariikis kaffaltii kana xumureera; qarshiin achirraa argames maashinoota Madda Humna Bubbeetiif barbaachisan hunda bituuf nu dandeessisa” jedhe Iskuwiilar.

Amma, mukkeen jiran sun saffisa guddaadhaan fe’amuu eegalan. Gaafa suni xumurametti, ammas Yaa’iin Addaa mooraa guddicha keessatti gaggeeffame – inni kuni qarshii Obbo Fireedariik laate sana sakatta’uu irratti kan xiyyeeffateedha. Naappooliyoon, fuulli isaa sesseeqaan akkuma guutamee fi badhaasota isaa saniin akkuma of faayetti, cidii waltajjii gubbaarratti teessumaaf tuulamerra gadi taa’ee, qarshii gabatee keessa tuulamee jiru of cinaatti ilaaluu eegale. Beeyladoonni kaawwanis akkuma hiriiranitti, qarshii tuulamee jiru sana ijumaan dhandhamachaa gara iddoo iddoo isaanii ol darban. Booksariinis yeroo achiin darbu, funyaan isaa itti qabee yoo fuunfatu, waraqootni adiin suni hafuuruma isaatiin oliif gadi raafaman.

Kuni ta’ee guyyaa sadiin booda jeequmsi guddaan uumame. Obbo Wiimpar, akkuma fuulli isaa diimatetti, saakilii ari’aa ittiin dhufe qe’eedhuma keessatti achi darbachuudhaan, gara mana Obbo Joonsi isa duraanii, kan amma booyyeewwan keessa jiraatan sanatti jarjaraan ol qajeele. Kuni ta’ee osoo hagamuu hin turin mana Naappooliyoon keessaa iyyi guddaan dhagahame. Oduun waan dhalate kanaatis akka ibidda daggalaatti hoggasuma ganda sana guutuu wal gahe. *Qarshiin Naappooliyooniif laatame suni qarshii sobaati!* Obbo Fireedariik mukkeen sana hundaa toluma baasii tokko malee fudhate jechuudha!

Naappooliyoon battaluma sanatti beeyladoo walitti qabuudhaan, sagalee aarii guddaa qabuun akkuma guutametti,

Obbo Fireedariik irratti murtiin du'aa muramuu isaa labse. “Obbo Fireedariik yoo lubbuun qabame, jiraa isaat ibiddarratti affeella” jedhe Naappooliyoon. Yakka gantummaa sana fakkaate boodas, beeyladoonni waan san caalaa hammaataa ta'eef of qopheessuu akka qabanis akeekkachiise Naappooliyoon. Obbo Fireedariik fi namoonni isaa weerara yeroo dheeraaf itti qophaa'aa turan sana sa'aatii kamittuu eegaluu danda'usi jedhame. Seensa Ganda Beeyladooataa hundarrattuu eegdonni ni ramadaman. Dabalataanis, makoodonni afur ergaa araarsaa qabachuudhaan gara Ganda Fooksiwuud ergaman – kunis kan godhame hariiroo Obbo Piilkiingitan waliin ture fooyyessuufi.

Bariisaadhuma kanaatti, waraanni sodaatame suni dhufe. Yeroo beeyladoonni eegumsaaf ramadaman waan argan himuudhaaf gara qe'ee ol fiiganitti, beeyladoonni ciree nyaachaa turan. Obbo Fireedariik fi waraanni isaa seensa ganda sanii keessa kutuudhaan dhufaa jiraachuun isaaniis himame. Beeyladoonnis, aariidhaan akkuma guutamanitti, humna kana dura dhaabbachuuf gara waraanaa duulan. Lolli miilanaa kuni akka isa Lola Mooraa Loonii sanatti itti salphachuu hin dandeenye. Humni diinaa kuni, namoota kudha shan of keessaa kan qabuu fi hundi isaanii meeshaa ammayyaa kan hidhatan yoo ta'u, qe'ee gahuuf gara meetira shantamaa yoo isaan hafutti dhukaasa banan. Beeyladoonnis, sagalee dhukaasaa sodaachisoo turan sanii fi rukutta dandamachuu dadhabuudhaan, gara duubaatti dheessuuf dirqaman – tattaaffiin Naappooliyoon fi Booksariin godhamaa tures hin milkoofne. Amma hedduun isaanii madaa'aniiru. Mana Naappooliyoon sanatti ol dheessuudhaan, bayyanachaatuma, waraana itti dhufe sana qaawwa keessaan mimil'achuu eegalan. Lafti qonnaa fi Maddi Humna Bubbee harka diinaatti gale. Battala sanatti, beeyladooata biroo qofa osoo hin taane,

Naappooliyoonis waan malli harkaa bittinnaa’e fakkaate. Akkuma eegeen isaa dhaabbatee hafee fi waan jedhu gara wallaaletti, olumaa gadi jechuu eegale Naappooliyoon. Abdiidhaan gara Ganda Fooksiwuud mimil’achuunis eegalame. Obbo Piilkiingitan, waraana isaatii waliin dhufee Ganda Beeyladooaa yoo kan deeggaru ta’e, ammallee abdiin moo’annaa inuma jira jedhame. Battaluma sanatti ture, makoodonni afur, kan kaleessumtii isaa ergaadhaaf gara Ganda Fooksiwuud ergaman suni, bakka deemanii deebi’uudhaan waraqaa ergaan Obbo Piilkiingitan irratti barraa’e tokko qabanii kan dhufan. Ergaan sunis akkas jedha: “*Qoricha Kee Argatte!*”

Osoo beeyladoonni haala kanaan jiranuu, Obbo Fireedariik fi namoonni isa waliin turan ijaarsa Madda Humna Bubbee san cinaa dhadhaabbachuu eegalan. Beeyladoonnis sodaadhaan guutamarii fi gungumaatuma waan ta’aa jiru sana laaluu itti fufan. Jarri lamaan tokko sibiila qara qabu wayii fi burruusa qabatanii ejjatu. Ijaarsa Madda Humna Bubbee sanas diiguuf qophaa’aa waan jiran fakkaate.

“Gonkuma hin danda’an!” jedhee dhaadate Naappooliyoon. “Ijaarsa kana sirritti jabeessinee tolchine. Har’a dhiisaatii torbanittuu hin cabsan. Abshir, Jaallan, homaa hin sodaatinaa!” jedhe Naappooliyoon itti dabaluudhaan.

Harreen dulloomaan Beenjaamiin jedhamu suni, waan namoonni gochaa turan xiyyeeffannoodhaan hordofaa ture. Jarri lamaan burruusaa fi sibiila qara ta’e harkaa qaban suni ijaarsa sana gara jalaatiin uraa jiru. Beenjaamiinis, suutuma jechaa fi miira raajamuutiin akkuma guutametti, afaan isaa dheeraa sana oliif gadi raasuu eegale.

“Ani duruu beekeera,” jedhe Beenjaamiin. “Waan isaan gochaa jiran hin argitanii? Amma xiqquma turanii uraa tolchaa jiran san keessatti boombii awwaaluuf jiru.”

Beeyladoonnis shororkaa’aatuma waan ta’uuf jiru eeguu itti fufan. Mana san keessaa bahanii dheessuufis haalli mijataan hin jiru. Daqiiqaa muraasa booda namoonni olumaa gadi fiffiiguu eegalan. Itti aansees sagaleen dhoo’iinsaa dhagahame. Makoodonni gara samiitti ol darbaman; Naappooliyooniin alattis beeyladoonni hundinuu fuula isaanii gadi qabachuun diriiranii lafarra ciciisan. Yoo achii ol jedhanitti, iddoon ijaarsi Madda Humna Bubbee ture suni aaraa fi dhukkeedhaan dhuunfatameera. Dukkanni uumame suni bubbeedhaan gaafa fudhatamutti, Maddi Humna Bubbee dhabamsiifamuun isaa ifa ta’e!

Beeyladoonnis yoo waan kana arganitti, onneen lolaaf barbaadanii turan sun deebi’ee dhufeef. Sodaa fi abdii kutiinsi dura uumamee ture suni amma aariidhaan liqimfameera. Dhaadannoowwan haaloo baafachuu eega dhageessifamanii booda, osoo ajaja biraayyuu hin eeggatin, beeyladoonni hundinuu bakkuma tokko gara diinaa duulan. Yeroo kanatti baarudni qaama isaanii argachaa turellee duubatti isaan hin deebisne. Lola baayyee ulfaataa fi dhiigni hedduun itti dhangala’e ta’e. Namoonni dhukaasa walirraa hin kunne; yoo beeyladootni bira gahanittis, shimalaa fi boottii isaaniitiin ofirraa ittisuu yaalan. Saani tokko, hoolotni sadii fi daakkiyyootni lama lubbuun isaanii kan darbe yoo ta’u, beeyladni hundinuu madaayanii turan jechuun ni danda’ama. Kan biraa haa hafuutii, Naappooliyooniyyuu, inni duukaa ta’ee ajaja qofa kennaa ture, eegee isaa gubbaa dhukaasaan rukutamuun isaa hin oolle. Miidhaan karaa namootaatiin qaqqabee tures kan laayyoo miti.

Namootni sadeen tokko rukutta Booksariitiin addi isaanii buruqe; tokko ammoo gaanfa looniitiin garaa keessa waraaname; inni biraas saroota Jeesii fi Biluubeel jedhaman saniin uffatni irratti ciccirame. Dura dallaa jalatti dawoo godhatanii akka turaniif ajajamanii kan turan, saroonni saglan eegdota Naappooliyoon ta'an suni, amma gadi bahuudhaan haala baayyee sodaachisaa ta'een gorori'uu eegalan. Yoo kana arganitti, namoonni, marfamaa fi balaan itti dhufaa akka jiru arguudhaan sodaa guddaa keessa seenan. Obbo Firedariikis, yeroo dheessuuf haalli mijataan jiru sanatti akka dheessaniif, namoota isa waliin jiranitti lallabe. Battaluma sanatti diinni Ganda Beeyladooataa weeraru dhufe suni 'Yaa miila koo na baasi!' jedhee dheefa itti kute. Beeyladoonnis namoota kana haga lafa qonnaatirraa achi gadi bu'utti eega ari'anii booda, dhumarratti yeroo isaan dallaa lafa qonnaa jalaan hulluuqanii baduuf jiranitti dhiitichoo muraasaaf carraa argatan.

Moo'ataniiru; dhiignis irra citaa fi qaamni isaaniis bututeera. Suutuma okkolaa gara qe'eetti ol dacha'an. Reeffi jaallan isaanii, inni marga keessatti kukkufee ture, beeyladooata boochise. Yeroo muraasaafis bakka ijaarsi Madda Humna Bubbee irraa diigame sanatti callisaan guutamanii gadda isaanii ibsatan. Eeyyeen, Maddi Humna Bubbee dhabamsiifameera; ifaajjiin isaanii suni hundi dhadhaa ibidda bu'e ta'e! Bu'uurri ijaarsa saniitillee hin hafne. Akka duraanii san deebisnee ijaarra jechuufis dhagaadhumti walitti sassaabanii ittiin ijaaranis hin jiru. Dhukaasni boombii suni dhagaa deebisanii ijaaruuf barbaachisu sana gara meetira dhibbaa oliitti fageessee darbateera. Bifa amma itti jiruun, waanuma ijaarsi wayiituu bakkas ture hin fakkaatu.

Beeyladoonni gara qe'eetti ol dacha'aa osoo jiranuu, yeroo lolaa sana tana buuteen isaa dhabamee kan ture, Iskuwiilar, u'utaalaa fi miira gammachuutiin eegee isaa mirmirsaa as itti dhufe. Battaluma kanatti, qe'ee keessaa sagalee dhukaasaa kan dhagahan.

“Dhukaasni kan maaliiti?” jedhe Booksar.

“Moo'annaa keenya ittiin ibsachuufi kaa!” jechuun deebiseef Iskuwiilar.

“Moo'annaa maalii?” jedhe Booksar. Jilbi isaa dhiigaa fi kotteen isaas baqaqee kan ture yoo ta'u, baarudni hedduun luka isaa argateera.

“Moo'annaa maalii?” jettee, Jaal? Maali ammuma dachee teenya kabajamtuu tanarraa diina hin ari'anne moo?”

“Garuu Madda Humna Bubbee nu jalaa diiganiiru. Nutimmoo waan kana gara waggaa lamaatiif itti dhamaane.”

“Maal rakkoo qaba ree? Kan biraat ijaarra. Yoo barbaachisaa ta'ee argame Madda Humna Bubbee jaha ijaarra. Akkamiin waan ajaa'ibaa amma goone kanaaf nu hundaa kabaja dhabsiista, Jaal? Lafa amma irra dhaabbannu tana durattuma diinni too'atee ture. Amma, galatni hooggansa Jaal Naappooliyooniif haa ta'utii, lafa teenya taakkuu hunda isheetuu deebifachuu dandeenyeerra!”

“Waanuma duraan qabnu deebifannee harkatti galfanne jechuudha,” jedhe Booksar.

“Santu moo'annaa keenya kaa,” jechuun deebise Iskuwiilaris.

Amma okkolaatuma gara qe'ee deemuu isaanii itti fufan. Baarudni qaama Booksar keessatti hafee tures garmalee isa dhukkubsuu eegale. Osoo dhukkubbii kanaan jiruu waa'ee deebisanii ijaaruu Madda Humna Bubbee san yaada. Gahee ofiidhaa nan bahadha jechuunis waadaa ofii seenuu eegale. Yeroo jalqabaatiifis, waa'een umriin isaa amma kudha tokko gahuu fi irreen isaatis akka durii ta'uu dhabuu maluun, Booksariin ija dura dhufe.

Garuu, dhukaasni yeroo torba eega dhagahamee fi alaabaan magariisni suni mirmirfamee booda, Naappooliyoon бага gammaddan jechuudhaaf haasawa taasise – beeyladoonnis amma waanuma guddaa kan moo'atan ta'uu isaa itti muldhachuu eegale. Beeyladoonni lolarratti lubbuun isaanii darbes sirni awwaalchaa kabaja qabu taasifameef. Booksar fi Kiloovar gaarii reeffi itti fe'ame kan harkisan yoo ta'u, Naappooliyoon ammoo dura dura deema. Gaafa sana booda, guyyaan lama, moo'annaa sana ilaalchisee sirnootni garagaraa kan itti gaggeeffaman ta'e. Sirboota, haasawa adda addaa, dhukaasa, beeyladoo hundumaafuu habaabii akka badhaasaatti hiruu (simbirrootaaf boqqoolloo, sarootaaf biskuutii jechuudha) fa'a dabalatee waan hedduutu gaggeeffame. Lolli sunis *Lola Madda Humna Bubbee* jedhamuun kan moggaafamu akka ta'ee fi Naappooliyoonis badhaasa haaraa – *Muudama Sadarkaa Magariisaa* kan jedhamu – qopheessuun isaa himame. Badhaasa kanas kan fudhate Naappooliyoonuma. Machii moo'annaa sana keessas waa'een qarshii sobaatiin gowwomfamanii suni dagatame.

Kuni ta'ee guyyaa muraasa booda ture booyyeewwan mana duraan Obbo Joonsi keessa jiraatu, isa amma booyyeewwan itti galan san keessatti, kuusaa araqee kan argatan. Yeroo jalqaba

mana sanatti galan araqee kana hin agarre ture. Galgaluma sana mana san keessaa wacni fi dhiichisni dhagahamuu eegale. Kan beeyladoo ajaa'ibe ammoo faaruun Beeyladoo Ingilaandi, kan amma dhoowwaa ta'e suni, waca sana keessa darbee darbee dhagahamuu isaati. Galgala keessaa gara sa'aatii 3:30tti, Naappooliyoon, gonfoo Obbo Joonsi tokko mataarra kaawwatee, olii fi gadi yoo fiffiigu muldhate – takka manaa gadi baha, takka ol deebi'a. Bariisaa isaa ammoo callisni guddaan mana sana dhuunfate. Booyeen tokkollee hin mul'anne. Ganama keessaa gara sa'aatii 3:00tti ture Iskuwiilar suuta jechaa fi gatantaraa kan manaa gadi bahe – ijji isaa dhiiga kan fakkaatee fi eegeen isaas gadi kan ciise yoo ta'u, kan isa argeef qaamni isaa guutuun waanuma garmalee dhibame fakkaata. Iskuwiilar beeyladoo walitti qabuudhaan oduu gaddisiisaa akka qabu itti hime. Jaal Naappooliyoon afaan du'aatirra jira!

Kana yoo dhagahanitti gaddi guddaan qe'ee dhuunfachuudhaan booyichi eegale. Seensa mana jireenyaa san fuulduratti cidiin afamee waan tureef, beeyladoonni hunduu akka hin balleessineef of eeggachaa irra darban. Akkuma ijji isaanii imimmaaniin guutametti, “hoogganaa keenya duuti yoo nu jalaa fudhate maaluma taana?” waliin jechuu eegalan. “Waan kunis kan dhalate Isnoobool yaalii nyaata Naappooliyoon summeessuuf godhaa turetti waan milkaa'eefi” oduun jedhus dhagahamuu eegale. Ganama keessaa gara sa'aatii shaniitti, Iskuwiilar ammas dhaamsa biraa dabarsuuf deebi'e. Jaal Naappooliyoon, ergaa isa dhumaa akka ta'uufitti labsii itti aanu kana labseera jedhame: “Alkoolii dhuguun murtii du'aatiin kan adabsiisu ta'a!”

Galgala sanirra garuu Naappooliyoon xiqqoo kan itti wayyaa'e fakkaate. Bariisaa isaatis fayyaan Naappooliyoon haala gaariirra

kan jiru ta'uun Iskuwiilarirraa barama. Naappooliyoon guyyuma sana hojiitti kan deebi'e yoo ta'u, guyyaa itti aanutti ammoo Ganda Wiiliingidan keessaa kitaaba haala araqee itti baasan agarsiisu tokko akka fiduufiif Obbo Wiimpariin ergachuun isaa himame. Torban tokko boodas, kaloon xiqqoon beeyladoo ta sa'aatii darbaa hojjetaniif addatti akka lafa dheedichaatti olkaawwamte tokko, akka qotamu murteeffame. Sababni dhiyaatee tures "lafti suni marga sirritti deebisee magarsiisuu akka danda'uufi" kan jedhu yoo ta'u, dhumarratti garuu Naappooliyoon lafa sana kan qochisiise garbuu facaasuu barbaadee akka ta'e barama.

Jidduudhuma sana keessa ammoo dhimmi beeyladoo hundaa gara wallaalchise tokko dhalate. Gaaf tokko, halkan keessaa gara sa'aatii jahaatti, qe'ee sana keessatti wanti ta'e jigee sagalee guddaa dhageessise; beeyladoonnis didichanii mooraadhaa gadi yaa'an. Galgala addeessi sirritti lafa ibsaa tureedha. Dallaa mooraa guddichaa jalatti, bakkuma Ajajootni Torban itti barreeffaman sanii gaditti, kortoo cabaa tokko argan. Iskuwiilar jalqabarratti waan argeen akka gara wallaaluu ta'uudhaan, cinaa deddeemee qorachuu eegale – kortoo sana birattis, biruushii halluun ittiin dibamuu fi meeshaan halluun keessatti qabatamee ture tokko bakkasumatti kufee jiraachuu isaa argan. Akkuma Iskuwiilar qorannoo isaa fixeenis, sarootaan marfamee, gara mana jireenyaatti ol qajeele. Wanti dhalate kuni fi waan argaa jiran kuni maal akka ta'e ammallee beeyladni yaada tokko uummachuu danda'e hin jiru, harree dulloomaa Beenjaamiin jedhamu saniin alatti – Beenjaamiin akka galeef agarsiisuuf afaan isaa dheeraa sana oliif gadi godhe; garuu waa tokko dubbachuu dide.

Kuni ta'ee guyyoota muraasa booda, Muuriyeel yeroo Ajajoota Torban sana dubbistu, ajajoota san keessaa tokko haala ishee fi beeyladoonni biroo itti yaadachaa turanirraa adda ta'uu hubatte. Ajajni Shanaffaan, “Beeyladni Kamiyyuu Alkoolii Akka Hin Dhugne!” jedha itti fakkaatee ture. Amma garuu jecha tokko dagatanii akka turan galeefi. Inumaayyuu Ajajni Torban suni yoo dubbisan, shanaffaarratti “*Beeyladni Kamiyyuu Alkoolii Baayyisee Akka Hin Dhugne!*” jedha.

9

Booksar kotteen isaa baqaqee ture tokko dafee fayyuufii dide. Guyyaa sirni kabaja moo'annaa Lola Madda Humna Bubbee suni goolabamerraa kaasee hojiitti kan deebi'ame yoo ta'u, miidhaa kottee saniif jecha hojii dhaabuun gadhummaadha jedhee kan amanu, Booksar, dhukkubbii san dhokfateetuma gara hojiitti gale. Garuu, dhukkubbiin suni haalaan isa rakkisaa jiraachuu isaa galgala galgalarra Kiloovar qofatti inuma himata. Kiloovar, baala qoricha ta'uu danda'u wayii alanchitee ittiin yaalaa jirti; Beenjaamiin waliin ta'uudhaanis, Booksar hojii akka ofirraa hirdhisu akeekkachiisuu eegalan. "Sombi fardaatis hanga tajaajilu qaba – of hin ajjeesin" jettiin Kiloovar. Booksar garuu homaa dhagahuu dide. "Ani soorama bahuu kootiin duratti hawwiin koo Maddi Humna Bubbee kuni tajaajila eegalee arguu qofa" jechuun deebisa.

Dur, yeroo jalqaba seerri ittiin bulmaataa Ganda Beeyladooaa tumame sanatti, umriin sooramni itti bahamu, fardaa fi booyyeef waggaa kudha lama; sa'aaf waggaa kudha afur; sareef waggaa sagal; hoolaaf waggaa torba; handaaqqoo fi daakkiyyeef ammoo waggaa shan akka ta'u murteeffamee ture. Bifa seera eeggateenis warra soorama baheef kanfaltii taasisuuf walii galamee ture. Haga ammaatti beeyladni soorama bahe jiraachuu baatullee, eega dhiyeenyatii dubbii kuni irra deddeebiin ka'uu eegale. Amma eega lafti xiqqaan suni qonna garbuutiif addatti qabamee booda, "lafti guddaan boqqoolloon irra facaafamu suni, gara kalootti jijjiiramuun, beeyladooaa soorama bahaniif lafa dheedichaa ta'uuf jira" oduun jedhu dhagahame. Kanfaltii bara sooramaa kanaanis, qoodni fardaa, guyyaatti boqqoolloo kiiloogiraama lama yoo ta'u, waqtii bonaa keessa ammoo cidii kiiloogiraama

torbaa fi kaarotii yookiin ammoo gaafa ayyaanaa habaabii wajjin kan laatamuuf ta'a jedhame. Waggaan kudha lammaffaa Booksaris, bara itti aanu keessa, gara dhuma waqtii gannaatirratti.

Amma jireenyi ulfaateera. Bara kana waqtiin bonaa akkuma isa bara darbee sana garmalee qorraadha; hanqinni nyaataa ammoo inumaayyuu dabaleera. Ammas qoodni nyaata beeyladooaa hundaatuu ni hir'ifame – kan sarootaa fi booyyeewwaniitiin alatti. “Qoodni nyaataa, kan beeyladooaa hundaatuu ‘qixa ta’u malee!’ jechuun Falaasama Beeyladummaatiin kan walitti bu’uudha,” jedhe Iskuwiilar. Dhugaan jirtu akka fe’es taatu, “hanqinni nyaataa hin jiru,” jechuudhaan beeyladooaa amansiifachuu dadhabee hin beeku Iskuwiilar. Yeroodhaaf ammoo qoodiinsa nyaataa irratti *sirreeffama* taasisuun barbaachisaa ta’ee argameera jechuun labsame (Iskuwiilar yeroo hundumaa irra deddeebiin jecha ‘sirreeffama’ jedhu kana fayyadama– ‘*hir’isuu*’ jechi jedhu afaanii hin bahu). Ta’us garuu, jiruu bara obbo Joonsi waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu, fooyya’iinsa guddaatu jira jedhame. Iskuwiilar, sagalee isaa qalloo fi saffisa qabu saniin, waraqaa harkaa qaburraa lakkoofsa guddina ganda sanii agarsiisu jedhaman wayii dubbisaafii, amma kan bara Obbo Joonsi caalaa garbuu, cidii fi nyaanni biroos hedduun jiraachuu; sa’aatiin hojii hir’achuu fi qulqullinni bishaan dhugaatii fooyya’uu; barri jiruu isaaniis dheerachuu; duuti ilmoolee xixiqqootis baayyee kan gadi buufame ta’uu; fi akkasumas nyaanni mooraa keessa isaaniif kaawwamu dabaluu fi tafkiidhaan nyaatamuunis kan hafe ta’uu gadi fageenyaan ibsuudhaan beeyladooaa amansiifate. Beeyladoonnis waan jedhame hundumaa ni amanan. Dhugaa dubbachuuf yoo ta’e, beeyladoonni, Obbo Joonsi nama akkamii akka turee fi akkamiin beeyladooaa qabaa akka ture waa hundaa irraanfataniiru. Haalli

amma itti jiran baayyee hammaataa fi gadi bu'aa akka ta'e inuma beeku – yeroo hedduu hireen isaanii beelaa fi qorraan waxalamuudha; sa'aatii hin rafne hundattis oolmaan isaanii hojii qofa. Ta'us garuu, jiruun bara Obbo Joonsi kanuma caalaa hammaata ture jedhanii shakkii tokko malee amanu – amantaan kunis jireenya ammaa garmalee akka hin jibbine isaan gargaare. Akka Iskuwiilar yeroo hundaa irra deddeebiin dubbatu malee irra hin dabarrettis yoo ta'e, “bara Obbo Joonsi sana beeyladoonni hunduu gabrummaa jala turan; amma garuu bilisaan jiraataa jiru – kuniiyyuu mataa isaatiin jijjiirama quubsaadha.”

Amma beeyladooiti ganda sanaa dabalaa dhufuudhaan garaan sooramuu qabus akkasuma baayyataa dhufee jira. Waqtii birraa keessa, booyyeewwan afur bakkuma tokko dhaluudhaan, ilmaan soddonii tokko dabalani. Booyyeewwan dhalatan kunniinis bifaan buburree ta'uu fi booyyee kormaan hin kolaafamne kan Ganda Beeyladooiti keessa jiru Naappooliyoon qofa ta'uu isaatiirraa kan ka'e, abbaan isaanii eenyu akka ta'e baruun waan ulfaataa hin turre.

Boodarra, gaafa mukkeen fi dhagaan ijaarsaaf oolu bitamettis, qe'ee jireenyaa keessatti manni baruumsaa kan ijaaramu ta'uun labsame. Yeroodhaaf, booyyeewwan umriin ijoollee ta'an, Naappooliyooniidhaan kutaa xiqqoo tokko keessatti leenjiin akka laatamuuf ta'e. Mana jireenyaa sana duubattis shaakallii garagaraa godhu; ilmaan beeyladooiti biroo waliinis hariiroo akka hin qabaanne taasifamu. Jidduudhuma kana keessa seerri tokko bahe – “booyyee fi beeyladni tokko karaarratti yoo walitti dhufan, beeyladni kuun cinaatti jalaa goree dhaabbachuu qaba. Dabalataanis, booyyeen umrii fi sadarkaa kamirraayyuu jiru,

mirga addaa torban torbaniin guyyaa Dilbataatti gunfura magariisa eegge isaaniitti hidhachuu ni qabaatu” jedhame.

Barri kuni Ganda Beeyladooataaf haga tokko kan milkii ta’us, ammas hanqinni qarshii akkuma turetti jira. Meeshaawwan bitamuu qaban kan akka dhagaa, ashaawaa, fi simintoon ijaarsa mana baruumsaaf barbaachisan yaaddoo uuman; jenereetara Madda Humna Bubbee sana sochoosu bituufis qusannaa eegaluun dirqama ta’e. Kana qofas miti, gaaza ibsaaf oolu, zayita mana urgeessu, sukkaara Naappooliyoon qofaaf dhiyeeffamu (sukkaara kana maqaa ‘isaan furdisa jira’ jedhuun booyyeewwanillee akka hin arganne dhoowwamanii jiru), meeshaawwan bakka bu’iinsa barbaadan kan akka mismaaraa, funyoo, kasalaa, shiboo, sibiilaa fi nyaata sarootaa fa’as baasiwwan qusannaa barbaadan ta’an. Cidiin tuulaan tokkoo fi gartokkeen dinnichaa kan gurgurame yoo ta’u, waliigalteen gurgurtaa hanqaaquu torban tokkotti hanqaaquu 600tti ol guddachuurraa kan ka’e, handaaqqonni bara sana hanqaaquu hammachuudhaan lakkoofsi isaanii yoo xiqqaate akka gadi hin buune gochuufillee baayyee rakkatan. Qoodni nyaataa, kan ji’a Muddee keessa gadi hir’ifamee ture suni, ammas ji’a Guraandhalaa keessa deebi’ee hir’ifame; boba’aan ibsaaf oolus dhabamuu eegale. Garuu, booyyeewwan akkuma jiruun itti mijatetti jiru; inumaayyuu qaamni isaanii gabbataatuma deeme. Gaaf tokko, ji’a Guraandhalaa keessa gara sa’aa boodaatirra, mana araqeen itti tolfamu kan bara Obbo Jooni jiru sana hojiin ala ta’ee ture tokko keessaa, fooliin ho’aa fi urgaawaa ta’e kan beeyladoonni suufanii hin beekne tokko dhufuu eegale. Tokkoon isaanii “fooliin kuni kan akaawwii garbuuti,” jedhan. Beeyladoonnis, beelaan garaa hooqqachaa fi foolii sanitti gororaatuma ‘marqaa wayiitu irbaataaf nuu tolfamaa jira ta’uu

hin oolu' abdii jedhuun eeguutti ka'an. Garuu marqaan wayiituu isaaniif hin dhiyaanne. Dilbata itti aanurrattis, kana booda nyaanni garbuu booyyeewwan qofaaf kan oolu ta'a jedhamuun labsame. Lafti kaloo gadii tokkos durumaayyuu garbuu facaafamee ture. Oduun "booyyeewwan hundumtuu guyyaa guyyaadhaan biiraa burcuqqoo tokkoo argachuuf jiru," jedhus dhagahamuu eegaleera. Dabalataanis, Naappooliyoon guyyaatti biiraa gara burcuqqoo kudhanii kan argatu yoo ta'u, dhugaatiin isaatis burcuqqoo addaatitti dhiyaataaf jedhame.

Jiruun amma itti jiran kuni haga fedhes ulfaatu, kan duraaniitiin yoo wal bira qabamu, yoo xiqqaate amma kabajni beeyladummaa ni jira jedhanii amanu beeyladoonni. Kan durii caalaa, weedduuwwan fi haasawoonni taasifaman, fi sirnoonni gaggeeffaman akka fakkeenyaatti fudhatamu. Naappooliyoonis, torban torbaniin, sirni haaraan *Hiriira Deeggarsaa* jedhamu, kan kaayyoon isaa qabsoo fi injifannoowwan beeyladootaa yaadachuurratti hundaa'u, akka eegalamuuf ajaja labse. Yeroo sirna kanaaf murtaa'ettis, beeyladoonni hundinuu hojii isaanii dhaabuudhaan, bifa hiriira hidhattootaatiin booyyeewwaniin durfamaa; sarootni, saawwan, hoolonni fi handaaqqonni ammoo wal duraa duubaan booyyeewwan hordofaa kan gaggeeffamu akka ta'u murteeffame. Saroonni cinaa goruudhaan seera hiriiraa kan kabachiisan yoo ta'u, hunda dura goree kan deemu handaaqqoo kormaa Naappooliyoon kan ta'e isa gurraacha sana. Booksarii fi Kiloovar ammoo waraqaa guddaa, kan suuraan kottee fi gaanfa beeyladaa irra jiruu fi kan barreeffamni gurguddaan "*Jaal Naappooliyoon Bara Baraan Haa Jiraatu!*" jedhu irratti barreeffame tokko qabatani hiriira bahu. Dhuma sirna kanaarrattis, walaloowwan kabaja Naappooliyooniif qophaa'an ni dubbifamu; Iskuwiilaris haasaa taasisuun oomishni

gara garaa lakkoofsa hagamiitiin akka ol guddate ibsa kenna; darbee darbeetis sirni dhukaasaa ni godhama. Sirna Hiriira Deeggarsaa irratti kan akka hoolotaatti hirmaannaa cimaa qabu hin jiru. Yoo beeyladoonni biraa hirmaachuurratti duubatti harkifannaa agarsiisan, yookiin gaafa saroonni fi booyyeewwan achii dhabamuudhaan beeyladoonni kaawwan “kuni qorra keessatti sa’aatii keenya gubuu malee faayidaa hin qabu” jedhanii mormii dhageessisuu barbaadan, hoolota sana iyya guddaadhaan “Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama Badaa!” jechaa mar’achaa kan hundumaa afaan cufsiisan. Ta’us garuu beeyladoonni sirna kanatti haga tokko gammadoodhuma. Amma akka durii osoo hin taane, kan hojjetan ofumaaf ta’uu fi ilmaan namaa akka durii gooftaa itti ta’an sun kan hin jirre ta’uu isaan yaadachiisa. Kanumaafi, weedduuwwan jiran sun, sirnoonni gaggeeffaman, lakkoofsonni Iskuwiilar tarreessu, dhukaasni qawwee, kaakkisni handaaqqoo gurraacha sanii fi mirmirfamuun alaabaadhaa kan beela garaa isaanii dagachiise – yoo xiqqaate yeroo muraasaaf.

Ji’a Eblaa keessa, Ganda Beeyladooataa biyya taasifamte. Pireezidaantii filachuunis dirqama ta’e. Dorgomaa tokko qofatu ture, Naappooliyoon jechuudha. Innis sagalee guutuudhaan filatame. Guyyaadhuma san, ragaawwan haaraan gantummaa fi yakka Isnoobool Obbo Joonsi waliin irratti hirmaachuu isaa daran mirkaneessu argamuun isaatis himame. Isnoobool, akka duraan himametti, Dirree Lola Mooraa Loonii sana gubbaatti, beeyladooataaf sirritti loluu dhiisuudhaan diina moo’achiisuuf yaale qofa osoo hin taane, inumaayyuu gara diinaa goruun beeyladooata waraanaa turuun isaa baramera jedhame. Inumaayyuu Isnoobool lola sanirratti hoogganaa humna diinaa kan ture yoo ta’u, “*Ilmaan Namaa Bara Baraan Haa Jiraatan!*” jedhee dhaadannoo dhageessisee turuun isaatis akka barama

himame. Madaan yeroo san dugda Isnoobool gubbaatti argamee ture sunis ciniinnaa Naappooliyooniin isarra gaheeni jedhame.

Walakkaa waqtii gannaa keessa, arraagessi Moosas jedhamu sun, bakka waggoota hedduuf itti badee ture wayiitii deebi'e. Homaa hin jijjiiramne; ammas waa tokko hin hojjetu. Waa'ee Gaara Mi'ooftuu sana dubbachuus hin dhiisne. Baala wayiirra qubachuudhaan, koola isaa gurraacha sana hafarsaa, abbaadhuma isa dhaggeeffatetti sa'aatii dheeraadhaaf odeessaa oola. "Jaallan, achi gubbaa," jedha afaan isaa dheeraa san samiitti ol qabaa fi fuula waanuma waan guddaa wayii dubbataa jiruu agarsiisaa, "achi gubbaa, duumessa argitan kanaa olitti, Gaara Mi'ooftuutu jira – biyya nuti, beeyladoonni hiyyeeyyiin, jiruu ulfaataa lafa kanaatirraa gaafa tokko itti boqonnu." Kana qofas osoo hin taane, gaafa tokko yeroo ol fagaatee barrifachaa turetti iddoo sana ijaan arguu isaa fi achittis, midhaan nyaatamee hin dhumne, okaa tuulaa guddaa fi lafa qonna boqqoolloo kan daangaa hin qabnetu jira jechuun hima. Beeyladoonni hedduun ni amanan. Jiruun isaanii kan ammaa kuni, beelaa fi gadadoon kan guutame yoo ta'u, lafti waan kuni hundi itti nurraa dhaabbatu jiraachuudhuma qaba jechuun fudhatan. Hundarraa wanti hubachuuf wallaalchisaa ta'e ammoo ilaalcha booyyeewwan Moosasiif qabaniidha. Booyyeewwan hundumtuu, oduun Moosas waa'ee Gaara Mi'ooftuu dubbatu suni soba jedhanii sagalee tokkoon kan irratti waliif galan ta'ullee, Moosas Ganda Beeyladooaa keessaa akka ari'amu hin taasisne; hojii akka hojjetus hin dirqamsiifne; inumaayyuu, biiraa walakkaa burcuqqoo ta'utu guyyaa guyyaan laatamaafi.

Eega kotteen isaa fayyee booda, Booksar kan durii caalaa daran jabeessee hojjechuu itti fufe. Dhugaa dubbachuuf, beeyladoonni

bara sana akkuma gabraatti hojjetaa bahan. Hojii qonnaa isa idilee fi Madda Humna Bubbee deebisanii ijaaruun alatti, ijaarsi mana baruumsa ijoollee booyyeewwaniitis (kan ji'a Bitootessaa keessa eegale) yaaddoo biraa ta'eera. Yeroo tokko tokko, hojii sa'aatii dheeraa san garaa duwwaatti dandamachuun baayyee ulfaataa ture; garuu wanti Booksar duubatti deebise hin jiru. Dubbii fi gochaa isaa keessa humni isaa suni kan duriitii gaditti ta'ee mul'atee hin beeku. Xiqqoo bifuma isaa qofa kan jijjiirame – qaamni isaa akka durii cululuqaa miti; sarbaan isaas akka durii sana gabbataa miti. Beeyladoonni kaawwanis, “yeroo margi arfaasaa deebi'ee dhufetti, qaamni Booksar ammaayyuu deebi'ee guutaafi” jedhu ture. Garuu, waqtiin arfaasaatis ni dhufe; Booksaris homaa hin gabbanne. Yeroo tokko tokko, yoo hallayyaa dhagaan keessaa guuramu sana keessaa ol bahu, qaama isaa guddicha sana baatee kan deemu luka isaa osoo hin taane kutannoodhuma inni deemuuf qabu qofa fakkaata. Gaafa akkas itti ulfaatu, akkuma durii san dhaadannoo isaa “Kana Caalaa Jabeesseen Hojjedha!” jedhu sana dhageessisuuf yaalullee sagalee wayiituu hin qabu. Ammas, Kiloovarii fi Beenjaamiin akka inni fayyaa isaa eeggatu akeekkachiisuu yaalanillee, Booksar homaa hin sarmu. Waggaan Kudha Lammaffaa isaatis ni dhiyaate. Inni garuu sooroma bahuu isaatiin duratti kuusaan dhagaa gahaa jiraachuu mirkaneessuun alatti dhimmi biraa ija duraayyuu hin deemu.

Gaaf tokko, waqtii gannaa keessa gara galgalaatirra, oduun ‘Booksar waa ta'eera’ jedhu dhagahamuu eegale. Edaa gara iddoo ijaarsa Madda Humna Bubbee sanatti kophaadhuma isaa dhagaa guuruuf deemee ture. Kan sodaatame hin oolle; oduun deddeemaa turte sunis dhugaa taate. Daqiiqaadhuma muraasa booda makoodonni lamaan tokko barrifachaa dhufanii, “Booksar

kufeera! Akkuma cinaachaan kufetti jira; ka'uu dadhabeera!" jechuun himan.

Beeyladoonni achi turan, kan walakkaadhaa ol ta'an, batattisaatuma gara tulluu Maddi Humna Bubbee irratti ijaaramaa turee sanatti fiigan. Achitti, Booksar gaarii harkisaa ture jalatti kufee, mataadhuma isaatillee ol qabachuu dadhabea ciisuu isaa argan. Ijji isaa dhiiguma fakkaatti; cinaan isaas dafqaan gajabeera. Afaan isaa keessaas dhiigni yaa'aa jira. Kiloovarisa dhaqqee cinaa isaatti jilbaan gadi kufte.

"Booksar! Akkam jirta? Eessa si dhukkuba?" jette boowaa.

"Somba kiyya," jedhe Booksar sagalee baayyee dadhabaa ta'een, "Homaa miti. Amma hojii Madda Humna Bubbee kanaaf hafe isiniyyuu ni fixxu; gargaarsi koo isin hin barbaachisu. Kuusaan dhagaa amma jiru baayyee gahaadha. Silas ani kana booda soorama bahuufis ji'uma tokko qofatu na hafa. Dhugaa sitti himuuf, anis guyyaan soorama itti bahu abdii guddaadhaanin eegaa jira. Tarii ammoo Beenjaamiinis dulloomaa jira waan ta'eef, innis yoo soorama baasifame, hiriyaas nan argadha ta'a."

Beeyladoonni hafanis gara manaatti ol fiiguudhaan waan uumame sana Iskuwiilaritti himan. Kiloovarii fi Beenjaamiin qofatu Booksar biratti hafe – Beenjaamiin jecha takka osoo hin dubbatin achuma taa'ee tisiisa irraa dhoowwa. Gara daqiiqaa kudha shanii boodas Iskuwiilar kan dhufe yoo ta'u, fuula gaddaa fi mararfannaatu irraa mul'ata. "Jaal Naappooliyoon taateen gaddisiisaan kuni, jiraattota ganda kanaa keessaa isa jabaa kan ta'e, Booksariin qunnamuu isaatti gadda guddaatu itti dhagahame. Yaalii isaatiifis gara hoospitaala Ganda

Wiiliingidanitti argamuutti geessuuf haalli akka mijeeffamu taasiseera” jedhe Iskuwiilar. Beeyladoonnis waan kana yoo dhagahanitti keessi isaanii hin gammadneef. Moolii fi Isnoobooliin alatti beeyladni Ganda Beeyladooataatiin alatti bahee beeku waan hin jirreef, keessattuu jaala isaanii dhibamee ciise kana harka ilmaan namaatti amananii kennuun kuni liqimfamuufti dide. Haa ta’u malee, Iskuwiilar salphumatti ture ogeessi fayyaa Ganda Wiiliingidan keessa jiru fayyaa Booksariif yaalii Ganda Beeyladooataa keessatti yoomiyyuu argachuu hin dandeenye akka laatuufiif kan beeyladooata hundumaa amansiifate. Gara daqiiqaa soddoma booda, eega xiqqoo wayyatee, Booksar jajjabaateetuma lukaan dhaabbachuudhaan, okkolaa gara mooraa isaa bakka Kiloovar fi Beenjaamiin cidii nyaataa isaaf qopheessanitti qajeele.

Guyyoota lamaan itti aananiif Booksar mooraadhuma isaa keessatti dabarse. Booyyeewwanis qoricha wayii mana keessaa argachuudhaan kennaniif; Kiloovar ammoo, guyyaatti si’a lama, nyaata booda akka liqimsu gooti. Kiloovar, galgala galgalas achuma turtee tattaphachiisti; Beenjaamiinis biruma taa’ee tisiisa irraa dhoowwa. Waan isa muudate kanaafis gaabbii tokkollee akka hin qabne hima ture Booksar. “Yoon sirritti wayyadhe, kana booda yoo xiqqaate waggaa sadeen tokko nan jiraadha jedheen yaada; guyyaa kiyyas kaloodhuma keessattin bayyanachaa dabarsa. Kuni eegan of baree kaasee boqonnaa jalqabaat naaf ta’a; yeroon argadhu kanas sammuu kiyya sirritti qaruufin itti fayyadama. Kaayyoon kiyya inni guddaan qubeewwan digdamii lamaan na hafan sana barachuudha,” jedhe Booksar.

Beenjaamiin fi Kiloovar galgala eega hojiin dhumatee booda qofa Booksar waliin yeroo dabarsuuf kan mijatuuf. Gaaf tokko,

walakkaa guyyaattirra ture, gaariin fe'uumsaa dhufee Booksariin fuudhee deemuuf kan ka'e. Beeyladoonni hundinuu ajaja booyyeewwaniitiin midhaan keessaa aramaa buqqisaa yeroo jiranitti ture, Beenjaamiin fiigaa fi haga sagaleen isaa danda'etti halaakaa kan dhufe. Yeroo jalqabaatiif ture Beenjaamiin akkasitti u'utaalaa kan mul'ate – yeroo jalqabaatiifi isaa garmaamus kan argan. “Dafaa koottaa, dafaa koottaa. Hundi keessanuu dafaa koottaa! Booksar fudhataa jiru!” jedhee iyye. Osoo eeyyama booyyeewwanii hin eegin, beeyladoonni hundinuu hojii addaan kutanii gara qe'ee fiigan. Akkuma dhagahan san, gaariin fe'uumsaa saanduqa cufamaa wayii ofirraa qabu, kan faradoo lamaan harkifamuu fi namticha argaadhaan hattuu fakkaatuun dhoofamu tokko, qe'ee keessa dhaabatee argan. Mooraan Booksaris duwwaa jira.

Beeyladoonnis dhaqanii gaarii fe'uumsaa sana marsanii ijaajjan. “Booksar, Nagaatti! Nagaan ta'i!” jechaa hiriya isaani gaggeessuu eegalan.

“Yaa gowwoota! Gowwaawwan wayii!” jedhee lallabe Beenjaamiin, asii fi achi jechaa fi kotte isaatiin lafa caaraa. “Gowwaawwan! Waan gaarii fe'uumsaa kana gubbaarratti barreeffamee jiru hin agartanii?”

Battala sanatti ture beeyladoonni hundinuu waan godhan dhaabani callisaan kan liqimfaman. Muuriyeel barreeffama sana dubbisuuf yaaluu eegalte. Garuu, Beenjaamiin achi ishee of jalaa dhiibuudhaan dubbisuu eegalee callisa uumamee ture sanas cabse:

“Kunoo, barreeffamichi: *‘Alfireed Siimansi, Mana Gurgurtaa Foon Fardaa, Ganda Wiiliingidan. Gogaa fi Lafees Ni Gurgurra. Kutaa Ciisichaa Sareef Ta’u Tola Isiniif Daballa’* jedha. Kuni maal jechuu akka ta’e isiniif hin galuu? Booksar fudhatanii deemanii qaluuf ta’u!”

Iyyi guddaan beeyladooata jidduutti dhoo’e. Battaluma sanatti namtichi gaarii sana dhoofus qaccee isaa gadi baafatee faradoo isaa kaafachuun gara karraa kute. Beeyladoonnis haga sagaleen isaan duuddutti iyyaatumaa duukaa qajeelan. Kiloovar hunda dura fiiguu eegalte. Gaariin fe’uumsaa sunis saffisa dabalate. Kiloovar is garmammii ishee itti jabeessaatuma, “Booksar! Booksar! Booksar!” jettee iyyite. Akkuma hookkara alatti uumamaa jiru sana dhagaheen, Booksaris akkuma funyoon itti kaawwametti, foddaa gara duubaa keessaan fuula isaa muldhise.

“Booksar! Booksar! Keessaa bahi! Daffi keessaa bahi! Si ajjeesuuf siin deemaa jiru!” jette Kiloovar sagalee garaan gubachuuttiin.

Beeyladoonni kaawwanis jalaa qabuudhaan, “Keessaa Bahi! Booksar, Keessaa Bahi!” jechuu itti fufan. Garuu gaariin fe’uumsaa suni saffisa jabeeffachuun irraa fagaataa dhufe. Waan Kiloovar iyyaa turte sana Booksar hubatee hubachuu baatees wanti beekamu hin jiru. Yeroodhuma xiqqoo booda fuulli isaa foddaa keessaan mul’achaa ture suni badee sagaleen kotteedhaan lafa dhidhiituu gaarii sana keessaa dhagahamuu eegale. Edaa Booksartu cabsee bahuuf yaalaa jira. Duraan ture dhiitichoo takkaan gaarii sana kan caccabsu. Maal godhukaa! Amma humni isaa akka durii sanaa miti. Yeroo muraasa booda, sagaleen

dhiitichoo sunis dadhabaa dhufee inumaayyuu bade. Beeyladoonnis homaa gamteefii jennaan faradoo lamaan gaarii sana harkisaa jiranitti watwaachuu eegalan. “Jaallan! Jaallan! Maaloo maaloo obboleessa keessan du’atti hin geessinaa!” jechuun itti lallaban. Garuu faradoonni doofaan lamaan suni, kan waanuma ta’aa jiruu adda baafatanii hubachuu hin dandeenye, gurra isaanii duubatti qeensanii saffisa isaanii ittuu dabalan. Fuulli Booksaris deebi’ee hin mul’anne. Barfateera! Beeyladooata keessaa tokko, osoo gaariin daandiitti hin bahin, karra ganda sanii isa guddicha cufuuf yaadullee, osoo homaa carraa hin argatin gaariin suni karra sana keessas lufee bade. Booksaris eega gaafa sanaatii takkaa argamee hin beeku.

Guyyaa sadiin booda ture, “Booksar yaalii jira jedhamu hundumaa eega laatameefii booda, Hoospitaala Ganda Wiiliingidan jiru keessatti du’aan boqoteera” jedhamuun kan himame. “Lubbuun isaa darbuun dura anis isuma biran achi hoospitaala ture,” jechuun oduu du’a Booksar sana himuu eegale Iskuwiilar.

“Haala baayyee garaa nyaachisaa, kan ani jiruu kiyya keessatti argee hin beekne ture,” jedhe Iskuwiilar luka isaa fuula duraa sana ol kaasee imimmaan ittiin haqachaa. “Lubbuun isaa darbuun dura sireedhuma isaa cinaan ture. Dhumarrattis, sagaleen isaa dadhabaatumaa, gaabbiin isaa guddaan Maddi Humna Bubbee xumuramuun dura du’aaf ta’uu isaa akka ta’e natti hime. ‘Jaallan, Adeemsi Keessan Gara Fuuladuraa! Qabsoon Itti Fufa. Gandi Beeyladooataa Bara Baraan Haa Jiraatu! Jaal Naappooliyoon Bara Baraan Haa Jiraatu! Naappooliyoon Yeroo Hundaa Sirriidha!’ jechuun gurratti natti ususe. Egaa Jaallan, ergaan Booksar dhumarratti dhaammate kana ture” jechuun dubbate Iskuwiilar.

Tasuma ammoo fuulli Iskuwiilar jijjiirame. Jidduudhaan callisuudhaan, ija isaa xixiqqoo sana asii fi achi dadarbachaa fuula beeyladoo qoo'ate haasaa isaa itti fufuudhaan dura.

Itti fufuudhaanis, “oduun gadheen waa'ee gaggeessaa Booksar ilaallatee oliif gadi deemaa ture tokko akka jiru bira gaheera. Beeyladoonni tokko tokko barreeffama ‘Mana Foon Fardaa’ jedhu gaarii san gubbaarraa dubbisuudhaan yaada Booksar qalamuuf ta’a jedhurra gahanii turan. Tokkoon keessaniyyuu haga kana doofaa taatu jedhee yaadee hin beekun ture,” jedhe Iskuwiilar oliif gadi jechaa fi eegee isaa mirmirsaa. “Bulchaa Keenya jaalatamaa, Jaal Naappooliyoon kana caalaa beektu jedheen isinirraa eege. Dhugaa dubbachuuf, waan haga kana hubachuuf rakkisaa ta’ee miti. Gaariin suni duraan abbaa qabeenyummaan isaa kan namicha foon gurguru tokkoot ture; eegasii ammoo ogeessa fayyaa beeyladoo yaaluun bitamee jira. Ogeessi fayyaa kunis barreeffama durii sana irraa balleessuuf yeroo osoo hin argatin hafe. Kanadha kan yaada dogongoraa sana uume,” jechuun goolabe Iskuwiilar.

Beeyladoonnis waan kana adda baafachuu danda’uu isaaniitti baayyee gammadan. Eega Iskuwiilar haala Booksar sa’aatii dhumaa isaa itti dabarsee fi kanfaltii qaala’aa Jaal Naappooliyoon shakkii tokko malee baasii gochuun ittiin yaalsisaa ture sana itti himeen booda, gaddi du’a jaala isaaniitiin itti dhagahamaa ture suni yaada “yoo xiqqaate gagammadaa fi jaalala argachaatuma du’e” jedhuun bakka bu’ee, boqonnaa sammuu argatan.

Dilbata itti aanus, Naappooliyoon walgahii ganamaa sanarratti argamuudhaan, kabaja Booksariif haasawa taasise. “Reeffa jaala keenyaa fidnee asitti awwaaluuf haalli nuuf hin mijanne; garuu

faaya bareedaan, kan siidaa awwaalcha Booksar gubbaa kaawwamu, akka tolfamuuf ajaja dabarseen jira,” jedhe Naappooliyoon. Itti aansuunis, dhaadannoowwan Booksar lamaan sana yaadachiisuudhaan haasawa isaa xumure: “Kana Caalaa Jabeesseen Hojjedha!” fi “Jaal Naappooliyoon Yeroo Hundaa Sirriidha!” isa jedhu sana. Kanas, beeyladoonni hunduu akka dhaadannoo ofiitti fudhachuu akka qaban hime.

Guyyaa affeerraan irbaataa addaa godhamuuf jiru tokko, wanti nyaata tolchuuf oolu hedduu fi qoraan hidhaa guddaa ta’u Ganda Wiiliingidan irraa fe’amuun gara mana Ganda Beeyladootaa keessa jiruu sanatti dhufe. Galgala sana, halkan keessaa gara sa’aatii shaniitti, sagalee dhiichisaa fi hookkaraa guddaatu sagalee burcuqqoo wal rurrukutuutiin makamee dhagahamaa ture. Gaafa itti aanus, hanga guyyaa keessaa gara sa’aatii jahaatti, booyyeewwan tokkollee mana san keessaa hin baane. Ganama sana, mana keessaa sagaleen shokoksaatillee hin dhagahamne. Sana booda ture, oduun “booyyeewwan qarshii bakka ta’ee fiduun dhugaatii alkoolii hedduu bitataniiru,” jedhu dubbatamuu kan eegale.

10

Waggootni hedduun ni darban. Barri dhufetuma darba; umriin beeyladooataa xiqqoon sunis inuma barrifata. Yeroon itti beeyladoonni hundinuu jiruun bara durii, inni Fincilaan duraa suni, maal fakkaata akka ture itti hin yaadannes ni dhufe – Kiloovar, Beenjaamiin, arraagessa Moosas jedhamu sanii, fi booyyeewwan muraasaan alatti jechuudha.

Muuriyeel duuteerti; Biluubeel, Jeesii fi Piincharis akkasuma. Obbo Joonsis du'eera – ganda biraa keessatti dhugaatiidhuma alkoolii saniin du'e jedhamee odeeffama. Innoobool dagatameera. Booksaris akkasuma – beeyladooataa duraan isa beekan muraasaan yoo ta'e malee. Kiloovar farda umriidhaan dulloomte taateerti – qaamni akka durii hin jiru; ijjis ishee rakkisuu eegaleera. Umrii sooramaatirra waggaa lama kan dabarte taatus, haga ammaa beeyladni soorama bahuuf carroome tokkollee hin jiru. Dubbiin 'kaloon wayii beeyladooata soorama bahaniif olkaawamuuf jira' jedhamaa ture sunis qaata hafe. Naappooliyoonis amma booyyee guddaa, kan kiiloogiraama 150 ulfaatu ta'eera. Iskuwiilar ammoo akka malee furdachuu isaatirraa kan ka'e ija saaqqachuunuu itti ulfaateera. Beenjaamiin qofa ture kan homaa hin jijjiiramne, gara mataa kana arrii xiqqoo baasuu fi eega Booksar du'ee as yaaddoo fi callisa baayyisuu isaatiin alatti.

Daballiin jiraattota ganda sanii haga duraan ni ta'a jedhamee eegame sanillee gahuu baatu, amma Ganda Beeyladooataa keessa uumaa gosa hedduutu jiraata. Beeyladoonni amma dhalatan, maatiin isaanii warra bara Fincilaa sana lubbuun ture osoo hin taane, warruma seenaa sana akka afoolaatti yeroo daddarbu

dhagahanii fi gariin isaanii ammoo kan bitamanii dhufan waan ta'aniif, baayyeen isaanii seenaa Fincilaa kana gaafuma ganda sana dhufan baratan. Amma ganda sana keessa, Kiloovariin alatti, faradoo sadiitu jiru. Faradon sadan kunis jaallan jajjaboo fi hojiis sirritti kan hojjatan yoo ta'an, beekumsatti garuu doofaadha. Tokkoon isaaniitillee qubee B darbaa qayyabachuu hin dandeenye. Waaa'ee Fincilaa fi Falaasama Beeyladummaa akkuma Kiloovar fa'aan itti himametti fudhatanii kan jiran ta'us (Kiloovar akka haadhaatti kabaju), maalummaa waan itti himamee sana hubachuun isaanii baayyee shakkisiisaadha.

Gandi Beeyladootaa amma dagaageera; kan duraaniirras haalaan qabamaadha: dabalataanis, dirree lamaan wayii Obbo Piilkiingitan irraa bituudhaan ofitti dabalataniiru. Ijaarsi Madda Humna Bubbee sunis yeroo dheeraa boodas ta'u dhumateera – manneen haaraa ijaaramaniin alatti maashiniin midhaan haamee calleessuu fi kan cidii tuulus ni jira. Obbo Wiimparis gaarii fardaa bitateera. Ijaarsi Madda Humna Bubbee guutummaatti xumuramus, akka duraan jedhametti elektirikii maddisiisuuf osoo hin taane boqqoolloo daakuuf ooluu eegale – kanaanis galii guddaa argamsiisaa jira. Beeyladoonnis, ammas Madda Humna Bubbee biraa ijaaruuf jabaatanii hojjetaa kan jiran yoo ta'u, gaafa kan lammataa kuni dhumatetti jenereetarri itti galfamuudhaan elektirikii maddisiisuuf ni oola jedhame. Garuu abjuun qananiidhaa kan duraan Isnoobooliin himamaa ture sun – waa'een ibsaa fi bishaan ho'aa elektirikiin hojjetuu fi akkasumas, waa'een torbanitti guyyaa sadi qofa hojjechuu – amma dagatamaniiru. “Abjuun akkasii kuni Falaasama Beeyladummaa wajjin wal hin simu” jechuudhaan Naappooliyoon yaadicha kuffise. “Gammachuun dhugaa, jabaatanii hojjechuu fi kan argatan qooduurraa qofa argama” jedha Naappooliyoon.

Gandi Beeyladooataa dagaagaa fi duroomaa kan dhufe ta'us, beeyladoonni garuu guddina kanarraa waa tokkollee argachuu hin dandeenye – sarootaa fi booyyeewwaniin alatti jechuudha. Tarii, garaagarummaan uumame kuni, waanuma booyyeewwanii fi saroonni baayyinaan beeyladooata kaawwanirra caalaniifis ta'uu mala. Akka Iskuwiilar yeroo hundaa himee hin dadhabnettis yoo ta'e, hojiin bulchiinsaa fi too'annaa ganda sanii dhuma hin qabu jedhama. Dalagaan kunniinis gosoota hojii kan beeyladoonni kaawwan hojjechuuf gahuumsa hin qabaanne akka ta'e himama. Fakkeenyaaf, akka Iskuwiilar himutti, booyyeewwan guyyaa hundumaa humna isaanii kan fixan wantoota beeyladooata kaawwan hubachuu hin dandeenye, kan akka *faayilii*, *gabaasa*, *ajandaa* fi *yaadannoo* jedhaman fa'arratti. “Faayiloonni kunis waraqoota hedduu barreeffamaan guutamuu qaban waliin kan dhufan yoo ta'u, akkuma guutamaniinis ammoo gubuun dirqama – kunis kan barbaachise nageenyaa fi badhaadhina ganda keenyaa mirkaneessuuf baayyee barbaachisaa waan ta'eefi,” jedha Iskuwiilar. Ta'us garuu, booyyeewwanii fi saroonni baayyina garmalee kan qabanii fi waa tokko kan hin oomishne ta'anii osoo jiranuu, yeroo hundaa akkuma quufanitti ture.

Beeyladooata kaawwaniif garuu jiruun akkuma dur beekan sana ta'e. Yeroo hundaa inuma beela'u; cidii gubbaa rafu; haroo keessaa dhugu; bona qorraan waxalamu; ganna ammoo tisiisaan nyaatamu; hojiirrattis dafqaatuma jiraatu. Isaan keessaa warri umriin fagoo ta'an, yaadannoo isaanii dimimmisaa'aa sana keessaa soquudhaan, jiruun bara fincila ganamaa suni (Obbo joonsi ari'amee baayyee osoo hin turin) isa ammaarra fooyyee qaba ture moo miti kan jedhu wal bira qabanii hubachuuf yaalu. Garuu waa tokko yaadachuu hin dandeenye. Waaanuma jiruu isa ammaa kana ittiin gulaalan dhaban: lakkoofsuma Iskuwiilar

kanaaf sana jedhee tarreessu, isa wanti hunduu fooyya'aatuma qofa deemaa akka jiru agarsiisu sanaan alatti waa biraa argachuu hin dandeenye. Beeyladoonnis gaaffiin kuni furmaata akka hin qabne hubatan; silas, yeroodhuma waan akkanaa baasanii itti buusanis hin qaban. Beenjaamiin jaarsicha sana qofa ture waan baroota dheeraa jiraate sana keessatti ta'e hundaa takka takkaan akka yaadatu kan dubbatu. "Jiruun keenya kana caalaa hammaatees, wayyaatees hin beeku; fuula duras hin jijjiiramu – beelli, gadadoo fi kufaatiin abaarsuma uumamaa kan jijjiiramuu hin dandeenyeedha," jedha Beenjaamiin.

Ta'us beeyladoonni gonkuma abdii kutatanii hin beekan. Hunda caalaa, jiraattota Ganda Beeyladooaa ta'uu isaaniitiin miirri ofitti boonummaa fi kabajni isaan ofiif qaban sekoondii tokkoofillee gadi hir'atee hin beeku. Biyya ingilaandi sana guutuu keessatti, ganda isaanii qofa kan beeyladoo ni ganda ofii itti bulchanii fi abbaa itti ta'an. Tokkoon isaanii, warri umriin xiqqoo ta'anii fi warri gandoota fagoo fi dhiyoo ta'an irraa dhufan illee, hiree isaanii kana ajaa'ibsiifachuutti hanqatanii hin beekan. Yeroo dhukaasni qawwee mandi'uu fi alaabaan magariisni suni fannoorratti mirmirfamu, onneen isaanii gammachuu daangaa hin qabneen guutama; haasofni godhamu hundumtis waa'eedhuma guyyaa gootummaa durii, ari'amuu Obbo joonsi, tumamuu Ajajawwan Torbanii, fi dirreewwan waraanaa seena qabeeyyii ilmaan namaa weerartoota ta'an suni itti salphifaman sanaati. Kaayyoon ganamaa suni tokkollee irraa hin maqamne. Biyyi Beeyladooaa, inni Meejariin raage, kan dirreen magariisaa Ingilaandi kotte ilma namaatiin irra hin dhaabatamne suni, ammallee ittuma amanama. "Guyyaa tokko inuma dhufa: dhiyootti ta'uu dhiisuu mala, inumaayyuu umrii beeyladoo amma lubbuun jirruu keessatti ta'uu dhiisuu mala; garuu inuma

dhufa” jedhu. Faaruun Beeyladooaa Ingilaandiyyuu asii fi achitti iccitiidhaan gumgumamaa jiraachuu hin oolu ta’a. Kan onnatee sagalee ol kaasuun faarfatu dhabamullee, beeyladooaa ganda sanaa martinuu faaruu sana akka beekan ifa. Jiruun isaanii ulfaataa fi waan abdatanii turan hundi hin milkoofneef ta’uu mala, garuu beeyladooaa ganda biraatirra wayyoo akka qaban inuma amanu. “Yoo beelofnes, sababni beela keenyaa ilmaan namaa abbootii irree ta’an sooruu keenyaa miti; hojiin ulfaatuu, yoo xiqqaate ofumaaf hojjenna. Uumaan luka lamaan deemu nu keessa hin jiru; beeyladni tokko isa biraatiin ‘Gooftaa’ jedhee hin waamu. Beeyladni hundinuu wal qixa” jedhu.

Guyyaa tokko, gara jalqaba waqtii gannaatirra, Iskuwiilar hoolotni akka isa hordofan ajajuudhaan gara dirree balfi itti gatamuu fi biqiltuuwwan reefu dhaabamaniin uwwifamee tokkotti isaan qajeelche. Guyyaa sana guutuu, akkuma Iskuwiilariin eegamanitti, baala sossogachaatumaa oolan. Iskuwiilaris galgala sanas gara manaatti kophaa isaa kan deebi’e yoo ta’u, qilleensa qabbanaa sana sababeeffachuudhaan, hoolotni achuma akka turan taasise. Isaanis torban tokko guutuu achumatti dabarsan; beeyladooaa biroos tana buutee isaanii waa tokko hin beekan ture. Iskuwiilaris guyyoota harka caalu hoolota san waliin kan dabarse yoo ta’u, “faaruu haaraa isaan barsiisaa waanin jiruuf, yeroo muraasaaf adda bahanii jiraachuun barbaachisaadha,” jedhe.

Akkuma hoolotni deebi’aniin ture, galgala haara galfii fi yeroo beeyladooaa hojii xumuranii gara mooraatti dacha’aniin, sagaleen fardaa inni sodaa guddaa of keessaa qabu mooraa duubaa kan dhagahame. Beeyladooaa rifaatuudhaan bakkuma jiranitti dhaabatan. Sagalee Kiloovar ture. Ammas ni iyyite;

beeyladoonnis gulufaa fi fiigaa gara sagaleen irraa dhagahame sanatti batattisan. Yeroo sana ture waan Kiloovar agarte kan argan.

Booyyee harka ol kaasee luka lama qofaan deemu argan.

Eeyyeen, Iskuwiilar ture. Waan sirritti itti hin barree fi qaamni isaas gabbataa ta'eef, xiqqoo sossodaachaatumaa, garuu ammoo waa takka osoo hin gatantarin, luka lamaan qe'ee keessa asiif achi jechaa jira. Yeruma muraasa boodas, mana qe'ee san jiru tokko keessaa gurmiin booyyeewwanii gadi yaa'an – hundi isaaniituu luka lama qofaan deemaa. Tokko tokko kaawwanirra bareechanii deeman; lamaan wayii ammoo waanuma uleen ittiin dhadhaabbatan wayii isaan barbaachisu fakkaatu; garuu, hundi isaanii akkuma namaatti luka lamaan saniin olumaa gadi jejjechaa oolan. Dhumarrattis, saroonni haala garmalee sodaachisaa ta'een dutaa fi handaaqqoon gurraachi sunis sagalee gurra waraanuun kuukkuluuwwuuuuuuwuu jechaa akkuma jiranitti, Naappooliyoon haala ajaa'ibsiisaa ta'een luka lamaanii dadambali'aa, ija of tuulummaa gamaa gamana darbachaa fi saroota isa eeganiin marfamee gadi bahe.

Alangee isaatis harkatti qabatee jira.

Callisa guddaatu uumame. Beeyladoonnis ajaa'ibsiifamaa, sodaadhaan guutamaa, fi wal-jala sesseenaatuma, gurmii booyyeewwanii qe'ee keessa naanna'aa turan sana daawwatu. Waanuma dhalate gara wallaalan. Sana booda ture rifannaan jalqabaa suni darbee, shororka sagalee sarootaatiin uumameen osoo hin moo'amin, amala waggoottan dheeraa darbaniif aadeffaman – kan waan fe'e yoo dhalate callisuu fi qeequu

dhiisuu – saniin osoo hin daangeffamin, sagaleen mormii wayii akka dhageessifamuu kan fakkaate. Battaluma sanatti ammoo, akkuma waan mallattoon ajajaa wayii itti agarsiifameetti, hoolonni sagalee gurra duuchuun akkasiin mar’achuu eegalan –

“Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama HUNDARRAA GAARII! Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama HUNDARRAA GAARII! Lukni Afur Gaarii, Lukni Lama HUNDARRAA GAARII!”

Daqiiqaa shaniif osoo addaan hin kutin itti fufan. Eega hoolonni mar’annaa isaanii dhaabaniin booda, gurmiin booyyeewwanii suni gara manaatti ol dacha’anii waan xumuraniif, yeroon beeyladoonni mormii itti dhageessisuu danda’an jala darbe.

Beenjaamiin, beeyladni wayii gara duubatiin funyaaniin yoo isa tuttuqu itti dhagahame. Ofirra garagalee ilaale. Kiloovar turte. Ijji ishii dulloomaan suni amma daran cufamaa ta’eera. Homaa osoo hin dubbatin, suuta jettee eegee isaa harkisaatuma, mooraa keessa, bakka Ajajootni Torban itti maxxanfaman sana geessite. Daqiiqaa tokko moo lamaaf achuma ijaajjanii qubeewwan halluu adiidhaan barreeffamanii dallaa gubbaa jiran sana ilaaluu itti fufan.

“Ijji tiyya na ganaat jirti,” jette dhumarratti Kiloovar. “Silas yeroodhuman ijoollee ture sanas barreeffama kana dubbisuu hin beekun ture. Garuu yoon ilaalu wantin amma argu kuni kan durii saniin adda fakkaata. Beenjaamiin, Ajajootni Torban kuni akkuma durii san jiru moo?”

Yeruma takkittii tanaafis ta’u Beenjaamiin amala isaa sana dhiisuuf murteessuudhaan waan dallaa sana gubbaarratti

barraa'ee jiru dubbiseef. Amma wanti biraa achi hin jiru, ajaja takkittii malee. Innis akkas jedha:

BEEYLADOONNI HUNDINUU WAL QIXA

*GARUU, BEEYLADOONNI TOKKO TOKKO BEEYLADOOTA
BIROO CAALAA WAL QIXA*

Sana booda guyyaa itti aanu, booyyeewwan dalagaa qonnaa too'atan hunduu, alangee harkatti qabatanii mul'achuun isaanii waan addaa ta'uun ni hafe. Booyyeewwan suni meeshaa gurratti kaawwatanii sirba ittiin dhaggeeffatan bitachuun; bilbila galfachuuf karoora baafachuun isaanii; fi gaazexaawwan *Jaan Buul*, *Tiit Biitsi*, fi *Deeyilii Miirar* jedhaman waqtii waqtiin bitachaa jiraachuun isaanii waan raajii ta'ee hin mul'anne. Naappooliyoon tamboo xuuxaa qe'ee keessatti mumul'achuun isaa 'maaltu dhalate?!' hin jechisiisne – sana qofa miti, yeroo booyyeewwan bullukkoo Obbo Joonsi fuudhanii ofirra kaa'an, yeroo Naappooliyoon mataan isaa kootii gurraacha fi surree gogaa irraa tolfame kaawwatee argamu, yeroo booyyeen Naappooliyoon hunda caalaa jaalatu takka uffata haati warraa Obbo Joonsi dur yeroo sirnaa uffattu tokkoon uwwifamtee mul'attu – kuni tokkollee waan gaaffii uumu ta'ee hin argamne.

Torban tokko booda, gara sa'aa boodaatirra, gaariin faradootaan harkifame hedduun gara lafa qonnaa geeffame. Edaa, bakka buutonni gandoota ollaa, daawwiidhaaf affeeramanii turan. Keessummoonni kunis, ganda sana keessa bakka hunda daawwachuudhaan, waan argan hundaaf dinqisiifannaa isaanii ibsatan – keessattuu ijaarsa Madda Humna Bubbeetiif. Yoo kuni ta'utti, beeyladoonni ammoo qonna keessaa aramaa buqqisaa

turan. Ija isaanii lafarraa osoo hin buqqisinii fi booyyeewwan ta'ii ilmaan namaa daawwiif dhufan sana keessaa eenyu daran sodaachuu akka qabaniyyuu gara wallaalaatuma hojii isaanii jabinaan itti fufan.

Galgala sana sagaleen kolfaa fi sirbaa ol ka'aa ta'e mana keessaa dhagahamuu eegale. Tasuma ammoo, sagalee wal makaa dhagahamaa tureen beeyladoonni gaaffiin itti uumame. Maaltu dhalateeti laata amma yeroo jalqabaatiif beeyladoonni fi ilmaan namaa wal qixxummaadhaan taa'anii kan taphatan? Hundi isaaniituu dhokataniiituma waan mana keessatti ta'aa jiru mimil'achuu eegalan.

Ni seenna moo hin seennu kan jedhurratti gara wallaalaatuma seensa qe'eetirratti dhaabatani hafa. Kiloovar dursitee ol seente. Haga mana bira gahanitti akka sagaleen isaanii hin dhagahamneef qubaan dhadhaabbachaa fi suuta jechaatuma deeman; beeyladoonni dhedheeroo ta'anis foddada kutaa nyaataa keessaan mimil'achuu eegalan. Achi keessa ture, teessoo dheeraa tokko marsuudhaan, namoonni jahaa fi booyyeewwan bebbeekamoo ta'an jahan wayii tataa'anii kan mul'atan. Naappooliyoon ammoo fuuladura hunda isaanii teessoo abbaa manaa gubbaa taa'a. Booyyeewwan hundinuu teessoo isaanii gubbaa bifa itti toleen akkuma taa'anitti jiru. Dursanii tapha kaardii wayii taphataa turanillee, amma dhugaatii wayiitiif addaan kutan. Okkoteen dhugaatii of keessaa qabu guddaan tokko naanna'aa kan ture yoo ta'u, burcuqqoon isaanii deebi'ee biiraadhaan guutameef. Tokkoon isaaniitillee beeyladooata foddarraan isaan laalaa jiran sana hin agarre.

Obbo Piilkiingitan, abbaan Ganda Fooksiwuud, burcuqqoo isaa harkatti qabatee teessoorraa ol ka'e. "Waan garaa koo keessaa takka dubbadheetan biiraa kana waan saniif dhugna," jedhe Obbo Piilkiingitan.

"Barri walii galtee fi wal amantaa dhabuu suni darbuu isaatti gammachuu guddaatu natti dhagahama," jedhe Obbo Piilkiingitan. Innii fi maamillan isaa itti amanuus baatan, "yeroo abbootiin qabeenyaa Ganda Beeyladooata ilmaan namaa ollaa ganda kanaa jiraataniin ija dalgaatiin itti ilaalamantu ture," jedhe. Yeroo beeyladoonni ilmaan namaatiin dhiibbaa hin malleef saaxilamantu ture jechuurraa garuu of qusate. "Wantootni gaabbisiisoo ta'an muudataniiru, ilaalchonni dogongoraatis facaafamaniiru. Akka waan gandi booyyeewwan abbaa itti ta'anii fi bulchan kuni waan aadmalee ta'ee fi gandoota ollaatiif balaa ta'eetti fakkeeffameera. Qotee bultoonni ilmaan namaa ta'an hedduun, qorannoo gahaa malee, 'Gandi Beeyladooata aadmalummaadhaan ni guutama' jedhanii odeessaniiru. Wanti Ganda Beeyladooata keessatti ta'u, beeyladooata gandoota ollaa keessa jirani fi ilmaan namaa biroo isaaniif hojjetanirrattillee jijjiirama hin barbaachisne ni uuma jedhanii sodaa hin taane keessa galaniiru. Amma garuu walshakkiin kuni hundinuu fashalaa'eera. Har'a anii fi maamillan kiyya ganda kana taakkuu hundumaa sirritti soqnee eega daawwannee booda maal hubanne seetan? Sirnoota ammayyaa'oo qofa osoo hin taane, naamusaa fi bulchiinsa jabaa qotee bultoota biyya hundaa jiraniif fakkeenya ta'u agarre. Beeyladoonni ganda kana keessa jiraatan, warri sadarkaa gadiitirra jiru, beeyladooata gandoota ollaa keessa jiran hunda caalaa hojjetu; nyaanni isaan argatanis ammoo kan beeyladoonni gandoota ollaa keessa jiran argatanii gadi. Dhugaa dubbachuuf, anii fi maamillan koo waan gallee gandoota

keeniyatti hojiirra oolchuu barbaadnu hedduu qayyabanne,” jechuun itti fufe Obbo Piilkiingitan.

“Amma haasawa kiyya xumuruun dura hariiroon gandoota keenya jidduu jiru miira ollooma gaariitiin bakka buufamuu isaa fi haaluma kanaan itti fufuu akka qabu irra deebi’ee isin yaadachiisuun barbaada. Kana booda, ilmaan namaa fi booyyeewwan jidduu wanti wal nu dhabsiisu jiraachuu hin qabu. Rakkoon keenya tokkuma. Humna hojjetootaa gahaa argachuudha mitii nu hundattuu rakkoo kan ta’e?” jedhe Obbo Piilkiingitan. Amma Obbo Piilkiingitan haasaa isaa keessa qoosaa qopheeffate takka buufachuuf akka jiru kan irraa mul’atu yoo ta’u, osoo hin dubbatin dura kolfi itti dhufee dubbachuu dadhabe. Kolfaan takka eega huhhudhamee fi ijjis isa boochee booda akkas jedhe: *“Isin beeyladooata sadarkaa gadi aanoo kan wajjin rakkattan akkuma qabdan, nutis namoota sadarkaa gadi aanoo qabna!”* Qoosaan inni dubbate kuni hunda isaaniituu kolfaan waccisiise; Obbo Piilkiingitanis irra deebiidhaan booyyeewwan bulchiinsa isaanii isa Ganda Beeyladooataa keessatti nyaata beeyladoonni sadarkaa gadi aanoo sooraman xiqqeessuu, sa’aatii dheeraa hojjechiisuu fi kunuunsa baayyee gadi bu’aa laachuudhaan milkaa’anirratti dinqisiifannaa isaa ibseef.

“Amma ammoo,” jedhe dhumarrattis, “hundi keessanuu yeroo tokko ol ka’aatii burcuqqoo keessan guuttadhaa. Kabajamtoota, dhugaatii marsaa kanaa waan kanaaf ol naaf kaasaa: *Badhaadhina Ganda Beeyladooataatiif!*” jechuun xumure Obbo Piilkiingitan.

Harka rukutta fi lafa dhiiticha kaka'uumsa guddaan guutametu dhagahame. Naappooliyoonis gammachuu fi ulfina guddaan guutamuudhaan, teessoo isaarraa ka'ee, osoo biiraa isaa hin fixin dura dhaqee burcuqqoo isaa kan Obbo Piilkiingitan wajjin wal rukuchiise. Akkuma harka rukuttaan suni gadi caameen, dhaabachaa kan ture, Naappooliyoon, innis waa dubbachuu akka barbaadu ibse.

Akkuma baratametti, haasaan Naappooliyoon gabaabaa fi waan jechuu barbaaderratti kan fuulleffate ture. “Anis, yeroon wal hubannaa dhabuu suni darbuu isaatti gammachuutu natti dhagahama. Yeroo dheeraadhaaf oduun gara garaa diinota keenyaan facaafamaniiru – anii fi maamillan kiyya akka waan gandoota ollaa keenyaa keessatti fincila kaasuuf jirruutti maqaballeessiin nurratti gaggeeffameera. Kuni waan gonkuma dhugaa tokko of keessaa qabu miti! Hawwiin keenya, kaleessas har’as, olloota keenya wajjin hariiroo diinagdee gaarii qabaachuudha. Gandin ani bulchuuf carraa boonsaa itti argadhe kuni, waldaa nuti gamtaan horanneedha. Waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa ganda kanaa, kan amma ana bira olkaawamu, akka agarsiisutti, gandi kuni kan booyyeewwan hundaati,” jedhe Naappooliyoon.

“Wal shakkiin akka duraanii ammallee ni jira jedhee hin yaadu; garuu hundumaafuu jijjiiramoonni adeemsaa gidduu kana ganda keenya keessatti taasifne hariiroo gandoota keenya jidduu jiru daranittuu ni jabeessa jedheen amana. Aadaa gadheen beeyladoonni ganda keenyaa ‘Jaal ebaluu’ jechaa ittiin wal waamaa turre sunis akka hafu ni taasifama. Aadaan gadheen biraa tokkos jira – kan torban torbaniin gaafa Dilbataa beeyladoonni hundi hiriiraan deemanii lafee mataa booyyee bira, isa dallaa gubbaatti fannifamee ture, kabaja agarsiisaa darban tokko. Kunis

kan hafu yoo ta’u, lafeen suni ammaayyuu awwaalameera,” jedhe Naappooliyoon. Keessummootni daawwiif dhufan sunis alaabaa magariisa fannoo gubbaarraa mirmirfamaa ture sana arguun isaanii hin oolle. Argan taanaan, asxaan inni duraan mallattoo kottee fi gaanfa beeyladaa ture suni irraa haqamuu isaa hubataniiru ta’a. Ammarraa kaasee asxaan suni baduudhaan alaabaan ganda sanaa halluu magariisa duwwaa akka ta’u murteeffame.

Naappooliyoonis itti fufuudhaan akkas jedhe; “Haasaa ajaa’ibaa Obbo Piilkiingitan taasise keessaa waa tokko qofatu naaf hin liqimfamin. Obbo Piilkiingitan haasaa isaa keessatti si’a baayyee ‘Ganda Beeyladooataa, Ganda Beeyladooataa’ yeroo jedhun dhagahe. Dhugaadha, anis waan kana reefu har’uman labsuuf jira waan ta’eef, Obbo Piilkiingitanirra hin laalu. Maqaan ‘Ganda Beeyladooataa’ jedhamu kuni har’arraa kaasee akka badu ta’eera. Ammarraa kaasee maqaan ganda kanaa maqaa isa dhugaa fi kan durii saniin ‘Ganda Maanoor’ jedhamuun kan waamamu ta’a.”

“Kabajamtoota, yeroo tokko lafaa ol kaanee waanuma duratti jedhame saniif haa dhugnu; garuu waa tokko ni jijjiirra. Burcuqqoo keessan haga dhuma gahutti itti guuttadhaa. Kabajamtoota, ani waan kanaaf haa dhugnu jedha: *Badhaadhinni Ganda Maanooriif!*” jechuun haasawa isaa goolabe Naappooliyoon.

Harka rukuttaa fi lafa dhiitichi akkuma durattii san ho’e; hundi isaanii dhugaatii harkaa qaban sana keessaa garagalchan. Garuu, beeyladooata waan ta’aa ture sana foddoo keessaan dhokatanii ilaalaa turan saniif, waanuma dhalatetu gara isaan wallaalchise. *Fuula booyyeewwan sanii maaltu akkas jijjiire? Ijji dulloomtuu*

Kiloovar sunis fuula tokkorraa gara fuula biraatti u'utaalte. Tokkoon tokkoon isaanii fuula shan qabu, kaawwan afur, kanneen biroo ammoo sadi. Garuu maaliidha akka waan baquu fi of jijjiiruu ta'aa kan jiru suni? Itti aansuunis, harka rukuttaan suni eega caamee booda, booyyeewwanii fi namoonni walgahanii jiran suni kaardii isaanii kaasuun tapha addaan kutanii turan sanatti deebi'an. Beeyladoonni dhokatanii ilaalaa turan sunis akkuma sagalee dhokfatanitti bakkasii deeman.

Garuu, meetiruma digdamayyuu osoo hin fagaatin ture kan deemsa isaanii dhaaban. Wacaa fi lola guddaatu mana keessaa dhagahame. Fiigaa ol deebi'uudhaan foddaa keessaan ilaaluutti dacha'an. Eeyyeen, hookkara guddaatu uumame. Walitti iyyiinsa, teessoo dhaanuu, ija aarii walitti babaasuu fi wal falmii jabaatu godhamaa jira. Maddi hookkara uumameetis wal dhabiinsa Naappooliyoon fi Obbo Piilkiingitan jidduutti tapha sanirratti uumame ta'uun barame.

Sagaleen aarii kudha lamaan isaanii biraayyuu dhagahamaa kan jiru yoo ta'u, hundi isaaniituu waluma fakkaatu. Amma wanti fuula booyyeewwanii irratti jijjiirame ifa ta'e. Beeyladoonni ala ijaajjan suni ija isaanii booyyee irraa namatti, nama irraayis booyyeetti darbatanii laalan. Garuu, kamtu kamiidha jedhanii adda baasuun akka hin danda'amnetti lamaanuu tokko ta'aniiru.